In partnership with Canada

PLAN INTERNATIONAL
Until we are all equal

MOJULII IJAARSA DANDEETTII HORDOFFII FI GAMAAGGAMAA



Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaa
Deggersa maallaqaa Gloobaal Afeyiris Kaanaadaa (GAC) irraa argameen piroojektii Sagalee fi Geggeesummaa Dubartootaatiin kan Qophaa'ee
Amajjii, 2016 A.L.I
Finfinnee, Itiyoophiyaa

MOJULII IJAARSA DANDEETTII HORDOFFII FI GAMAAGGAMAA

Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaa

Deggersa maallaqaa Gloobaal Afeyiris Kaanaadaa (GAC) irraa argameen piroojektii Sagalee fi Geggeesummaa Dubartootaatiin kan Qophaa'ee

Amajjii, 2016 A.L.I

Finfinnee, Itiyoophiyaa

Qopheessitoota Waliinii

Plaan Internashinaal Itiyoophiyaa, Garee Hoggansa Proojektii WVL

Plaan Internashinaal Kaanaadaa /CNO/ fi

Garee Ijoo Lenjistootaa fi Gorsitootaa (CTC)

Muluuqan Shifarraawu

Mihiret Balaay Dammaqaa

Gadaa Waaqayyoo

Zarihuun Kaasaa

Xibaabuu Akiloogi

Hayimaanoot Mulugeetaa

Gulaalaafi Hiikaa - Paangoo Dhaabbata Gorsaa

Graphic Design Agegnehu Alene

Galata

Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaa'n (PIE) galataa fi dinqisifannaa isaa miseensoota garee leenjistootaa fi goorsitoota ijoo (CTC) 'Hordoffii fi Gamaaggama' irratti hojjetanii fi garee hoggansaa piroojektii sagelee fi geggeesummaa dubartootaa akkasumas garee Plaan Internaashinaal Kaanaadaa kan qophee mojulii kanaa keessaatti tumsa godhaniif ibsuu barbaadaa. Dhaabbata Gloobaal Affeers Kaanaadaa (GAC) kan deggeersa maallaqaa qophii mojulii kanaaf taasiseef galatni addaa haa qaqqabu. Kana malees tumsi teeknikaa fi geggeessumaan Plaan Intarnaashinaal Kaanaadaa (CNO) fi gareen hoggansa pirojeektii adeemsa kana keessatti ture daran kan dinqiisiifatamu dha.

Miseensoota garee leenjistootaa fi gorsitoota ijoo 'Hordoffii fi Gamaaggamaa' kan ta'an kan keessoo fuulla haguuggii mojulii kanaa irratti caqasaman dhiphina yeroon utuu hin daanga'iin ijibbaataa fi carraaqii guddaan qophee mojulii kanaa yeroo qabameef kessatti waan xumuraniif aajaayibsifannaa fi galanni laphee irraa madde haa qaqqabuun.

Baafata

Galata 1

Seensa 5

Boqonnaa 1: Yaad-rimmeewwan Bu'uuraa fi HubannooHordooffii fi Gamaaggamaa 12

Kutaa 1: Hiikkoo Hordooffii fi Gamaaggamaa 12

Kutaa 2: Garaagarummaa Hordoffii fi Gamaaggamaa 14

Kutaa 3: Maree barbaachisummaa Hordoffii fi Gamaaggamaa 15

Kutaa 4: Hordoffii, Gamaaggama, Itti Gaafatamummaa fi Barnoota Feministii (Feminist Monitoring, Evaluation, Accountability and Learning - MEAL) 18

Boqonnaa 2: Hooggansa Bu'aa irrattii Hundaa'ee fiLoojikii Pirograamii/Piroojektii 22

Kutaa 1: Hooggansi bu'aa irratti hundaa'e maalii? 22

Kutaa 2: Tiwoorii Jijjiiramaa 25

Kutaa 3: Loojikaal Freemworkii/ Loog Freemii (Log Frame) 29

Kutaa 4: Ibsa Bu'aa SMART Bocuu 31

Boqonnaa 3: Safartuu Bocuu 33

Kutaa 1: Agarsiistuun Maalii? 33

Kutaa 2: Gosa Agarsiistuuwwanii 34

Kutaa 3: Sadarkaalee Agarsiistotaa 36

Kutaa 4: Agarsiistota Bocuu 37

Kutaa 4.1 Qaamolee Agarsiisaa Gaarii 37

Kutaa 4.2 Akkaataa Agarsiistota Qopheessuu 38

Kutaa 5: Hiika/Ibsa Agarsiisaa 39

Boqonnaa 4: Sassaabbii Ragaa Hordoffii fi Gamaaggamaa 41

Kutaa 1: Tooftaa Hangamtaa Beeksisuu 41

Kutaa 2: Maloota Sassaabbii Ragaa Hangamtaa Baratamo 42

Kutaa 2.1: FaayidaawwanMaloota Hangamtaa 42

Kutaa 2.2: Hanqina Maloota Hangamtaa 43

Kutaa 3: Saamuda Fudhachuu 43

Kutaa 3.1: Saamuddii Carraa irratti Hundaa'ee 44

Kutaa 3.1.1: Gosoota Saamuduu Carraa irratti Hundaa'ee 44

Kutaa 3.2: Saamuda carraa irratti hin hundoofne 46

Kutaa 3.2.1: Gosoota Saamuda Carraa Irratti Hin Hundoofnee 46

Kutaa 4: Sassaabbii Daataa Hangamtaa Sarveewwan fayyadamuun 48

Kutaa 4.1: Sarvee Wixineessuu 48

Kutaa 4.2: Sarveef Qormaata Duraa fi Yaalii Taasisuu 49

Kutaa 4.3: Sarvee Hojii irra olchuu 50

Kutaa 5: Tooftaa Akkamtaa fi Maloota isaa 52

Kutaa 5.1: Faayidaa Maloota Akkamtaa 52

Kutaa 5.2: Hanqina Maloota Akkamtaaa 53

Kutaa 5.3: Maloota Sassaabii Daataa Akkamtaa Baratamo 53

Kutaa 5.3.1: Af-Gaaffii 53

Kutaa 5.3.2: Maree Garee Xiyyeeffannoo 53

Boqonnaa 5: Daataa Xinxaluu fi Gabaasuu 55
Kutaa 1: Istaatistiksii Ibsituu 55
Kutaa 1.1: Goosata Istaatistiksii Ibsituu 56
Kutaa 2: Xiinxala Daataa Akkamtaa 56
Kutaa 2.1: Dhaawwata Xiinxala Daataa Akkamtaa 57
Kutaa 2.2: Tooftaalee Xiinxala Daataa Akkamtaa 57
Kutaa 3: Daataa Qulqulleessuu 57
Kutaa 3.1: Maddoota Dogoggora Daataa 58
Kutaa 3.2: Adeemsa Daataa Qulqulleessuu 58
Kutaa 4: Mul'isa Daataa 59
Kutaa 4.1: Mul'isa Daataa Bu'a Qabessa 59
Kutaa 4.2: Gosa Mul'isa Daataa Garaa Garaa 59
Kutaa 4.3: Gorsa Mul'isa Daataa irratti 60
Kutaa 5: Gabaasa 62
Kutaa 5.1: Gosoota Gabaasa Hordoffii fi Gamaaggamaa Baratamoo 63
Kutaa 5.2: Caasaa Bu'uuraa Gabaasa Hordoffii fi Gamaaggamaa 64
Boqonnaa 6: Hooggansa Beekumsaa 65
Kutaa 1: Beekumsaa fi Hooggansa Beekumsaa 65
Kutaa 1.1: Gosa Beekumsaa 66
Kutaa 1.2: Qaamolee Hooggansaa Beekumsaa Bu'a qabeessa Ta'ee 67
Kutaa 2: Hooggansa Beekumsaa Dhaabbata Dubartootaa keessatti hojiirra oolchuu 68
Kutaa 2.1: Barbaachisummaa Hooggansa Beekumsaa 68
Kutaa 2.2: Bulchiinsi Beekumsaa Akkamitti Hojjeta? 68
Kutaa 2.3: Hooggansa Beekumsaa Dhabbata Dubartootaa keessattiJalqabuu 69
Miiltoo A – UlaagaaleeOECD DAC 71
Miiltoo B – Sarvee Leenjii Duraa/Bodaa Ijaarsa Dandeetti Hordooffii fi Gamaaggamaa - Hirmaattootaaf 73
Miiltoo C – Ijaarsa Dandeettii Hordoffii fi Gamaaggamaa Qorannoo Leenjii Duraa/Boodaa – Qajeelfama Mijeessitootaa fi Furtuu Deebii 76
Miiltoo D: Uunka Dubdeebii Leenjii 80
Miiltoo E: Maaykroosoft Ekseelii (MS-Excel) Hordooffii fi Gamaaggamaaf 82

Seensa

Baraabaachisummaa Mojulichaa

Moojuuliin leenjii kun leenjii leenjistootaa hordoffii fi gamaaggama (H&G) piroojektii irratti qajeelchuuf kan qophaa'e dha. Mojulii kana Dhaabbata Durbartootaa (Dh.D.) Piroojektii Sagelee fi Geggeessummaa Dubartootaa irraa fandii fudhatan, akkasumas dhaabbata dubartootaa kan biroo leenjiisuuf dhaabbatni Plaan Internaashinaal Itiyoophiyaa adda durummaan kan itti fayyadamu ta'a.

Mojulii leenjii kanatti fayyadamuun bu'aalee armaan gaditti eeraman ni qabaata:

- Kenniinsa leenjii Hordoffii fi Gagamaggama sadarkaa isaa eeggate mirkaneessuuf
- Leenjii walfakkaataa ta'ee itti fufinsaan kennuuf
- Qaljeelcha leenjii qindeesitootaaf, akkasumas dhabbatoota dubartootaaf kennuuf

Toftaalee hordoffii fi gamaaggamaa sadarkaa isaa eggatee dhaabbatoota dubartootaa kessatti mirkaneessuuf:

- Beekumsa yaadrimeewwanii fi muxannoo gaarii H & G irratti qaban foyyeessuuf;
- Dandeettii isaan hammattuu fi meeshaawwan H & G piroojeektii fi prograamiwwan isaaniif qopheessuuf qaban cimsuuf;
- Dandeettii isaan hojiiwwan H & G raawwachuuf qaban cimsuuf;

H & G feministii piroojektii fi prograamiwwanii irrati ilaalchaa walii galaa akka qabaatanii fi keeessatti akka hammatan qajeelfamaa fi qajeeltoowwan barbaachisaa ta'an kennuuf

Hubannaa wal fakkataa ta'e

Akkaataa dhaabbatoonni dubartootaa Itiyoophiyaa keessatti argaman jijjiirama hordofuun gara bu'aa yaadame (yeroo tokko tokko immoo hin yaadmane) bira ga'uuf addemsa jiru ittin madaalan irrati hubannoo waliinii uumuu

Mojulichi yeroo leenjii leenjistootaa itti fayyadamuuf kan yaadame yoo ta'u, isaanis dabaree isaaniitiin dhaabbilee dubartootaa biroo fi hojjettoota isaanii yeroo leenjisan akka qajeelchituutti ni fayyadamu. Akkasumas dhaabbileen dubartootaa fi netwoorkiwwan miseensummaa dhaabbileen ijaaraman ofii dhimma itti ba'uu fi dhaabbilee biroo fi miseensota networkii isaaniif ittin leenjisuuf kan mojulichatti fayyadaman ta'a.

1.1 LeenjichaSaaquu

Step 1: Simannaa Hirmaattootaa fi mijeesitoonni gabaabaatti of beeksisuu;

Step 2: Wal baruu, fakkenyaaf taphoota gaggabaaboo fayyadamuun;

Step 3: Leenjicha irra waan eeganii fi seera leenjichaa addeessuu;

Step 4 Ajandaa fi kaayyoo leenjichaa dhiheessuu

Yeroo

- Daqiiqaa 30 – 45baay'ina hirmaattotaa irratti hundaa'uun

Meeshaalee Barbaachisan

- Kaardii Maree/ Moderation cards
- Maarkarii
- Ajandaa
- Filiip Chaartii
- Projektara
- Maxxansa Moojulii kanaa fi PPT isaa
- Plaastara
- Peennaa fi yaadannoo hirmaattotaaf
- Stiikariwwan
- Maqxuu/ Maqasii

1.2. Seeroota Maree

- Hiirmaannaa sirrii ta'e mirkaneessuuf akkasumas hirmaattootni leenjichatti akka of kennaniif, karaan inni filatamaan akka gocha duraatti gareen hirmaattotaa seera hirmaannaa isaanii akka wixineessan taasisuu dha.
- Hirmaatootni seerawwan barbaachisoodha jedhanii yaadan akka tarreesaniif gaafadha.
- Seerawwan filataman fliip chaartii irratti barreessaa
- Seeerawwan ofii kessanii akka hammatamuu qaban isinitti dhaagahamuu yoo jiraate itti dabalaa
- Haala hirmaachisaa ta'eeen kanneen armaan gadii filadhaa.
- Eegduu Yeroo,
- Gabaastoota cuunfaa leenjii/ maree fi
- Mijeesitootaa dammaqsituu.
- Calmaati akka mul'atuuf fliip chaartii fulduratti maxxansuu
- Seroota lenjichaa irratti erga wali galameen booda, mijeesituun/ mijeessaan sagantaa leenjichaa: - Guyyoota leenjiin kun kennamanitti Yeroo (sa'aatii) jalqabbii, Boqonnaa Shaayii fi bunaa, Laaqanaa, fi yeroo xumuraa beeksisuu qaba.

Fakkeenyoota Seeroota leenjii baratamoo ta'an:

- Al takkotti nama tokkotu dubbata.
- Dubbachuu yeroo barbaaddan harka keessan ol kaasaa.
- Dubbii namoota biroo sirriitti dhageefadhaa.
- Yaadoota namoota kan birootti qoosuu fi dorsiisuun dhorkaa dha
- Yeroo jalqabbii leenjii fi boqonnaa irraa itti deebi'amu kabajuu
- Wal kabajuu
- Prootokoolii COVID – 19 kabajuu (maaskii uffachuu, saanitaayizaraa harkaa irra deddeebiin fayyadamuu, faggeenyaa hawwaasaa eeguu)
- Sagalee Bilbila harkaa dhaamsuu yoookan Vibreeshinii irraa kaa'uu

- Bukkeetti walitti haasa'uun/ hasaasuun dhorkaa dha.
- Qajeeltoowwan seefgaardiingii (fkn. eegumsa ijoollee,qiisasama, miidhaa fi qoccoolloo saalaa irraa hambisuu) kabajuu

1.3 Wayitii leenjii mijeessuu

Kanneen armaan gadii dhaawaatota bu'uuraa mijeessitoota qajeelchan dha:

1. .Leenjicha yeroo kaa'ameefitti jalqabi
2. Hirmaattoota hundumaa simadhaa
3. Wayitii leenjii jalqabaa irratti, of beeksiisuu fi hirmaattoota wal barsiisuu
4. Ajandaa, kaayyooo fi seera ittin bulmaataa leenjichaa yaadachisii
5. Sagantaa leenjii beeksiisii.
6. Hirmaannaa jajjabeessi.
7. Hirmaattoonni akka of kennan taasisi.
8. Qabxiilee leenjii/ maree hundumaa irratti xumura kaa'ii darbii.
9. Mirgaa hirmaattoota hundumaa kabaji
10. Mata jabeessa hin ta'iin.
11. Bu'aalee wayitii leenjii fi hordoffiwaan barbaachisan cuunfii beeksiisii
12. Tokkoon tokkoon gochoota jalqabii wayita leenii irratti lakkoofsaan taa'anhirmaattootaan irra deebiin akka ilaalaman fi akka hojii manaatti wayitii leenjii boodasakka hojjetaman mirkaneessi.
13. Suura kaasuun barbaachisaa yoo ta'e eeyyama dursii gaafadhu/ hirmaatoonni unka eeyyamaa akka mallateessan mirkaneeffadhu

1.4 Sagantaa Leenjii

Sagantaan armaan gadii mata dureewwan H fi G guyyoota afur keessati uuwwisuuf kan akeekuu dha.

Guyyaa 1ffaa
Seensa
Kaayyoo: Galmaa fi kaayyoo leenjichaa hirmaatootaa fi mijeesitootaan irratti walii galame.
Qabiyyee: Mijeesitootni of beeksuu fi hirmaatootni wal baruu; galmaa barnootaa hirmaatootaa walitti qabuu fi galmeessuu; mata dureeewwan leenjichaa ibsuu; seera ittiin bulmaataa leenjii kaa'uu, Qormaata leenjiin-duraa taasisuu
Yaadrimeewwan bu'uuraa fi hubannoo Hordooffii fi Gamaaggamaa
Kaayyoo: H & G maal akka ta'ee fi giddu galeessummaa dhaawaatoota marsaa jireenya piroojiktii (Piroojektii wixineessuu fi karoorsuu irraa jalqabaee, Raawwii Piroojektii dabalatee, hordoffii, gabaasaa, gamaaggama, barnootaa fi xumura) hundumaa keessaatti qabu irratti hubannoo dabalataa uumuu.
Qabiyyee: H & G'n maaliidha, maaliif barbaachisaa ta'ee, garaagarummaa hordoffii fi gamaaggamaa, Hordoffii, Gamaaggama, itti gaafatamuummaa fi Barnoota Feministii (Femiist MEAL) beeksisuu

Hoggansa-bu'aa irratti Hundaa'ee (HBH)

Kaayyoo: Akkaataa hammattuu H fi G bu'a qabeessa ta'e fi sadarkaa qulqullinaa ol'aanaa qabu bu'eereeffamuu fi hogganamu irratti hubannoo dabaluu fi hiirmaatootni muxannoolee gaggaarii walii qooduu.

Qabiyyee: HBH beeksiisuu, bu'aalee

Cuunfaa guyyaa 1ffaa fi Goolaba

Guyyaa 2ffaa

Itti fufee Hoggansa-bu'aa irratti Hundaa'ee (HBH)

Kaayyoo: Akkaataa hammattuu H fi G fi agarsiistuuwwan bu'a qabeessa ta'anii fi sadarkaa qulqullinaa ol'aanaa qaban bu'eereeffamuu fi hogganamu irratti hubannoo dabaluu fi hiirmaattootni muxannoolee gaggaarii walii qooduu.

Qabiyyee: Yaadrimee Jijjiiramaa (Theory of Change), Fireemworkii Loojikii (Logical Frameworks), muxannoowwan gaggaarii hammattuu hordooffi fi gamaaggamaa wixineessuu irratti, qabiyyeewwan hammattuu H fi G sadarkaa isaa eeggatee.

Safarrii Hammattuu (Framework Measurement)

Kaayyoo: Hirmaattootni agarsiistuuwwan bu'a-qabeessa ta'an adda baasuu, uumuu(wixineessuu) fi hogganuu irratti ogummaa fi dandeetti isaanii cimsuu,

Qabiyyee: Sadaarkaalee fi gosawwan agarsiistuwwanii (Bakka bu'aa, hangamtaa (Quantitative), akkamtaa (Qualitative) fi yoom akka fayyadamuu qabnu, haal dureewwanii fi muxannoowwan gaarii agarsiistuu wixineessuu, haaloota wal-xaxoo safaruu (Ce'umsa koorniyaa, ilaalchoota, humnaa'uu)

Cuunfaa guyyaa 2ffaa fi Goolaba

Guyyaa 3ffaa

Sassaabii Daataa H & G: Tooftaalee Hangamtaa Beeksisuu

Kaayyoo: Toftaalee hangamtaa fi akkaataa isaan hordooffii fi gamaaggama keessatti hammataman irratti hubannoo dabalataa uumuu.

Qabiyyee: Hiikkoo, tooftaalee sassaabbii daataa hangamtaa baratamoo, faayidaa fi hanqina, tooftaan sirrii maluu akkamitti filtama, saamuda fudhachuu fi tooftaalee ittin samuudni fudhatamuu.

Sassaabbii daataa hangamtaa bifa sarveedhaan geggeessuu

Kaayyoo: Hubannoo qabatamaa fi muuxannoowwan gaarii sarvee hangamtaa geggeessuu irratti hubannnoo dabalataa

Qabiyyee: Sarvee bocuu, qormaata-duraa fi yaalii, sassaabbii daataa hojiirra oolchuu fi hoogganuu

Toftaalee Akkamtaa

Objective: Hojiirra oolmaa tooftaalee akkamtaa irrati hubannoo dabalataa uumuu

Content: Faayidaa fi hanqina tooftaalee akkamtaa; fakkenyoota kanneen akka Maree Garee Xiyyeeffannoo (Focus Group Discussion- FGDs) fi Af-gaaffii (interviews)

Xiinxala Daataa

Kaayyoo: Istaatistiksii Ibsituu (descrpriptive statistics) fi xiinxala ragaa akkamtaa irratti hubannoo dabalataa uumuu

Qabiyyee: Gosa Istaatistiksii Ibsituu(safartuuwwan Irra deddeebii/ 'measures of frequency' fi safartuuwwan amala giddu galeesummaa/ 'measures of central tendency'), goosoota dogoggora daataa (data errors), Dhawaataa fi tooftaalee xiinxala daataa akkamtaa

Cuunfaa guyyaa 3ffaa fi Goolaba

Guyyaa 4ffaa
Itti fufee Xiinxala Daataa **Kaayyoo:** Daataa qulleessuu irratti hubannoo dabalaa uumuu **Qabiyyee**: Adeemsa daataa qulleessuu
Mul'isa Daataaa (Data Visualization) **Kaayyoo:** Dandeettii hubannoo fi itti fayyadama daataalee guddisuuf, qajeeltoowwan fi teeknika mul'isa daataa wixineessu irratti hubannoo dabalataa uumuu. Qabiyyee: Mul'isa daataa bu'a qabeessa, gosawwani fi muuxannoo gaarii mul'isa daataa cimaa ta'eef (filannnoo gosa mul'isa daataa, salphina (simplicity), ibsituu kaa'uu (labelling), mata dureewwan, fayyadama haalluu, kkf.)
Gabaasa Hordoffii fi Gamaaggama keessatti **Kaayyoo:** Ga'ee gabaasni bu'aa agarsiisuu fi beeksiisuu keessatti irratti hubannoo dabalataa uumuu **Qabiyyee:** Goosoota gabaasaa H fi G'f fayyadamnu, caasaa bu'uuraa fi tarreefama gabaasaa
Hooggansa Beekumsaa (Knowledge Management) **Kaayyoo:** Hoggansa beekumsaa fi qabiyyee isaa, hojmaatni isaa maal fakkaata, dhaawata qabatamaa hooggansa beekumsaa dhaabbata dubartootaa keessatti jalqabuu fi hojiirra irra oolchuuf. **Qabiyyee:** Hiikkoo beekumsaa fi hooggansa beekumsaa, goosa beekumsa, qabiyyee hooggansa beekumsaa, barbaachisummaa hooggansa beekumsaa fi dhawaata qabatamaa hoggansa beekumsaa hojii irra oolchuuf
Miiltoo A fi Cuunfaa Guyyaa 4ffaa fi Goolaba Waliigalaa **Qormaata Leenjiin Boodaa** **Leenjiicha gamaaggamuu fi Xumura (Cufinsa)**

1.5 Wantoota Workshooppiin/ Moojuliin kun hin hammanne

- Tooftaalee, malawwan fi adeeemsa gamaaggama pirograamii/piroojektii keessa jiran gadi fageenyaan ibsuu
- Tooftaalee xiinxalaa, keessumaa xiinxala istaatiksii gadi fageenyaan ibsuu
- Leenjii mosaajiiwwan xiinxala istaatiksii (fkn. SPSS, STATA, kkf.)

1.6 Garee Xiyyeeffannoo

Workshooppin/ mojulli kun kan inni wixinaa'ee garee makaa (Hojjeettoota Pirograamii fi H & G) dhaabbilee dubartootaa Itiyoophiyaa keessatti argamanii, keessumaa kanneen miiltoowwan piroojektii sagaalee fi geeggeessummaa dubartootaa – Itiyophiyaa ta'aniifi. Leenjiin kun hirmaattootni beekumsa bu'uuraa hanga tokko Hoggansa bu'aa irratti hundaa'ee fi Siistamaa/ yaadrimee Hodooffii fi gamaaggama akka qaban ni tilmaama, haa ta'u malee, workshooppii kana irratti hirmaachuuf muxannoon Hordooffii fi Gamaaggamaa akka haal dureetti barbaachisaa mitii. Filannoon hojjeetoota dhaabbilee dubartootaa workshooppii kana irratti hirmaatanii kan inni giddu galeessa godhachuu qabuu: hirmaannaa walii galaa pirograamii/piroojektii wixineessuu kessatti qaban, guyyaata afuriif hirmaachuuf kan of kennan, dandeettii isaan hojjeetoota kan biroo leenjiin booda deggeeruuf qaban fi hirmaaannaa fi dhiibbaa isaan hojiiwwan hordooffii fi gamaaggamaa idilee yeroo yeroon dhaabbata isaanii keessatti taasifamu keessatti qaban (akka qabaatan eegamu).

1.7 Maloota Leenjii

Mijeesitootni malawwan lenjii ijoo afur yeroo turtii workshooppii Hordooffii fi gamaaggamaa kanatti akka fayyadaman ni gorfamu. Isaan kunis armaan gaditti ibsamaniiru.




Dhiiheessa (Presentation):Workshooppiin kun wal qunnamtii kan qabuu fi hirmaachisaa ta'uuf kan kaayyeefate dha, haa ta'uu malee wayitiiwwan baayyeen mijeessitootni yaadrimeewwan akka ibsanii fi odeeffannoo hirmaatootaaf akka kennan ni dirqamsiisuu, haalootni kunis dhiyyeessiif kan mijatanii dha. Haa ta'u malee, adeemsi dhiyeessii kun hamma danda'aameetti

Hirmaachisaata'uu qaba. Mijeessitootnis hirmaatootni yerooo dhiiheessaa fi yeroo gaaffii fi deebii xumuraa wayitiiwaniittigaaffii gaafachuu fi ilaalcha isaanii keennuuf yeroo ga'aa akka argatan mirkaneessuutu irra jira.



Hojii Garee:Wayitiiwwan hundumtuu hirmaatootni akka isaan waan baratan bifa qabataman hojiitti jijjiiran dandeessisuuf kan kaayyeeffatani dha. Hojiiwwan garees yaadoota ijoo, ogummaa fi tooftaaleee ibsaman shaakaluuf qamaa harkaa calmaa wayitiiwwan leenjii kanaa ni ta'u. Mijeessitooni yeroo hojii gareetti gareewwan gidduu adeemuun, adeemsa hojii garee ilaaluun, gaaffilee ka'an deebisuunii fi gareewwan kallati hojiichaa irraa yeroo maqan gara toraatti deebisuun, akkasumas hojiiwwan shaakala garee hirmaattootaa irratti duub-deebii keennuun ga'ee ijoo ni taphatau.



Gocha/shaakala: Karaan kan biroon barnoota gara hojiitijijjiiran shaakaloota dhuunfaan, cimdiin (lama -lama ta'uun) ykn gareen taasifaman kanneen akka taphootaa fi gochoota hirmaatootni beekumsa isaanii akka qoran dandeessisan dha. Fkn. Wayiitii leenjiin booda.



Maree hiriyaa waliinii:Malli leenjii ijoon tokko maree hiriyaa waliniitti fayyadamuu dha. Malli kun hirmaattotni muxannoo isaanii akka qoodaniif qofa utuu hin taanee, hirmaatoota kan biroo waliin waan baratan irratti yaada isaanii akka calaqqisiisan, hojilleen xumuruuf mirkaneessa akka kennaniifii, gaaffii gaafachuu fi yaada isaanii kennuuf carraa ni kennu. Shakkaloonni baay'eenis mala maree hiriyaa waliinii akka mala barnootaatti ni fayyadamu.

1.8 Ogummaa Mijeessuu

Ogummaawwan mijeessuu gaggaarii milkaa'ina Workshooppii,hordooffii fi gamaaggamaa kanaaf murteessoo dha. Ga'een ijoon mijeessitootaas barnoota qunnamtii qabuuf haala bilisa ta'e uumuu fi adeemsa hirmachistummaa hunda hammataa ta'ee geggeesuu dha. Ga'een mijeesitootaa namoota namootni maal akka godhan barsiisuu osoo hin taanee,furtuuwwan/meeshaawwan ittin ofii isaanii furmaata barbaadan kennuufii dha. Ogummaawwan armaan gadiitti tareeffaman workshooppii milkaa'aa ta'e mijeessuuf kanneen barbaachisan dha.

1. **Workshooppichaaf akka sirritti qophoofte mirkaneeffadhu.** Kunis meeshaalee barbaachiisan hunda qopheefachuu, itti fayyadama meeshalee kanaarrattis si'aawaa ta'uu, fi haalii loogistikii martii qindaa'uu mirkaneeffachuu.	2. **Hirmaattootaaf Dub-Deebii qajeelaa (positive) ta'ee kenniif.** Kana jechuunis Hirmaataan tokko deebii dogoggooraa yoo kennee, yaalii isaanii dinqiisiifachuun deebii sirrii akka argataniif gargaariin.
3. **Hirmaattoota ija laafeessa yookaan callisoo ta'aniif xiyyeeffannaa kenni.** Akka isaan dubbatanii fi hirmaataniif carraa uumiif. Haala gariichaa Ittii fufiinsaan to'achuun, akka barbaachisumma isaatti sirreefama godhii.	4. *Hirmaattootni waan atii dubbachaa jirtuu kesssoo isaanitt fakkii akka umuu fi akka ofiitti dhiyeessaniif fakkenya kenniif. Fakkeenya piroojktiiwwan ykn Pirograamoota dhaabbilee dubartootaa keessatti hirmaattee fayadami akkasumas hirmaatootnis fakkeenyaa wal qabataa akka kennaniif yeroodhaa garaa yerootti gaafadhu.*
5. **Qajeelfamoota gochaawwanii/ shaakalootaaf kennituu irratti ifa ta'i** akkasumas hirmaattoonnni yoo sirritti hin hubannee ifa taasiisiif. Yoo ammas hirmaattootni hin hubannee hojmaata kee jijjiirii.	6. ***Jijjiramaa of qopheessi.*** *Fayyadama yeroo gaarii qabaachuu barbaachisaa ta'uuyyuu, garee hirmaattootaa sirritti madaaluun dhimmoota hundumaa wayitichaaf ta'ee uwwisuuf kan kan si dhorku yoo ta'eellee saffisa kee akka isaaniif ta'utti sirreessii.*
7. Yeroo **hundumaa ijakee hirmaattoota kee irraa taasisii, iddoodhaa iddooti socho'ii akkasumas yeroo dubbattu haala ifa ta'een kallattiin hirmaattootatti dubbadhu.** Yeroo haasoftu yookan warri kaan haasa'an dugda kee gara fliip chaartiitti hin garagalchiin.	8. ***Dhaggeeffadhu!*** *Haasa godhamee keessumaa kan ati itti walii hin gallee mirkaneessii, ifa taasiisii, irra deebiin dubadhu (restate) akkasumas yaadake irratti calaqiisiii. Yeroo namootni akka oogeessa tokkotti gaaffii siif dhiyeessan, shaakala dursa hirmaattootni kan biroon yaada akka irratti kennaniif gaaficha gara guutummaa garichaattti dhiyeesuu qabaadhu.*

Boqonnaa 1 Yaad-rimmeewwan Bu'uuraa fi HubannooHordooffii fi Gamaaggamaa

Mata Duree Boqonnaa	Yad-rimmeewwan Bu'uuraa fi HubannooHordooffii fi Gamaaggamaa
Kutaalee	1. Hiikkoo Hordoffii fi Gamaaggamaa 2. Garaagarummaa Hordooffii fi Gaaaggamaa Monitoring and Evaluation 3. Maree Barbaachisummaa Hordooffii fi Gamaaggamaa irratti 4. Hordoffii, Gamaaggama, itti gaafatamuummaa fi Barnoota (HGIB) Feministii/ Feminist Monitoring, Evaluation, Accounability and Learning (MEAL) beeksisuu
Kaayyoo	Xumuara wayiitii kanaatti, hirmaatootni kanneen armaan gadii gochuu danda'uu: ■ Yaad-rimmewwan Hordooffii fi Gamaaggamaaf hiikkoo kennuu ■ Garaagarummaa hordoffii fi gamaaggamaa adda baasuu; ■ Barbachisummaa hordoffii fi gamaaggamni dhabbata isaanii fi projeektiwwan isaaniif qabu addeessuu; ■ HGIB Femnistii maal akka ta'ee, qajeeltoowwani isaa fi fayidaa isaa ibsuu
Meeshaalee Barbaachisan	Fliiip Chaartii, Maarkariiwwan, Pilaastarii (haphee), stiikarii, yaadannoo/ kaardii maxxantu, Maxxansa Moojulii, Piroojektara.
Maloota Leenjii	Hojii Garee, shaakala barnoota, hojii cimdii, maree hiriyaa waliinii

Seensa Wayitii

Hordooffii fi gamaaggamni yaad-rimee qaama wixinee (dizaayinii) pirooketii fi piroograammii hundumaati ("qabiyyee diraqamaati"). Hordooffii fi Gamaaggamni piroojektii fi piroograamii kamiifuu meeshaa to'annoo arjoomtootaan fe'amu miti akksumas waanta fayyadamuuf yookaan dhiisuuf filannu ("Filannoo yeroo jiraate garii ta'us") miti. Boqonnaan kun hordooffii fi gamaaggamaa akka walii galaatti abbuura, akkasumas yaad-rimeewwan horodoffi fi gamaaggama irrattti ibsa ni laata.

Gochawwan Wayitii

Wayiitiichi hirmaatootni cimdiidhaan ta'un hubannoo maalummaa hordooffii fi gamaaggamaa irratti qaban irratti mariyachuun qabxiilee maree isaanis hirmaattoota hundumaaf qooduun jalqaba. Hirmaattootni hundinuus erga deebii isaanii xumuranii booda, mijeesituu/saan hiikkoo mojuulii kana keessa jiruu isaan qooda. Isaani kana booda hubannoo gabaabaa yaad-rimicha irratti ni qabaatu. Wayitii ibsaa kanatti ansuunis, dhaawwatni lammaffaan hojii garee garaa garummaa hordooffii fi gamaaggamaa baruuf taasifamu dha. Dhawaatni dhumaa wayitii kanaas maree garee fi dhiiheessa hirmaattootni barbaachisummaa Hordooffii fi gamaaggamaa irratti taasiisan ta'a.

Kutaa 1: Hiikkoo Hordooffii fi Gamaaggamaa

Gocha 1

1. Hirmaattootni cimdiin ta'uun hubannoo jechoota "Hordoffii" fi "Gamaaggama" jedhaman irratti qa ban akka mari'ataniif gaafadhu.
2. Hirmaattooni waan cimdiin mariyatan akka qoodaniif gaafadhu (Lamman isaanii keessa namni tok ko dhiheessuu danda'a).
3. Waan cimdiiwwan hundumtuu qoodan yaadannoo maxxantuu irratti barreessuun flip chaartii irratti namni hundumtuu akka arguuf maxxani.
4. Hikkoo moojulii kana keessaa jirus isaaniif qoodii akkasumas deebii isaaniif hiikkoo moojulicha keessatti kenname walitii firoomsuuf yaali.

Yeroo Barbaachisu

- Daqiiqaa 15

Meeshaalee Barbaachisan

- Yaadannoo Maxxantuu fi Maarkariiwwan
- Hiikkoo H fi G mijjeesiittoonni dursanii flip chaartii irratti barreessan
- Fliip Chaartii yookaan Piroojektara

Kutaa 1.1 Hiikkoo Kennaman

Hordoffiin Maalii?–Dhaabbatni misooma hoggansaa Afrikaa Kibbaa (2007) akka hiikutti hordooffiin qaaama waliigalaa hoggansaa hojii guyyaa-guyyaanii yeroo ta'u, jijjiirama jiru kaayyoo/galma dura kaa'amee waliin wal bira qabuun madaala.

Hordoffiin adeemsa haala idilee ta'een ragaa walitti qabuu fi adeemsa gara kaayyoo pirograamii/ piroojektiitti jiru safaruu dha. Kunisdhiheessii leecalloo, hojiiwwaanii fi bu'aawwanii fi jijjiiramoota kaayyeefaman ilaalchsee sadarkaa piroojektii/ proograamiin irratti argamuu haala idileen hodofuu fi ta'annoo waliigalaa gochuuf gargaara.

Gamaaggamni maalii? - Dhaabbatni Waltahinsaa fi Missooma Awuroppa/OECD (2000a) Kusek fi Rist (200f) keessatti akka wabefatamaniitti, gamaaggaama jechuun haala qinda'aa fi miira irraa bilisa ta'en wixinee, raawwii fi bu'aawwan piroojektiiwwaanii, piroograamootaa fi imaammatoota hojii irra jiran yookaan xumuraman adeemsa itti madaalluu dha. Kunis barbaachisummaa fi milkaa'insa kaayyoowanii, raawwii qisaasama malee, bu'a qabeessummaa, jijiirama, walitti hidhamiinsa fi itti fufiinsa misoomaa murtiissuuf kan kaayyeefate dha. Gamaaggamni odeeffannoo amansisaa fi faayidaa-qabeessa ta'e kan kennuu fi barnootni argamanis adeemsa keenninsa murtiiwwan dhaabbilee fi arjoomtootaa keessatti akka hammatamu kan dandeessisu ta'uu qaba. Dimshaashattis, gamaaggamni madaallii qindaa'aa ciminaa fi laafina wixineee, raawwii fi bu'aawwan hojiile misoomaa adeemsa irra jiraanii yookaan xumuramaniiti. Walumaagalattis gamaaggamiwwan gosaawwan lamatti qoodamu:

- Gamaaggama Adeemsaa (Formative/ProcessEvaluation)–kan yeroo hojiirra olmaa piroojeektii geggeefamuu fi qulqullina raawwii, ga'umsa tarsiimooo madaaluu fi jijjiiramni maaliif akka milkaa'aa jiru yookaan milkaa'aa hin jirree kan qoratu dha.
- Gamaaggama Dimshaashaa (Summative Evaluation)–Kan erga piroojektiin xumuramee booda geggeefamuu fi jijjiiramnii fi dhibbaawwan yaadaman yookaan hin yaadamne irratti kan xiyyeefatuu dha. Walumaagalattis sababa bu'awwan argamanii kan qoratuu dha. Ulaagaleen gamaaggama dimshaashaa baratamoon ulgaalee 6'n OECD dhaan kennaman fakkii armaan gadii keessatti eeramaniiru.



OECD DAC (https://www.oecd.org/dac/evaluation/daccriteriaforevaluatingdevelopmentassistance.htm)

Kanaafis, hordooffii fi gamaaggamni garaagarumma qabaatan illee kan wal utubani dha. Jecha salphaadhaan, hordoffiin hojimaataa fi istaandaardii raawwii dursanii waliigaltee irra ga'ame hordofuu, raawwii fi galma ga'iinsa galmoota lamaan irratti adeemsa jiru sakatta'uu kan of keessatti hammate yoo ta'u, gamaaggamni ammoo hamma raawwii, galma ga'iinsa galmoota kaa'amanii fi dhiibbaa sababa bu'aa pirograamii, pirojektii ykn hojiilee misoomaa biroo xiinxala yookaan madaala.

Kutaa 2: Garaagarummaa Hordoffii fi Gamaaggamaa

Fakkeenya gaaffilee shaakala garaagarummaa horodooffii fi gamaaggamaatti irratti fayyadamnu

Uwwisa	Gaaffilee Hordoffii	Gaaffilee Gamaaggamaa
Bu'aa (Qodaa, tajaajila, Deliverables, Reach)	Namoota yookaan hawwaasa hagamiitu qaqqabame yookaan tajaalilame?	Qaqqabiinsii pirograamii hammam kan malu/ ga'aa ture?
	Lakkoofsii kaayyeeffame qaqqabameeraa?	Namoota sirrii bira geenyeerraa?
Adeemsa (Wixinee, Raawwii)	Piroograamichi haala kamiin hojjii irra oole?	Piroograamichi hagam haala gaariin hojii irra oole?
	Hojii irra oolmaan akkaataa wixinee fi ibsa (ispesifikeeshinii) dura taa'eetti dha?)	Hammam haala eegamuun hawwaasa qaqqabuuf rakkisaa ta'ee fi saaxilamoo ta'an qaqqabne?
Bu'aa (Jijjiramoota namoota yookaan hawwas irratti argaman)	Erga (akkasumas) hojiirra oolmaa (pirojektii/ prograamii maaltu jijjiirame?	Bu'aan argame hangam guddaa fi gatii qabeessa ture? Jireenya namootaa irratti jijjiirama dhugaa fidanii?
	Bu'aan galmoota waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu hangam jijjiirameera?	Bu'aan argame carraaqqii fi invastimantii argachuuf godhame ilaalcha keessa galchuun galmaan ga'uu kan malu turee?

Gocha 2

1. Gabatee armaan olii irraaa kaardii mareeamaloota/ gaaffiwwan hordoffii fi gamaaggamaaqabatan. Kaardiiwwan kanas walitti maki.
2. Hirmaattonnis kaardiiwwan kana secca'uun kana amala hordoffii ta'ee fi amala gamaaggamaa ta'e akka adda baasan gaafadhu. (adda baasuun)
3. tokkoon tokkoon amala hordoffii yookaan gamaaggamaaf akka oolutti kaardii akkaataa kanaan akka sassaaban gaafadhu. (Baayyiinni namootaa hedduu yoo ta'ee, garee adda addaa ijaaruun tuta kaardiiwwanii tokko tokko garee hundumaaf kenni).
4. Gareen kaardii isaanii erga secca'anii booda filannoo isaanii haa ibsan taasisi, bakka barbaachisaa ta'ettis haa sirreessan.
5. Gabatee armaan olii fi gabatee armaan gadii erga gareewwan hundi filannoo isaanii irratti ibsa ken nanii booda hirmaattotaaf dhiyeessi.

Yeroo Barbaachisu:

- Daqiiqaa 5 gochicha ibsuu fi meeshaalee barbaachisan kennuuf.
- Daqiiqaa 10garee hundaaf kaardiiwwan isaan akka secca'aniif.
- Daqiiqaa 10 deebii sirrii dhiheessuuf

Meeshaalee Barbaachisan:

- Tutooota kaardii maree haalluu garaagaraa
- Fliip Chaartii

	Hordoffii	Gamaaggama
Maaliif	Fooyya'iinsa sakatta'uuf, Galtee Murtoof, tarkaanfiiwwan sirreeffamaaf, Karoora piroojektii sirreessuuf, Ittigaafatamummaa mirkaneessuuf	Jijjiirama fi barbaachisummaa madaaluuf; barnooa fi yaada fooyya'iinsa karoora yeroo dheeraaf adda baasuuf, akka dhabbataatti irraa barachuuf, Itti gaa-fatamummaa kaa'uuf.
Yoom?	Yeroo hojii irra oolmaa piroojektii/ prograamii itti fufiinsaan	Yeroo kaa'ameefitti fi xumura piroojektii/ pro-graamiitti
Eenyun?	Qaama keessoo dhaabbataan, raawwattoota piroojektii/ prograamii	Qaama keessoo yookan qaama dhaabbataan alaan
Hidhata sadarkaa Loojikii waliin	Galteewwan, hojii, oomishaa fi bu'aalee yeroo gabaaboo irratti xiyyeefata	Bu'aaleee yeroo gidduu galeessaa fi yeroo dheeraa akkasumas galma piroojeektii walii galaa (Jijjirama waliigalaa) irratti xiyyeefata

Kutaa 3: Maree barbaachisummaa Hordoffii fi Gamaaggamaa

Gocha 3

Hirmaattootni gareen ta'uun gaafilee armaan gadii irratti barbaachisummaa hordoffii fi gamaaggamaa dhaabbata isaanii waliin wal qaabsiisuun akka mari'atanif gaafadhu.

1. Dhaabbata keenya keessatti maaltu hordofama, maaltuus gamaggamama?
2. Yoom barnoota arganna akksaumas ragaa irratti hundaa'uun murtoo kennina?
3. Sababoota hordooffii fi gamaaggamaa garaa garaa itti geggeesinu yaaduun, H fi G milkeessuuf maaliif qabeenyaa fi carraaqii guddaa baasna?
4. Bu'aalee yoo hin saffarre maaltu mudata?

Gocha garee kanatti aansun hirmaattootni kanneen armaan gadii akka godhaniif gaafadhu:

1. Gareen maal akka mari'atan akka dhiheessan (miseensi tokko dhiheessuu danda'a)
2. Miseensoonni garee kan biroo waan isaan dhiheessan irratti yaada akka kennan.

Yeroo barbaachisa

- Daqiiqaa 5 gochicha ibsuu fi meeshaalee barbaachisan kennuuf.
- Daqiiqaa 20gocha gareef
- Daqiiqaa 5garee tokkoof maree isaanii akka dhiheeessaniif

Meeshaalee Barbaachisan:


- Fliip Chaartii, maarkarii
- Yaadannoo maxxantu (sticky note)

Akka mijeessituu/saatti yaadannoo armaan gadi fayyadamuun waan dhihaatee irratti dabali.

Yaadannoo Mijeessitootaa:

H fi G Piilaan Internaashinaalii fi dhaabbatoota dubartootaaf sababoota armaan gadiif baayyeef barbaachisaa dha.

1. Piroograamoota keenya keessatti maaltu bu'a qabeessa akka ta'e baruuf: Wxinineen pirograamii fi keenninsi murtoo raga cimaa maaltu bu'a qabeessa akka ta'ee akka hin taane ibsuurratti hundaa'uu qaba.
2. Sababoota Naamusaa ('Ethical'): Muxannoo Kanaan duraa irraa barachuun dogogorri wal fakkataa gara fuulduraatti akka hin mudanne gochuun qarshii haala sirrii ta'een akkaa fayyadamnuuf.
3. Hawwaasaaf sagalee kennuuf: Hawwaasni nuun dukaa hojennu hojii nun hojjennuu fi waan hawwaasa isaanii irratti dhibbaan uuman ilaalchisee muuxannoo kalatti qabu. H fi G haala sirna qabeessa ta'een hawwaasa hirmaachisuun hojii keenya akkamitti foyyeessuu fi bu'aa caalmaa argamsiisuu akka dandeenyu akka ilaallu nu taasisa.
4. Cimmisa (sassaabbii) qabeenya cimsuuf: Haala sassabbii qabeenyaa dorgommiin isaa dabalaa deemuu keessatti, jijjirama fidne agarsiisuun barbaachisaa dha.
5. Jijjiirama sirnaa yeroo dheeraa irra gahuuf: Jijjirama keenya safaruu fi agarsiisuuf, ragaan qulqullina gaarii qabu hojii qophee pirograamii, dhibbaa uumuu fi abukaatummaa keenyaaf barbaachisaa dha.



Plan International Canada (https://plancanada.ca/monitoring-evaluation-and-research)

H fi G marsaa jireenyaa hoggansa pirojektii hunda keessatti ni raawwatama

- Sadarkaa Wixineetti (Design Stage), qophee yaadrimee jijjiiramaa fi moodelii logiikii yookaan freemworkii logiikii keessatti
- Sadarkaa Karooraa fi Jalqabbii (Planning and Start Up), qophee hammattu safartuu hojii (performance measurement framework) yookaan karoora H fi G keessattii fi qo'annoo sarara-ka'umsaa (beezlaayinii) geggeessuuf.
- Sadarkaa raawwii fi hordoffiitti (implementation and monitoring stage), qophee meeshaalee

sassaabbii ragaa fi sassaabbii ragaa agarsiistuuwwanii keessatti, kunis foyya'iinsii kalattii irra jiraachuu mirkaneessuuf akkasumas sirreefamni barbaachisa gochuuf, ragaa galtee murtoo gochuuf, arjoomtootaaf gabaasuuf yeroo barbaachisaa ta'ee qorannoo geggeessuuf

- Sadarkaa gamaaggamaa fi barnootaatti (evaluation and learning stage), gamaggama yeroo gidduu galeessa (midterm evaluation) geggeessuuf, barnoota argamanii kuusuu, qo'annoo sarara-dhumaa (endline) geggeessuu fi gamaggama xumurraa geggeesuuf.
- Imaammataa fi abukaatummaaf (policy and advocacy),bu'aalee gamaggamaa fi qorannoowwanii waliitti qabuun eeruuwwan qabatamoo fi baruumsa argaman qooda fudhattootaaf, qopheesitoota-imaammataa fi abukaatummaa raga irratti hundaa'ee geggeessuuf.

Maree Waliigalaa

Akka hirmaattoota waliigalaatti, qoormaatawwan Dhabbanni dubartootaa H fi G hojii irra olchuu keessatti isaan mudata irratti mari'adhaa. Fakkeenyoota qormaatawwan mudatanii armaan gaditti eeramaniiru:

- Akkaataa galma fi kaayyoo prograamii, uwwisa isaa fi gosawwan hojii hojjetamaniittii baasii dhibbantaa 10 hanga 20 tti bajataa waligalaa baassisuus, qabeenyi gahaan hordoffii fi gamaaggamaaf ramadamuu dhiisuu.
- Piroojektiiwwan karooraa fi dhawaata ifa ta'e bu'aa to'achuuf qabaachuu dhiisuu.
- Hojiiwwan hordoffii fi gamaaggamaa akkaataa hirmaannaa shamarranii fi dubartootaa bilisaa fi beekumsa irratti mirkaneessuun karooramuu fi raawwatamuu dhabuu.
- Hordoffii piroojektii yeroo raawwiitti pirooktii foyyeesuu fi murtoo wal qabatan dabarsuuf fayyadamuu dhabuu.
- Bu'aa tokko irraa argama qophee piroograamii kan biro gara fuulduraa fi murtoowwan wal qabatan dabarsuuf fayyadamuu dhabuu.
- Bu'aan hordoffii fi gamaggamaa haala idiliwaan fayyadamtoota pirojektiif qoodamuun irratti mari'atamuu dhabuu.
- Karoorri hordoffii gamaaggamaa yeroo tokko tokko hammattuu yaadrimeewwanii (conceptual Framework) ifaa fi sirrii ta'ee dhabuu.
- Piroograamii fi piroojektoonni baayyeen jijjirama sadarkaa dhuunfatti qofa safaruun kan sadarkaa hawwaasa walii galaa dhiisuu.
- Hojiiwwan misooma wal-xaxaa, seektara hedduu tuqanii fi qindoominaan hojjetaman keessatti akkaataa itti tarsimoon dhabbaataa bu'aa fi jijjiiramaaf gummachu muteessuuf rakkisaa ta'uu.
- Malootni staatistiksii sirrii ta'an yeroo baayyee hojiirra hin oolan.
- Ragaalee xiinxalamaniif hiikkoo sirrii laachuun yeroo baayyee ulfaata dha, kanaafis ga'umsa oolaanaa, ogeessaa fi bajata gaafachuu danda'a.

Kutaa 4: Hordoffii, Gamaaggama, Itti Gaafatamummaa fi Barnoota Feministii(Feminist Monitoring, Evaluation, Accountability and Learning - MEAL1)

Gocha 4

1. Hirmaattoonni garee 3-4 akka uumman gaafadhu.
2. Tokkon tokkon gareef waraqaa fliip chaartii fi markarii kenni.
3. Tokkon tokkon garee kanaas hubannoo isaanii H fi G Ceesis - Koorniyaa (Gender transformative) ta'e yookaan H fi G feemnistii irratti hubannoo qabanii fi maal jechuu akka ta'e gaafadhu.
4. Tokkon tokkon gareewwaniis waan irratti mariyatanii bareessanii akka dhiyeessan taasisiii.

Yeroo Barbaachisuu

- Daqiiqaa 25 maree dhaaf

Meeshaalee Barbaachisan

- Waraqaa Fliip chaartii fi maarkarii

Yaadannoo Mijeesitootaa

Hordoffiin Ceesis – Korniyaa (Gender Transformative) yookaan feministii

- Hirmaattootaa fi qooda fudhattoota dhalaa fi dhiiraa sadarkaa hundaatti ni hirmaachisaa;
- Yeroo karooraa fi xinxala riiskii sassaabbii ragaa geggeefamuutti dhimma koorniyaa ilaalcha keesa ni galcha.
- Ragaa saalaan, umuriin fi enyummaawwan barbaachisoo kan biraan qoodaman sassaabuu fi qindeessuu
- Hirmaannaa dubartootaa fi shamarranii hiika qabu hordoffi hojii keessatti ni mirkaneessa;
- Hojiiwwan dubartootaa fi shamarranii dukaa waloon ni wixineessaa;
- Meeshaalee sassaabbii ragaa dhimma dhuunfaa fi muxannoo akka hojii irra oolan ni mirkaneessa;
- Hojiwwan ga'umsa dubartootaa dabalan ni fayyadama.

Gamaaggamni Ceesis – Korniyaa (Gender Transformative) yookaan feministii

- Garaagarummaa bu'aa hirmaattoota dubartootaa fi dhiiraa madaaluu;
- Xiinxala koorniyaa bu'aawwaniif akksumas ariifachistooa jijjiiramaa fi danqaawwan korniyaa waliin wal qabataniif geggeesuuu
- Xiinxala dhibbaa enyummaawwan wal kiphanii geggeessuu (analysis of intersecting factors ofidentity);
- Malawwan akkamtaa fi hangamtaa qindoominaan fayyadamuun muuxannoowwan hirmaatootaa miira alaa (objective) fi miira irratti hundaa'e (subjective) galmeessuu.
- Sadarkaa fi jijjirama aangoo dhiirootaa fi dubartootaa, ijjoollee dhiiraa fi durbaa gidduu jiruu madaaluu (jechuunis jijjiirama gulantaa)

(adapted from: CanWaCH Building Capacity and Confidence in Gender Transformative Programming https://canwach.ca/wp-content/uploads/2020/12/CanWaCH-GETM_Module-3-Facilitators-Guide.pdf)

Oxfam Canada developed a Feminist Monitoring, Evaluation, Accountability and Learning (MEAL) Guidance Note that provides further detail about what feminist MEAL is and its guiding principles. The full Guidance Note can be accessed at: https://www.oxfam.ca/publication/guidance-note-on-feminist-meal/

1 Source: Oxfam Canada (2021). Feminist MEAL Guidance Note. https://www.oxfam.ca/publication/guidance-note-on-feminist-meal/

Hordoffii, Gamaaggama, Itti Gaafatamummaa fi Barnoota (HGIB) Feministii Maalii?

Hordoffii, Gamaaggama, Itti Gaafatamummaa fi Barnoota Feministii (Feminist MEAL)piroojektii sagalee fi geggeessummaa Dubartoota Itiyoophiyaa (WVL Ethiopia) jijiirama hariroo aangoo dhugaa baraada, kunis, hojiilee HGIB wixineessuu, hojii irra oolchuu fi gamaaggamuu keessati mirga dubartootaa fi dhabbatoota feministii barcuma geggeesumaa irra kaa'uu gaafata.

- HGIB Feminiistii hubannoo jijjiiramnitarkaanfataan hariiroo saalaa fi aangoo walxaxaa fi deemsa kalattii tokkoo kann hin qabnee ta'uu isaa irratti hundaa'a.
- Dhaabbileen waan akka ragaatti ilaalamu irratti haala adda ta'een akka yaadan ni taasisa; ragaan akkamitti akka galmaa'uu irratti daangawwan Kanaan dura turan ni siqsiisa; akkasumas eenyutu raga sanaaf hiikaa fi barbaachisummaa akka kennuu irratti gaaffii ni kaasa.
- Ofiin of bulchuu fi walabummaa michootaaf beekamtii kan kennu yoo ta'u, hariiroo itti gaafatamummaa waloo fi murtee waliinii kennuudhaaf kutannoo qaba.
- HGIB'ni dhaloota maddisiisa beekumsaakan hiika qabeessa ta'e, dhaqqabamaa fi warra sirritti qabaniif faayidaa qabeessa ta'a ni deggeruu qaba.
- HGIB feminiistii fudhachuun imala itti fufiinsa qabuu fi irra deddeebi'amuudha.
- HGIB Feminiistii ilaalcha feminiizimii irratti kan bu'uureffame yoo ta'u, kunis adeemsa barnoota, tumsa, hirmaannaa, hamma, hammatummaa fi deebii kennuu gara haalaa barbaadamuutti madaqee of keessaa kan qabu dha. Kana malees adeemsichi jijjiirama hawwaasummaa tarkaanfataa ta'ee jajjabeesuu qaba. Ilaalchi feminiistii akkaataa sanyiin, gitni, gosti, sabummaa fi amantiin itti walqixxummaa dhabuu fi loogii dubarttoota mudatan irratti dhiibbaa geessisan akka qoratamu ni jajjabeessa.

Oxfam's Seven Key Foundations to Feminist MEAL

1. HGIB Feminiistii Mala Adeemsaati: Adeemsi HGIB Feminiistii gochaan jalqaba. Jechuunis malicha hojii irrraa oolchuu fi hirmaannaan HGIB feminiistii keessatti godhamuu bifa aangoo ta'uu isaaf beekamtii kennuudhaan jalqaba. Innis waa'ee sagalee yeroo baay'ee hin dhaga'amne hammachuuti. Haalli HGIB itti hojjetu siyaasaan kan wal qabau dha; kanafis muuxannoon dhuunfaa, ilaalchi, fi amala namoota adeemsa kana keessatti hirmaatan (michoota keenyaa fi namoota waliin hojjennu) ejjennoo siyaasaa adda ta'eetti ni geggeessa. Loogii koorniyaa irratti hundaa'e saaxiluu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, eenyummaan wal-qaxxaamuraa akkamitti gareewwan adda ta'an caalaatti akka bakkeetti dhiibu hubachiisa. HGIB feministii tuuta meeshaalee addaa ta'anitti akka fayyadamnu hin ajaju, garuu ilaalcha haaraa akka waliigalaatti gara adeemsa HGIB dhufuu qabu dha _ kunis jalqabaa hanga dhumaatti (dizaayinii pirojektii irraa kaasee hanga bu'aatti), hojiilee hordoffii itti fufiinsa qabu, bu'uuraalee barumsaa fi gaaffilee dabalatee, itti gaafatamummaa hawaasummaa fi shaakala gamaaggamaa dabalata.
2. HGIB Feminiistii Qaama Guddaa Jijjiirama Hawaasummaati: Malli kun HGIB'n adeemsa birokraasii ykn adabbii dhuma sagantaa tokkoo irratti kaayyoo itti gaafatamummaa gara olii irratti hammatamu osoo hin taane akka qaama jijjiirama hawaasummaa guddaa tokkootti kaa'a. HGIB femiinsitii jijjiirama hariiroo saalaa fi aangoo walqixa hin taane keessatti dhufu galmeessuu fi hubachuus ni deeggara, kunis yeroo baayyee walxaxaa fi adeemsa kallattiin (sarar-tokkee) hin taane dha. Jijjiirama dabalaa deemu galmeeessuu, cichoomina bakka koo hin gadhisu jedhu, akkasumas deebii hamaa qaamoota jijjiirama hin barbaanne irraa dhufu akka agarsiistotahariiroo aangoo madaalawaa hin taane milkaa'inaan mormuutti xiyyeeffannoo ni kennaaf.
3. HGIB Feminiistii Angoo Gamaaggamaa Gara Hirmaattotaatti Geessa: HGIB Feminiistii jechuun abbummaa/ haadhummaa adeemsaalee pirograamii gara michoota fi hirmaattotaatti gessuu jechuudha. Haalli kun aangoo kan dabarsuu fi michootni, kan akka jaarmiyaalee dubartootaa, akka isaanhojiiwani maddisiisanii fi hojii iirra olchan akkasumas odeffannoo argamutti fayyadamuu keessatti teessoo geggeessummaa irra akka ta'aanii bakka ni kennaaf. Adeemsa HGIB feminstii keessatti,

michoonni fi hirmaattonni sadarkaa adeemsa HGIB hunda keessatti hirmaatu, kunis daataa walitti qabuu, xiinxaluu, barreessuu fi raga argame tamsaasuu irraa eegalee hanga kaka'umsa beekumsaa fi barumsaatti adeema. Oxfam Canada shaakala odeefannoo wayii secca'anii baasuu caalaa, ijaarsa dandeettii akka qaama HGIB Feminiistiitti isa guddaatti dursa ni kennaaf. Haala kanaan adeemsoonni hirmaattoota waliin odeeffannoo argamniif hiika kennuudhaaf yeroo kennuu qaba. Aangoo haala Kanaan dabarsuun/jijjiiruunargannoowwan irraa barumsa argachuu fiisattis fayyadamuu hunda caalaa barbaachisaadha taasisa jechuudha.

4. Gaheen Nama Gamaaggamaa Geggeessuu akka Haala Mijeessituu Hariiroo Aangoo Hubateeti: Gaheen nama gamaaggama geggeessuu HGIB Feminiistii keessatti 'ogeessa' hunda beeku irraa gara adeemsa walta'iinsaa humneessuu fi abbummaa/ haadhummaa hirmaattootaa keessatti hundee qabu mijeessuutti ce'a. Gaheen gamaaggamaa/tuu deeggarsa ogummaa kennuu, fi gaaffilee gamaaggamaaf gargaaran loojikii pirograamii, odeeffannoo hordoffii, fi adeemsa gamaaggamaa biroo irratti hundaa'uun kaasuu dha. Namni kunis walitti dhufeenya aangoorakkisoo ta'ani ykn miira tuquu danda'an hubachuu fi adeemsa kana kessatti ofi isaas ilaalaa fi madaalaa, sirrefamni yoo barbaachisees of sirreessaa adeemuu qaba.
5. Malli Kun Maddisiisa Beekumsaa Waloo Kan Haalan Wal Simeef Gatii ni Kenna:Malli HGIB femenistii beekumsa waloo dhaqqabamaa fi haala irratti hundaa'e kan maddisiisu yoo ta'u, karaaleen "beekuu" adda addaa akka jiran fi ilaalchi adda addaa kun adeemsa madaallii irratti hubannoo badhaadhaa, gadii fagoo fi adda addaa akka fidan ni hubata. Beekumsi waloo kun tooftaalee i walqixxummaa dhabuu aangoo fi koorniyaatti xumura gochuuf gargaaran ibsuu fi tarkaanfachiisuu keessatti giddugaleessa ta'uu qaba. Beekumsi waloo akka qabeenyaafi madda aangootti ilaalamuu qaba.
6. Malli Kun HojiiGamaaggamaaf Qajeelfama Barnootaa Kenna: Malli HGIB Feminiistii hojii fi adeemsa gamaaggamaa irratti xiyyeeffannaa barnoota argaman galmeessuu ni guddisa, barnoota pirograamii tarsimawaa ta'e kan abbummaa/ haadhummaa waloo sagantichaa cimsu, murtii ragaa irratti hundaa'e kan deeggaru, akkasumas beekumsa waloo kanwalqixxummaa koorniyaa fi mirga dubartootaa tarkaanfachiisuuf malawwan bu'a qabeessaa fi jijjiirama fidan ijaaruuf dursa kenna.

HGIBFeminiistii piraagraamingiiNageenya ('safety') eeguu fi'Miidhaa kamiyyuu hin Geessisiin' qajeeltoo jedhuun kan masakamu dha:HGIB Feminiistii ulaagaalee naamusaa fi nageenyaatiin kan qajeelfamu yoo ta'u, isaanis wiirtuu seera bu'uuraa "'Miidhaa kamiyyuu hin Geessisiin" jedhuun kan qajeelfamu yoo ta'u, kunis addattihojilee odeeffannoo walitti qabuu fi tamsaasuuf barbaachisaa dha. Keesumaayyuu,

- nageenyi hirmaattotaa fi nama HGIBgeggeessuu hunda caalaa waan ta'eef kun murtiiwwan kennaman qajeelchuu qaba;
- Rifaraalli gargaarsaaf salphaatti argamuu qabu, fakkeenyaaf gara tajaajila deeggarsa xiinsammuutti;
- hirmaattoota hundaaf odeffennoon ga'aan kennameefi heeyyamnii fedhii irratti hundaa'e gaafatamuu fi argatamuun mirkanaa'uu qaba;
- yeroo hunda iccitiin ni eegama;
- hirmaattonni gaaffiif deebii kennuu diduu ykn yeroo barbaadanitti adeemsicha addaan kutuuf mirga qabu;
- hirmaattonni daataa isaanii eessatti, yoom, akkamitti fi maaliif xiinxala fi itti fayyadama argannoowwaniif akka oolu hubachiifamuu qabu.

Gocha 5

1. Gareedhaan, akkaataa dhaabbati keessan mala hordoffii fi gamaaggamaa cimsuuncaalmaatti feministii ta'uu fi HGIB feminiistii hammachu danda'u, akkasumas qormaata mala feminiizimii fayyadamuun wal qabatanii uumaman fi tooftaalee riiskii (sodawwan) kana maksuun danda'amu irratti mari'adhaa.
2. Tokkoon tokkoon bu'uuraalee HGIB feminiistii torban keessaa haala qabatamaatiin ibsaa, akkasumas dhaabbatni keessan qajeelfama kana hojiirra yoo oolche/ite kun maal akka fakkaatu fakkeenya 1-2 kennaa.
3. (Hubachiisa mijeessitootaaf: Qajeeltoowwan hedduun waan jiraniif hirmaattonni garee xixiqqootti qoodamuu kan danda'an yoo ta'u, gareen tokkoon tokkoon isaanii qajeelfama tokkoof gaaffii armaan olii deebisuu ni danda'u)

Yeroo Barbaachisu

- Daqiiqaa 20 gareewwan gaaffilee armaan olii irratti akka mariyataniif
- Daqiiqaa 5 akka dhiyeessaniif

Meshaalee Barbaachisan

- Fliip Chaartii
- Yaadannoo Maxxantuu

Boqonnaa 2 Hooggansa Bu'aa irrattii Hundaa'ee fiLoojikii Pirograamii/Piroojektii

Mata Duree Boqonnaa	Hoggansa Bu'aa irrattii Hundaa'ee fiLoojikii Pirograamii/Piroojektii
Kutaalee	1. Hoggansa Bu'aa irratti Hundaa'ee (HBH) Beeksisuu 2. Ibsa, Hojii Garee fi dhiiheessii Yaadrimee Jijjiiramaa (Theory of Change) irratti 3. Ibsaa fi mareeLoogikaal Freemeworkii (loog freemii) irratti 4. Himoota bu'aa SMART ta'an bocuu
Kaayyoo	Xumuara wayiitii kanaatti, hirmaatootni kanneen armaan gadii gochuu danda'uu: ■ Jijjiirama bu'aa irratti hundaa'ee addeessuu fi akkamitti akka dhabbataa fi pirograamoota isaanii keessatti hojiirra oolchan agarsisuu; ■ Agarsiistuwwan, loog Freemii fi Bu'aawwan SMART ta'an qopheesuu; ■ Akamittiin ogummaa hordoffii fi gamaaggama argatan dhabbataa fi pirojeektiiwwan isaan keessatti akka hojiirra oolchan agarsiisuu; ■ Akkamittiin namoota biroo hordoffii fi gamaggama irratti akka leenjisan agarsiisuu
Meeshaalee Barbaachisan	Fliiip Chaartii, Maarkariiwwan, Pilaastarii (haphee), stiikarii, yaadannoo/ kaardii maxxantu, Maxxansa Moojulii, Piroojektara.
Maloota Leenjii	Hojii Garee, shaakala barnoota, hojii cimdii, maree hiriyaa waliinii

Seensa Wayitii

Boqonnaan kun yaadoota ijoo hoggansa bu'aa irratti hundaa'ee fi akkamitti pirograamiiwwan dhaabbata dubartootaa keessatti akka hojiirra olchinuu beeksisaa. Wayiitii kana hirmaattootaaf gaaffiiwwan armaan gadii irratti yaada akka kennan gochuun jalqabi.

- Hoggansa bu'aa irratti hundaa'e jechuun maalii?
- Faayidaanh hoggansa bu'aa irratti hundaa'e maal fa'ii?

Kutaa 1: Hooggansi bu'aa irratti hundaa'e maalii?

HBH tarsiimoo hoggansa pirojektii fi pirograamii xiyyeeffannoo galteewwan, hojiiwwanii fi adeemsawwan irratti godhamurra gara xiyyeefannoon bu'aalee barbaadaminiif akka kennama taasisa. Kunis kan ta'uu

- Kaayyooo ifa ta'een bocuuun galmoota (targets) xinxalla haala amma irratti hundaa'aan kaa'uun;
- Galmii fi bu'aan keenya haala sababa qabeessa (logical ta'een) hariiroo sababaa fi bu'aan akka walitti hidhaman mirkaneessuu
- Agarsiistuuwwan adeemsa gara galmaatti jiru safaran fayyadamuun bu'aan eegaman argamuu isaanii mirkaneessuu;
- Ragaa bu'aa irratti sassaabuun murtoo ragaa irratti hunda'ee kennuu fi qophee pirograamii fi abukaatummaaf galtee taasissuu.

HBH fayyadamuun maaliif? (Tooftaa kan biro maaliif hin fayyadamnu)

- HBH ilaalchi keenya hojiiwwanii fi oomisha argman irra darbuun bu'aawwan barbaadaman irratti akka xiyyeeffannu taasisa: jijiiramoota piroograamoota keenyaan dhufan yookan gumaachaman.
- Bu'aawwan eegamanii ifatti kaa'uun, xiinxala riiskii, ragaa oomishaa fi bu'aawwanii sassaabuun bu'aawwan eegaman irratti fooyya'iinnsa jiru yeroo hojii irra oolmaa yeroo yeroon madaaluun, sirrefama yeroo isaa eege gochuun, dhaabbatoonni pirojeektii fi pirograamiiwwan isaanii bu'aawwan misoomaa haala gaariin akka argatan taasisa.
- HBH akka agarsiistuu daandiitii, iddoo irra ga'uun barbaadamuu irratti akka xiyyeeffattu, eessa bira akka jirtu akka bektuu fi bakka ga'uumsa kee ga'uuf maal sirreessuu akka qabdu agarsiisa.
- HBH bu'aawwan haala gaariin beeksiisuu, galmawwann haala sirrii fi qabatamaa ta'een kaa'uu fi gamaaggamoota faayidaa qabeessa ta'an geggeessuuf gargaara.

Bu’aawwan Maalii?

Bu’aawwan jijjirama yookaan fooyya’iinsa ibsamuu fi safaramuu danda’an kan hariiroo sababaa fi bu’aa irraa argamani dha. Bu’aawwan jijjiirama piroojektiin tokko fidu dha.

Gocha 6

1. Fakkii armaan gadii fliip chaartii irratti kaasii yookaan piroojekara fayyadamuun agarsiisii



2. Hirmaattootnis fakkii armaan olii fayyadamuun dhuunfaadhaan jechoota armaan gadii taartiiba sirrii ta’een akka kaa’aaniif gaafadhu.
3. Bu’aawwan (outcomes), hojiiwwan (Activities), firiiwwan (outputs), Dhiibaa (Impact), Galteewwan (Inputs) Hirmaattoonis cancala bu’aa xumuramee akka qoodaniif gaafadhu, akkasumas deebii isaanii sadarakaalee cancala bu’aa garaa garaaf hiika kennuun akka ibsaniif gaafadhu.

Yeroo Barbaachisu

- Daqiiqaa 5 hirmaatootni hunduu gocha kana akka xumuraniif
- Daqiiqaa 10 mareef

Meeshaalee Barbaachisan

- Fliip chaartii yookan Piroojektara
- Maarkarii fi yaadannoo maxxantuu

Yaadannoo Mijeesitootaa



Galteewwan: Qabeenyawwan nu barbaachisanii fi pirojektoota keenya keessatti kan hojiirra oolchinu, kannen akka qabeenya maallaqaa, humna namaa, ykn qabeenya meeshaalee

Hojiilee: tarkaanfilee fudhannu yookan wantoota hojjennu. Kanneen akka gochaatti barreefman. Fakkeenyaaf misoomsuu, leenjisuu, qooduu.

Firiiwwan: Waan oomishnu, isaan kun bu’aawwan kalattii hojiileeti yeroo ta’an yeroo jireenya piroojektii keessatti akka argaman ofiitti amanamummaa guutuu kan irratti qabnu ta’u.

Bu’aawwan: Waantoota namoonni yookaan dhaabbattooni haala haaraan hojeechuu jalqaban – maaltu jijjiirame? Kunis beekumsa, oogumaa, amala, shaakala, qophee imaammattaa, kenniinsa murtoo, gocha hawwaasaa yookaan bu’a qabeesummaa fi gahumsa dhaabbataa ta’uu danda’a.

Dhiibbaa: dhiibbaa qajeelaa ta’ee jireenya ijoolle fi shamaranii irratti fidnu; nageenya, fayyaa, bu’aa barumsaa, badhaadhina, haala jireenyaa, bilisummaa, kabajaa dhala namaa fi kabaaa mirgoota namoomaa. Jijjiirama yeroo dheeraa fi itti fufiinsa qabu kan pirooktiin akka dhufu taasisuudha. Kunis piroojektii tokko caalaa kan bal’atuu fi piroojektiin tokko gumaacha keessatti qabaachuu danda’u dha.

Cancala bu'aa qabannee gara ooliitti yeroo deemnu, jechuunis galteewwan gara bitaarra jiran irraa gara jijjiirama gara mirgaatti jiranitti, sadarkaan to'annaa keenyaa hir'isaa adeema. Gara harka bitaatti sadarkaa to'annaa olaanaa qabna, galteewwan; hojiiwwan akkamii akka hojeechuu qabnuu fi akkamittii akka raawwannu akkasumas firiiwwan hojiiwwan kanarraa argaman haalaan to'achuun daneenya. Dhaabbatnni tokko yookan piroojektiin tokko bu'aawwan fi jijjiirama argamaniif itti gaafatamummaa guutuu fudhachuu hin danda'u. Dhaabbatoonni yookaan piroojektonni jijjiiramoota argamaniif ga'ee qooddattu2. Gama biraatiin sadarkaa jijjiiramatti dhiibbaa uumuu ykn gumaachuu qofa dandeenya, sababiin isaas asitti haalli nun keessatti hojjennuu ga'ee guddaa tapahata akkasumas jijjiiramni nuti irratti hojjechaa jirru yeroo baay'ee kan yeroo dheeraa, fi kan sirna waan ta'eef.

Gocha 7

1. Cimdiin ta'uun himoota armaan gadii dubibisaa, sana boodas sadarkaa cancala bu'aa sirrii ta'e waliin firromsaa.

Hima	Deebii
A) Miseensootni hawwaasaa miidhaa saala irratti hundaa'e akka beekanif dhorkan leenji'uu.	
B) Fooyya'iinsa fayyaa fi hawwaas-xinsammuu (psychosocial) shamarran ga'eesota ta'anii	
C) Beekumsi maatii haala kabaja mirga ijoollee irratti fooyya'uu	
D) Kunuunsitoonni sadarkaa duraa guddina ijoollee isaanii xixiqqoodhaaf gochaalee kunuunsa ijoo beekuu	
E) Qaamolee kunuunsa kunuunsa daa'imman waggaa shan gadii irratti warraaf kaarikulamii leenjii qopheessuu	

2. Deebii sirrii ta'e dhiyeessuun irratti mari'adhaa[3]

Yeroo Barbaachisuu

- Daqiiqaa 10 gocha kana xumuruuf
- Daqiiqaa 10 mareef

Meeshalee Barbaachisan

- Fliip Chaartii yookaan Piroojektara
- Maarkarii fi yaadannoo maxxantuu

2 Results-Based Management for International Assistance Programming at Global Affairs Canada: A How-to Guide, Second Edition, 2016

3 Deebii: A) Firiiwwan (outputs), B) Dhiibbaa (Impact), C) Bu'aawwan (outcomes), D) Bu'aawwan (outcomes), E) Hojiile (Activity)

Kuutaa 2: Tiwoorii Jijjiiramaa

Yaadannoo Mijeesitootaa

Tiwooriin Jijjiiramaa(ToC) akkamiti fi maaliif jijjiiramni barbaannu halla tokko keessatti akka dhufuuf eegamu ibsa bal'aa kan kennu dha. Xiyyeeffannaan akkamitii piroojkiin tokko hojii isaa akka raawwatuu fi kunis gara galma barbaadamuu milkeessuutti akka geessuu karaa kan agarsiisuu yookan riqicha ta'uun kan wal qabsiisuu dha. Kanas kan taasisu, jalqaba irrati galma yeroo dheraa barbaadaman adda baasuun gara kalattii boodaatti deemuun galmi kun akka dhuufuuf haalootaa fi tilmaamoota jiraachuu qaban adda baasuuni. Kunis maayii irratti 'Freemworkii Logiikii' kessatti wixineefamu. Adeemsa kana keessattis walitti hidhamiinsi hojilee irraa kaasee hanga galmoota yeroo dheeraa milkeessuutti jiran gutumaatti hubatamuu danda'u. Kunis karoora fi gamaaggama foyya'aa ta'etti nu geessa.


Pirojeektii fi haalootni keessatti hojii irra oolu geeddaramaa waan deemuuf, tiwoorii jijjiiramaa piroojektii yeroo hojiirra olmaa pirojektiitti irra deebi'uun ilaaluun barbaachisaa dha. Kunis sirreefama walirraa hin cinnee hoggansa piroojektii bu'aa irratti hundaa'ee kessa jiruu wajjin wal dubbisa: fooyya'iinsa jiru hordofuu, bu'aalee eegaman bu'aalee egaman wajjin madaaluu, barnoota fudhachuu fi sirreeffama akka barbaachisummaa isaatti fudhachuu ta'a.

Tiwoorii Jijjiiramaa fi Tilmaama

Tilmaama jechuun amantaa akkaataa itti addunyaan kun hojeettu nuti beeknees ta'ee utuu hin beekiin qabnu dha. Tiwoorii jijjiiramaa keessatti, tilmaamni haaloota murteessoo walitti hidhamiinsii tiwoorii jijjiirama keessa jiran akka eegamu akka ta'uuf jiraachuu qabani dha.

Tiwoorii Jijjiiramaa fi Tilmaama

Dhaabbatni Dhiimmoota Addunyaa Kaanaadaa (Global Affairs Canada) riiskiin dhiibbaa haaloonni hin mirkanaa'iin bu'aalee eegaman irratti qaban dha jechuun hiika. Tiiwoorii jijjiiramaa qopheessuun, riiskiiwwan bu'aa milkeessuu keessatti dhiibbaa qaban akka adda baasnu nu taasisa[4].
Tiwooriin jijiiramaa piroojektii Sagalee fi geggeessumaa dubartoota armaan gaditti akka fakkenyaatti kennameera.



Gocha8

Tiwooriin Jijjiiramaa maalii?

1. Garee 3 – 4 ijaarii
2. Yaada maqaa balleessii jeequmsa saalaa fi maatii (ykn pirojektii filannoo keetii kamiyyuu kan ati irratti hojjettu) ittisuu fi hir'isuu irratti dhihaateef yaada jijjiirama qopheessi. Tokkoon tokkoon garee keessatti hirmaattonni tarkaanfiiwwan armaan gadii dubbisuun adeemsa armaan gaditti ibsame hordofuu qabu:


4 Results-Based Management for International Assistance Programming at Global Affairs Canada: A How-to Guide, Second Edition, 2016

Tarkaanfii 1: Galma Yeroo Dheeraa adda baasuu

Tarkaanfii kana keessatti galma yeroo dheeraa pirojektii filannoo keessanii ykn pirojektii armaan olitti yaadame irratti mari'adhaa irratti walii galuu. Bu'aa gaarii fi ifa ta'e irratti hirmaattota hunda gidduutti waliigaltee jiraachuun barbaachisaa dha. Tiwooriin Jijjiiramaa guutuun galma yeroo dheeraa kana irratti waan hundaa'uuf galma ifa ta'e irratti waliigaltee uumuun murteessaadha.

Fakkeenya galma yeroo dheeraa: 1.1.
Itiyoophiyaa keessatti namoota miidhaa saalaa fi mana keessa irraa hafan, keessumaa dubartootaaf badhaadhina dinagdee fooyya'aa.

Tarkaanfii 2: Galma sana Galma Ga'uuf Haalota Duraa/domeenii Jijjiirama Barbaachisan Adda Baasuuf 'Backward Mapping' gaggeessuu



Galmi kun erga adda baafamee booda galmi kun galma ga'uuf haal-duree maaltu jiraachuu akka qabu irratti mari'adhaa. Pirojektii armaan olii ilaalchisee haal-duree sadii adda baafamaniiru.

Dubartoonni "Badhaadhina Diinagdee Yeroo Dheeraa" akka qabaataniif, namoonni lubbuun hafan dandeettii dandamachuu argachuu qabu; namoonni lubbuun hafan hojii aadaa hin taane irratti dandeettii gabaaf dhiyaatu qabaachuu qabu; akkasumas namoonni lubbuun hafan amala bakka hojii sirrii ta'e beekuu fi qabaachuu qabu.


Galma Yeroo Dheeraa

Itiyoophiyaa keessatti namoota miidhaa saalaa fi mana keessaa irraa hafan, keessumaa dubartootaaf badhaadhina dinagdee fooyya'aa ta'e

Namoonni lubbuun hafan dandeettii dandamachuu argatu	Namoonni lubbuun hafan hojii idilee hin taane irratti dandeettii gabaaf dhiyaatu qabu	Namoonni lubbuun hafan amala bakka hojii sirrii ta'e beeku, ni qabu

Diagram adapted from Act Knowledge and the Aspen Institute Roundtable on Community Change (2004)

Adeemsi haal-duree adda baasuu kun (kanneen bu'aa bocuuf itti fayyadaman) hanga karaaleen jijjiirama dhumaa (galma) geessu ta'uu danda'an hundi adda baafamanitti itti fufa. Kunis 'karaa bu'aa' kan jedhamu yoo ta'u, dhangala'aan loojikii bu'aa yeroo gabaabaa, gidduugaleessaa fi yeroo dheeraa gidduu jiru walitti hidhamiinsa sababa-qabeessaatiin kan walqabatudha. Fakkeenyi haalawwan dursaa bifa giraafikiitiin adda baasuu fakkii armaan olii fakkaachuu danda'a. Tarkaanfii kana keessatti tilmaamaafi sababoota haal-dureewwan duraa qulqulleessi. Galma armaan olii kanaaf tilmaamni:



Tilmaama A: Hojiin hojii dubartootaaf hojjetamu kan aadaa hin taane, kan akka elektirikii, pilaanii, hojii mukaa fi bulchiinsa gamoo mindaa walfakkaatu kaffaluuf carraa guddaa kan qabuu fi waldaa hojjettootaa ta'uu fi wabii hojii kan kennu ta'uu isaati. Hojiiwwan kunneen tokko tokkos sadarkaa sochii olka'aa, leenjii irraa kaasee hanga masteritti, hojjettoota sadarkaa jalqabaa egeree hojii ni kennu.


Tilmaama B: Hojjechiistonni hojiiwwan akka aadaa dhiirotaan hojjetaman irratti dubartoota qacaruuf fedhii qabu. Kunis, hojjechiistonni (fi maamiltoonni isaanii) ogeessa elektirikii dubartii ta'e waliin mijataa dha.

Haala duree 'Namoonni lubbuun hafan dandeettii dandamachuu argatu' jedhuuf tilmaamni ture:

Tilmaama C: Dubartoonni miidhaa irra gahe ogummaa qofa osoo hin taane, hojiidhaafis miiraan qophaa'uu qabu. Tilmaamni kun pirojektichi sagantaalee leenjii hojii aadaa irraa maaliif fi akkamitti akka adda ta'e ifa godha, i.e., deeggarsa xiinsammuu addaa maamiltoota jalqabbii kanaaf barbaachisu.

Haala duree ‘Namoonni lubbuun hafan hojii aadaa hin taane irratti dandeettii gabaaf dhiyaatu qabu

Tilmaama D: Dubartoonni ogummaa aadaa hin taane barachuu fi gabaa keessatti dorgomuuf fedhii fi dandeettii qabu.



Bu’aan tokko tokko galma yeroo dheeraa galmaan ga’uuf kanneen biroo caalaa murteessaadha. Fakkeenyaaf, jijjiiramni ilaalcha hojjechiistonni dubartoota qacaruuf qaban bu’aa dubartoonni gorsa hiriyaa hiriyaa irratti hirmaatan caalaa galma ga’iinsa hojii yeroo dheeraa dubartootaaf murteessaadha. Bu’aan biroo yeroo gabaabaa keessatti galmaan ga’uun salphaa ta’uu danda’a (fakkeenyaaf, dubartoonni dandeettii qacaramuu argachuun hawaasa abbaa manaa keessatti yaada aadaa gara dubartoota dinagdeen bilisa ta’anitti jijjiiruu caalaa galmaan ga’uun salphaa ta’uu danda’a).




Tokkoon tokkoon garee halluu adda addaa fayyadamuun istikaara adda addaa fayyadamuun tartiiba barbaachisummaa bu’aa isaaniitiin kaa’uu danda’a ykn furdina xiyyawwan/ sararoota bu’aa walqunnamsiisan garaagarummaa uumuu fi/ykn halluu, boca fi guddina saanduqawwanii garaagarummaa gochuudhaan yoo gareewwan hojii isaanii kompiitara irratti hojjetan.

Tarkaanfii 3: Hojiilee adda baasuu

Gareen tokkoon tokkoon isaanii amma bu’uura jijjiirama isaanii mul’ataan erga bakka bu’anii booda (walitti dhufeenyi bu’aa/haala duraa gidduu jiru hunda adda baafamee booda), gareen gidduu-galummaawwan irratti xiyyeeffachuu qaba. Giddu-galli hojiiwwan sagantichi jijjiirama fiduuf irratti bobba’uudha. Giddu-galli kun qooda fudhattoonni bu’aa barbaadan galmaan ga’uuf maal gochuuf akka deeman ibsu. Pirojektii armaan olii keessatti gidduu-galummaawwan yaadaman keessaa muraasnicommunity outreach campaigns;

1. sakatta’iinsa;
2. walgahii gorsaa diriirsuu;
3. gorsa iccitii tokko tokkoon kennuu;
4. kaarikulamii pilaambaa, suphaa gamoo mukaa fi kkf qopheessuu;
5. qacartoota ta’uu danda’an adda baasuu;
6. kuusaa ragaa hojjechiistotaa uumuu;
7. dubartoota leenjii hojii waliin walsimsiisuu;
8. dubartoonni hojii dhaabbataa akka argatan gargaaruu.



Tarkaanfii 4: Seenaa Barreessuu

Tarkaanfiin dhumaa wixinee barreeffama kutaa mul'ataa Tiyoorii Jijjiirama (TOC) waliin deemudha. Seenaan kun ibsa bal'aa sagantichaati. Seenaan gaariin seenaa jalqabbii sanaa gabaabsee ibsa. Jalqabarraa kaasee duubbee fi galmoota maaliif akka barbaachisoo ta'anii fi akkamitti gidduu seentoonni (ykn sochiiwwan) jalqabbii tilmaama tilmaama keessa galchuun galmoota galmaan ga'an ibsuudhaan jalqaba.

Qaamooa Seeneessaa

Duurduubee: Haala fi fedhii jiruu ibsuu
Galma Yeroo Dheeraa: Bu'aa dhumaa barbaadamu
Bu'aa/ Haalduree: Ibsa galmootaa fi akkamitti galmoonni kun ofii isaaniitifis ta'e galmoota yeroo dheeraaf barbaachisoo akka ta'an ibsuu
Tilmaamaa fi Sababoota: Dhugaawwanii fi sababoota amala hojii sana duuba jiran
Hojiiwwan: hojiiwaan fi pirograamoota

Tip! Diyaagirama Tiwoorii jijjiiramaa agarsiisuuf bifa caaseffama tokko qabu hin jiru. Dhaabbata tokko irraa gara dhaabbata biraatti fi pirojektii tokko irraa gara kan biraatti garaagarummaa qabaachuu danda'a. Diyaagirama salphaa ykn walxaxaa ta'uu danda'a.

Dhiyeessii hojii garee qopheessuu.

Yeroo Barbaachisu

- Yeroo Hojii Gareee: Daqiiqaa 80
- Dhiyyeesii: Daqiiqaa 40

Meshaalee Barrbaachisan

- Fliip Chaartii
- Maarkarrii
- Yaadannoo Maxxantuu

Kutaa 3: Loojikaal Freemworkii/ Loog Freemii (Log Frame)


Yaadannoo Mijeesiteetootaa

Giddu-galeessa (pirojektoota, sagantaalee) dizaayinii, hordofuu fi madaaluuf freemworkii murtaa'an ni fayyadamu. Kaayyoo pirojektichaa ykn sagantichaa ibsuun bu'aawwan sadarkaa adda addaatti karoorfaman gidduutti hariiroo sababa-qabeessa tilmaamame ni hundeessu.

Loojikaal Freemwoork Apiroochiin (LFA) mala karooraa fi bulchiinsa tarsiimoo irra caalaa pirojektoota misoomaa dizaayinii, hordoffii fi madaaluuf itti fayyadamudha. M&E bu'a qabeessa ta'uuf, bu'aa akkamiitiin madaaluuf ykn adeemsa hordofuuf akka barbaannu ifa ta'uu isaa mirkaneessuuf dizaayinii akka gaariitti yaadamee fi odeeffannoo qabu qabaachuun murteessaadha. Yeroo adeemsi dizaayinii gahaa hin taane, sana booda dandeettiin M&E adeemsa hordofuu fi bu'aa safaruu balaadhaaf saaxilama. Bu'aan isaa maal akka ta'e yoo beekne malee, fi bu'aan kunniin akkaataa jijjiiramni itti uumamu yaada loojikii irratti kan hundaa'e yoo ta'e malee, M&E faayidaa fi qulqullina qabu mirkaneessuu hin dandeenyu.

Logical Framework (ykn Logframe) meeshaa dizaayinii pirojektii kan yaad-rimee, galmeessuu, karoorsuu fi pirojektoota bulchuuf mala sirnaa fi caaseffama qabu kan kennudha. Bifa isaa isa hunda caalaa bu'uuraatiin, Bu'uurri Loojikii maatiriksii 4x4 dha. Jechootaafi yaad-rimeewwan isaan Sansalata Bu'aadhaaf itti fayyadaman irratti hundaa'uun moodeelotni adda addaa dhaabbileen addunyaa guutuutti fayyadaman hedduutu jiru.

Dhimma Addunyaa Kanaadaan hariiroo hojiiwwan, bu'aa, bu'aa battalaa, bu'aa gidduu galeessaa fi bu'aa dhumaa gidduu jiru agarsiisuuf Moodeela Loojikii ('Logical Model - 'LM) fayyadama. Sadarkaaleen lamaan gadii (gochaalee fi bu'aawwan) akkaataa pirojektichaa kan ilaalan yoo ta'u sadarkaaleen sadan ol'aanoo (bu'aawwan adda addaa) ammoo jijjiirama qabatamaa ta'e kan ibsan yoo ta'u, bu'aa misoomaa jedhamuunis beekama. Fakkiin armaan gadii sadarkaalee adda addaa LM tokkoo kan ibsu yoo ta'u, sadarkaa tokkoon tokkoon isaanii irratti fakkeenya kan kennudha.



Source: [Results-Based Management for International Assistance Programming at Global Affairs Canada: A How-to Guide, Second Edition, 2016]

Logframe'n bifa gabatee afur afurin qaba. Tarreewwan gosoota taateewwan yeroo pirojektichi hojiirra oolutti raawwataman bakka bu'u: Hojiilee, Firii, Bu'aa (ykn Kaayyoo) fi Dhiibbaa (ykn Galma).

Tarjaaleen logframe's odeeffannoo gosa adda addaa waa'ee taateewwan kanaa bakka bu'u: hima ibsituu gabaabaa; agarsiistota taateewwan sana raawwataman kanneen haala qabatamaa ta'een mirkanaa'uu danda'an; Mala Mirkaneessaa (MoV) agarsiistota irratti odeeffannoon itti argamu; fi Tilmaamawwan, kunis wantoota alaa kanneen hojiiwwanii fi bu'aa tarree jalqabaa keessatti ibsaman irratti dhiibbaa gaarii yookaan hamaa ta'uu danda'aniidha.

Ibsa/Seenesituu Gababaa	Agarsiistoota Haala Qabatamaan Mirkanaa'uu Danda'an	Mala Mirkaneessaa	Tilmaamawwan
Dhiibbaa			
Bu'aa			
Firii			
Hojiilee			

Fakkii:Maatiriksii Freemworrkii Loojikii

Garaagarummaa Tiwoorii Jijjiirramaa fi Freemworkii Loojikii

Tiwoorii Jijjiiramaa	Loog Freemii
■ Karaalee Jijjiirama dachaa kaartaan kaa'a	■ Bakka bu'iinsa sararaawaa jijjiirama
■ Galma irraa duubatti deebi'ee hojjeta	■ Tartiiba loojikii, kan gadi-ol ta'e
■ Tarkaanfii tokkoon tokkoon isaanii irratti sa-babeeffannaa barbaada	■ Sansalatni bu'aa sadarkaa 4n ibsama: Gochaalee, Bu'aa, Bu'aa, Dhiibbaa
■ Ibsituu (MAALIIF) .	■ Ibsituu (AKKAMITTI) .
■ Daangaa bal'aa qabaachuu barbaada	■ Pirojektii/sagantaa irratti kan xiyyeeffate

Plan International M&E Technical Strengthening Training 2020

Kutaa 4: Ibsa Bu'aa SMART Bocuu

Bu'aan Agarsiistota miti.Walitti hidhamniinsa qabataanis garu tokko miti.

- Ibsi bu'aa sadarkaa firii, bu'aa fi dhiibbaa irratti jijjiirama yaadame ni ibsa.
- Agarsiistonni safartuuwwan addaa jijjiirama yaadame kana irratti guddina agarsiisuu ragaa ta'aniidha.

Fakkeenya

Bu'aa	Agarsiistuu
Galmeen ijoollee mana barumsaan ala jiran sagantaalee barnoota ideeleenn alaa Oromiyaa keessatti hanga xumura pirojektichaatti dabaluu	% ijoollee mana barnootaan ala ta'an Oromiyaa keessa jiran kannen sagantaa barnoota idileen alaa galmaa'an, saalaa fi umriin addaan baafamanii

Bu'aa SMART qabaachuu jechuun bu'aan, kaayyoon ykn galmi kee:

- **Murtaa'aa (Specific):** ifaafi kan hin shakkamne ta'uu qabu; tokkoon tokkoon isaanii gaaffilee bu'aan isaa waa'ee eenyuu, sirriitti maal galmaan gahuu barbaadduu fi eessatti jedhu deebisu?
- **Safaramuu danda'u (Measurble):** ibsi bu'aa safaramuu danda'u yeroo baay'ee gaaffilee akka, "Bu'aan sun galma ga'uu isaa karaan ittiin barru jiraa?" akkasumas "Yommuu raawwatamu akkamittan beeka?"
- **Galma ga'uu danda'u (Achievable):** Galma ga'uu danda'uun barbaachisummaa bu'aa yeroo pirojekti-chaa kenname keessatti qabatamaa fi galma ga'uu danda'uu fi qabeenya jiru irratti cimsee ibsa.
- **Barbaachisaa (Relevant):** ibsi bu'aa barbaachisaa ta'e galmoota pirojektii bal'aa ykn dhaabbaticha akka waliigalaatti kan deeggaru ykn kan walsimsiisu yoo ta'u, rakkoo ykn dursa murtaa'eef deebii kan kennudha.
- **Yeroon kan Daanga'e (Time Bound):** ulaagaan kun barbaachisummaa bu'aa yeroo murtaa'e keessatti lafa kaa'uu irratti cimsee kan ibsu yoo ta'u, guyyaa galma ta'e kenna.

Hojiirra oolmaa Barnootaa:

Walgahii guutuu keessatti gabatee armaan gadii dhiyeessuun hirmaattonni ibsi armaan gadii SMART ta'uu fi dhiisuu isaa akka murteessan gaafadhu, yoo hin taane immoo maaliif5 akka hin taane haa ibsan.

Hima/ Ibsa	SMART ykn SMART miti	Yoo SMART Hin Ta'iin, maaliif hin taanee?
A) Naannolee Itiyoophiyaa 2 keessatti barsiisonni 100 ta'an manneen barnootaa 10 keessatti barattoota dubartootaa fi dhiirotaaf barnoota koorniyaa fi hunda hammate kennuu irratti dandeettii horataniiru		
B) Hojjettoonni mootummaa Itiyoophiyaa keessa jiran hundinuu jalqabbii fi imaammata mootummaa hunda keessatti walqixxummaa koorniyaa fi humneessuu dubartootaa fi shamarran dammaqinaan deggeruu fi dagaagsuu		
C) Dhuma yeroo pirojektichaa irratti beekumsa mirgaa fooyyessuu		
D) Dandeettii gurmaa'insaa dhaabbilee miti mootummaa naannoo cimsuu		
E) Bara 2022tti hawaasa baadiyyaa filatamoo aanaa A keessatti dubartoota qonnaan bultoota aannaniin itti fayyadamni tajaajila ekisteenshinii qonnaa dabaluu		

5 Deebii: A) SMART miti, yeroon kan hin daangeffamne, B) SMART miti, galma gahuu kan hin dandeenye, C) SMART miti, murtaa'aa miti, D) SMART miti, murtaa'aa miti, E) SMART

Gocha 9

Loog Freemii Bocuu – Tarjaa 1 (Ibsa Pirojektii fi Ibsa Bu'aa).

1. Hirmaattonni gara garee isaanii duraan ijaarametti akka deebi'an gaafadhu.
2. Akkaataa kutaa kana keessatti dhiyaate fayyadamuun, piroojektii duraan ToC itti hojjetameef loog freemii bocuu haa jalaqaban.
3. Bu'aa, firii fi gochaalee gara galma pirojektiitti geessu ibsuun tarree jalqabaa loog freemii haa xu muran.

Yeroo Barbaachisu

- Daqiiqaa 20 gareewwan hojii isaanii akka xumuraniiif
- Daqiiqaa 10 hojii isaanii dhiheessuu fi mareef

Meeshaalee Barbaachisan

- Fliip Chaartii
- Maarkarii fi Yaadannoo Maxxantuu

Boqonnaa 3 Safartuu Bocuu

Mata Duree Boqonnaa	Safartuu Bocuu
Kutaalee	1. Hiikkoo agarsiistuu 2. Gosooa agarsiistuuwwanii 3. Sadarkaa agarsiistuuwwanii 4. Agarsiistuu Qopheessuu 5. Ispesifikeeshinii agarsiistuu kaa'uu
Kaayyoo	Xumuara wayiitii kanaatti, hirmaatootni kanneen armaan gadii gochuu danda'uu: ■ Agarsiistuun maal akka ta'ee, kaayyoo isaa, fi goosata agarsiistuu garaa garaa ibsuu; ■ Agarsiistuu sirrrii ta'ee filachuu fi qopheesuu; ■ Qulqullina agarsiistuuwwanii madaaluu; ■ Akkamittii agarsiistuuwwan akka shallagamanii fi xinxalaman ibsuu.
Meeshaalee Barbaachisan	Fliiip Chaartii, Maarkariiwwan, Pilaastarii (haphee), stiikarii, yaadannoo/ kaardii maxxantu, Maxxansa Moojulii, Piroojektara.
Maloota Leenjii	Hojii Garee, shaakala barnoota, hojii cimdii, maree hiriyaa waliinii

Kutaa 1: Agarsiistuun Maalii?



Maalummaa agarsiistuu irratti hikkoon garaa garaa ni jiru. Wayitiin kanna keessatti agarsiistuu jechuun, safartuu hangamtaa fi akkamtaa ifa (murtaa'aa) fi amanamaa ta'e, kan ragaa adeemsa gara jijjiiramaatti jiruu nuu kennuun raawwii madaaluu fi jijjiiramoota hojii keenya irraan kan ka'ee jiran calaqisiisuu dha.

Agarsiistuu filachuu fi hammattuu H fi G qopheessuun karoora H fi G keessatti dhimmota ijoo raga fi safarriif bu'uura ta'ani dha. Agarsiistuuwwanis akkuma kaayyuu, bu'aa fi galmaa SMART ta'uu qabu:

- **S– Specific (Murtaa'aa)** agarsiistuu akka gaariitti kan ibsame yoo ta'u, maaltu safaramuu akka qabu
- sirriitti ni ibsa
- **M – Measurable (Safaramaa)** agarsiistuun fooyya'iinsa yeroon jiru agarsiisuuf gatii lakkoofsaa ykn sadarkaa murtaa'e waliin walsimsiisuun kan danda'amudha.
- **A – Achievable** (Qaqqabamaa)ragaa akka madda agarsiiftuutti walitti qabuun qabeenya jiru ilaalcha keessa galchuun kan danda'amuu fi baasii baasnu walin kan wal maadaalu ta'uu qaba.
- **R – Relevant (Barbaachisaa)** agarsiistuun kaayyoo ykn bu'aa madaalamu waliin hariiroo dhiiyoo kan qabu ta'uu qaba
- **T – Timely(Yeroo isaa eeggate)** yeroon agarsiiftuu wajjin walqabate jiraachuu qaba (kan akka guyyaa jijjiirama sana arguuf eegdu ykn irra deddeebiin inni itti safarame).



Agarsiistuuwwan sadarkaa milkaa'inaa eegamu tokko yookan kalattii agarsiisuu hin qaban. Akkasumas jechuuta akka 'fooyya'uu', 'dabalamuu', 'hir'achuu' of keessa qabaachuu hin qaban, sababni isaas warri kun firiiwwan agarsiistoonni safaruuf kaayyeefatan waliin waan wal qabataniif.

Gocha 10

1. Hirmaattoonni gareen ta'uudhaan agarsiistuwwaanii akkamii jirenya guyyaa keessatti akka isaan qunamanii fi eessatti akka isaan qunaman gaafadhu.(Fakeenya irrati yaaduuf gargaaran:yeroo konko laataa ofan, yeroo ittoo tolchancooking, yeroo shaakallii qaama hojjetan)
2. Hirmaattoonni waa'ee hojii dhaabbata isaanii keessatti hojeettanii akka yaadan gaafadhu, firii itti karoorfatan cina ga'uuf carraaqii gochaa akka jiran akkamitti akka beekan haa mari'atanii.
3. Maayii irrattis, hirmaattoonni dhaabbata isaanii keessatti agarsiistuuwwan bocuuf itti gaafatamum maa eenyu akka qabu akka yaadan gaafadhu.
4. Hirmaatoonni waan irrratti mari'atani akka qoodaniif gaafadhu (Garee tokko irraa namni tokkichi dhiyeesuu danda'a)

Yeroo Barbaachisu

- Daqiiqaa 15 gareewwan gaaffiiwwan irratti akka mariyataniif
- Daqiiqaa 20 dhiheessii fi maree walii galaaf

Yaadannoo Mijeesitootaa

Developing indicators is a **team effort** and should not be the sole responsibility of M&E staff/focal points. M&E staff/focal points can **act as a guide and quality assurer** of the development and review of indicators ensuring different teams feed into the process. Technical staff, project teams, partners and representatives from the target beneficiary groups may need to be involved wherever possible.

Kutaa 2: Gosa Agarsiistuuwwanii

Agarsiistuu Hangamtaa safartuuwwan hangaa yookaan baayyinaa ti, isaanis kan lakkoofsaa ibsaman dha. Faakkenya: Baayyina (lakkoofsa dubartoota leenji'ani), Prooporshinii (Dhibbantaa shammaran barnoota sadarkaa lammaffaa xumuranii),reetii (Reetii hubama HIV), Reeshoo (Reshooo dhalaa fi dhiiraa gulantawwaan murtii keennuu motummaa keessa jiran), Qabxii (Qabxii giddu galeessaa 10 keessaa qormaataa beekumsaa leenjii irratti kennamee).

Agarsiistuuwwan Akkamtaa safartuuwwan jijiiramaa fi yaadaa lakkaa'uuf nama dhiban, kanneen akka qulqullinaa, hubannaa, ilaalcha, muuxannoo, amaloota fi haaloota tti, isaanis kan jechaan ibsaman dha. Fakkenya: "Hamma ofiitti amantummaa dubartootaa fi shamarran daneedeetti hojii-uumtummaa isaanii irratti qabanii", "Dhimmoonii koorniyaa hamma mootummaadhaan akka furamaa jiran", "Sadarkaa kabajaa hojjeetootni fayyaa dambii naamuusaaf qaban". Agarsiistuuwwan akkamtaa keesumattuu, walittii dhufeenya koorniyaa fi sababa ijoo wal qixxuumaan dhibuu xiinxaluuf barbaachisoo dha.

Hirmaattootaaf garaa garummaa agarsiistuuwwan hangamtaa fi akkamtaa gidduu jiraan akka armaan gaditti ta'eetti ibsiif:

	Quantitative Indicators	Qualitative Indicators
Haala ibsamaaa	Lakkofsa	Jechooa
Uwwisaa	Baayina irratti odeeffeennuu keenuuf (Bal'ina).	Gadi fageenya jijjiirramaa irratti odeffannoo kennuuf.
Karaa Xinxalliii	Malooa Staatistiksii (miinii/ avereejii, midiyaanii, irra deddeebii)	Cuunfaa, koodii gochuu, mata dureewwaniin xiinxaluu.
Hanqinoota	Seenaa guutuu nuuf hin keennanii, hiikkoo keennuuf gaaffileen akkamtaa barbaachisaa ta'u.	Yeroo baayy'ee lakkoofsa namootaa/ haaloota xiqqoo irratti hojii irra oola, kanaafis garee bal'aa bakka bu'uu hin danda'u. (muxunnoo namoota dhuunfaa amanuuf rakksu ta'uu danda'aa)

Adapted from Bakewell, O; Adams, J and Pratt, B (2003), Sharpening the Development Process; A practical guide to monitoring and evaluation. INTRAC, UK

Goosootni agarsiistuuwwanii kan biro kanneen kan Hangamtaa yookaan akkamta ta'uu danda'an armaan gaditti kennamaniiru:

- Agarsiistuuwwan Bakka bu'oo (Proxy indicators)isaan kun bakka buutoota (safartuuwwan al-kalattii) dhimma feenuu tokko ittin tilmaamnu dha. Dhimmoota wal xaxoo jijjiiramaa (variable) wal kallattiin bi'aa barbaannu waliin wal hidhachuu baatuus, walitti dhufeenya kan qabuu fayyadamuun safaru. Agarsiisttuuwwan bakka bu'oon yeroo baasiin kallattiidhaan waa safaruu guddaa ta'uu yookan/fi dhimmootni nun safaruu kan miira namaa tuqan/ safuu qaban ta'uun kallattiin gaaffii irrratti gaafachuun nu rakkisu faayidaa nuuf kennu. Fakkeenyaaf daballii dinagdeeen humnoomuu maatii yeroo safarruu "Parsantiin maatii qabeenyaa garaa garaa qabanii" agarsiistuu bakka bu'aa ta'a jechuu dha.
- Agarsiistuuwwan Kompoozitii - agarsiistuuwwan agarsiistootnikan biro baayyeen gara waliitti qabamuun gara shallaggii indeeksii baaqqeetti dhufuun kan uumaman dha. Isaan kun dhimmoota wal-xaxoo fi kallattii baayyee qaban safaruu nu gargaaruu. Usuu qabxii cuunfaan agarsiistuu kompoozitii hin shallagamiin agarsiistuun yookaan jijjiiramaan agarsiistuu kompoozitii jala jiran hunduu mata mataan ibsamuu fi safaramuu qabu.

Fakkeenya Agarsiistuu Kompoozitii: Indeeksii humnoomu dubartootaa fi shamaranii kan Pilaan Internaashinaalii

Galma dhumaa mirga dubortootaa fi shamaranii kunis seroota hawwaasaa, ilaalchootaa fi amalaoota wal calmaa gadii fagoo ta'an geeddaruun ofiin dhaabbachuu danda'uu dubartootaa fi shamaranii dabaluuf, qopheen piroograamii ceesis-Koorniyaa kan kallattii baay'ee qabuu fi kan qindoome ta'uu qaba. Geeddaramsa kana keesumaa kan hubannoo fi ilaalchaa safaruuf baayyee ulfaataadha, kanaafis baaqqee ta'e fi bal'inaa fi uuwwisa jijjiirama ceesis-korniyaa gar tokkoon qofa agarsiisu fayyadamuu dhiisuuf adeemsa hubannoon guutameen masakamuun barbaachisaa dha.

Indeeksiin Humnuumuu Dubratootaa fi shamarrannii (Women's and Girls' Empowerment Index - WGEI) kan Pilaan Intarnaashinaalii jijjiramoota kallattiin sababoota hundee wal qixxaachuu dhabuu korniyaa kan safari domeenii wal qixxummaa koorniyaa shaman giddu gala godhachuun meeeshaa kenniinsa qabxii fi sadarakaatti ta'uun ijaarame fayyadamuunii. Domeeniin shaman kunis: gahee fi itti gaafatamummaa, qaqqabdummaa fi to'annoo qabeenya, hirmaannaa fi murtee kennuu, seera hawaasummaa, fi jijjiirama dhaabbilee. Domeeniiwwan kunii fi domeeniwwan xixiqqaan isaan jala jiran akkaataa uuwwisaa fi mata duree piroojektiitti hiikamuu qabu, akkasumas agarsiistuwwan jijjiirama doomeenii hundumaa jala jirani filatamuu qabu. Piroojektoonis agarsiistoota kana xiqqoo yookaan baayyee fayyadamuun jijjiirama ceesis-koorniyaa safaruu danda'u.

Tokkoon tokkoon domeenii fi domeenii xiqqaa bal'inaafi naannoo mata duree pirojektichaa wajjin walqabatee ibsamuu qaba, agarsiistonni jijjiirama domeenii tokkoon tokkoo safaran filatamuu qabu. Pirojektoonni agarsiistota kana hunda keessaa muraasa ykn hedduu fayyadamuun jijjiirama jijjiirama saalaa madaaluu danda'u. WGEIn damee saalaa, domeenii xiqqaa fi jijjiiramootaan kan qindaa'edha.

- **Indeeksii dha:** Bu'aan sadarkaa tokkoon tokkoon isaa sirna qabxii fi madaalliitiin qabxii tokkotti walitti qabama.
- **Freemworkii dha:** Domeeniin fi domeeniin xiqqaan agarsiistota walqabatan kan qaban yoo ta'u isaanis akka kophaa isaanii ykn kilaastara ta'anii fayyadamuu ni danda'u.
- Agarsiistonni hundagaleessa ta'anis dameedhaan haala barbaadamuun sirreefamuu danda'u.
- Freemworkiin kun dubartootaa fi shamarran giddugaleessa godhate.

Armaan gaditti fakkeenyi domeenii WGEI shanan keessaa tokko qofa kan domeenii xiqqaa domeenii, agarsiistotaa fi jijjiiramoota madaalaman agarsiisudha. Caasaa fi sadarkaan ibsa walfakkaataan domeenii hafaniif ni argama[6].

6 More details and a full description of the WGEI can be found at: https://plancanada.ca/file/planv4_files/reports/Gender-Transformative-Programming-and-Measurement-Architecture_Oct2020.pdf

DOMAIN	INDICATOR	SUBDOMAIN	INDICATOR	VARIABLES ASSESSED
Gender roles and responsibilities	Percentage of women/girls experiencing equitable assignment and distribution of roles and responsibilities	Time poverty and burden of work	Average time women/ girls spend in unpaid work (productive, reproductive and community)	• Time spent on household care activities/ domestic chores each day • Time spent each day on paid and unpaid productive work • Time spent in discretionary activities each day
		Attitudes and Perception regarding gender roles and responsibilities	Percentage of women/ girls with equitable attitude and perceptions regarding gender roles and responsibilities Percentage of men/ boys with equitable attitude and perceptions regarding gender roles and responsibilities	• Attitudes and perceptions of roles and responsibilities of men and boys • Attitudes and perceptions of domestic roles and responsibilities of men and boys • Attitudes and perceptions of paid and unpaid productive work of women and girls • Attitudes and perceptions of domestic roles and responsibilities of women and girls • Attitudes and perceptions of community level roles and responsibilities of women and girl

Kutaa 3: Sadarkaalee Agarsiistotaa

Agarsiistota adeemsaa: galteewwanii fi hojiiwwan oomisha oomishuuf karoorfamanii fi hojiirra oolan safaruu. Irra caalaa pirojektoota bulchuu fi hordoffii sochiidhaaf kan oolu ta'us bu'aa irratti guddina hin agarsiisan; jijjiiramni galmaan ga'uuf karoorfannus hin jiru. Waan pirojektichi hojjetu ni galmeessu.

- # leenjiiwwan xumuraman
- % Baajata waggaa darbe keessa baasii ta'e

Agarsiistota Firii: baay'ina oomishaalee fi tajaajiloota kaayyoo tokko galmaan ga'uuf barbaachisan safaruu.Waan pirojektichi oomishu ykn bu'aa battalaa pirojektii ykn hojii sagantaa tokkoo qabatanii hojiiwwan waan karoorfame oomishaa jiraachuu isaanii nutti himu.

- # dargaggoota ogummaa jireenyaa irratti leenji'an, saalaan addaan baafamanii

Agarsiistota bu'aa: jijjiirama addaa beekumsa, amala, ilaalchaa fi dandeettii gareewwan xiyyeeffannoo, qooda fudhattootaa fi dhaabbilee hojii keenya irraa madde madaaluu. Waan pirojektichi galmaan ga'uuf yaadu galmeessuu.

- % dargaggoota dhuma leenjii irratti dandeettii jireenyaa isaanii irratti ofitti amanamummaa akka itti dhaga'amu gabaasan, saalaan addaan baafamanii

Agarsiistota dhiibbaa: jijjiirama yeroo dheeraa fi itti fufiinsa qabu pirojektichi gumaachaa jiru safaruu. Pirojektichi galmoota tarsiimoo sadarkaa olaanaa pirojekticha qofaaf walqabsiisuu hin dandeenyeef akkamitti gumaacha akka godhu qabatu.

- % dargaggoota fayyaa fooyya'aa qaban, saalaan addaan baafamanii

Hojiirra oolmaa Barnootaa

Agarsiistota armaan gadii dubbisiitii hirmaattonni sadarkaa agarsiiftuu sirrii ta'e akka irratti mallattoo kaa'an gaafadhu[7]

Agarsiistuu	Dhiibbaa	Bu'aa	Firii
Baay'ina inspeektaroota hojii mirga daa'immanii, hojii daa'immanii fi inspeekshinii daa'immaniif mijatu irratti leenji'anii			
# fi % hojjechiistota jijjiirama beekumsaa fi ilaalcha hojii daa'immanii agarsiisan			
Naannoo bishaan kuufamaa keessatti dhukkubbii daa'immanii fi haadholii hir'isuu			
Baay'inaafi gosa tarkaanfiiwwan bulchitoota naannoo waliin ta'uun jalqabaman kanneen daa'imman gareewwan xiyyeeffannoo ta'an irraa dhufanii fi yeroo hunda argamuu isaanii deeggaruuf kaayyeffatan			
# fi % daa'imman jalqaba pirojektichaa irratti manneen barnootaa keessatti galmaa'an, gara sadarkaa barnootaa itti aanutti ce'an, saalaa fi gareewwan xiyyeeffannoo ijoo ta'aniin addaan baafamaniiru			

7 Deebii: Firii, Bu'aa, Dhiibbaa, Firii, Dhiibbaa (Bu'aas ta'uu danda'a)

Kutaa 4: Agarsiistota Bocuu

Agarsiistonni naannoowanii fi galmoota pirojektii/pirogaamii ykn dhaabbatichaa baay'ee barbaachisoo ta'an uwwisuu qabu. Isaaniis:

- karoora Tarsiimo'aa / Dursi kennameef wajjin kan walqabatan dha.
- kutaalee jaarmiyaa waliin kan walqabatan dha.
- naannoowwan ijoo biroo dhaabbatichi dhabee jiraachuu hin dandeenyen kan walqabatan dha.

Agarsiiftuu gaarii kan taasisu maali?

SMART ta'uun alatti, armaan gaditti tarreeffama sakatta'iinsa qulqullina agarsiiftuu tokkoo madaaluuf gargaaran kennamaniiru. Amaloonni shanan jalqabaa kun CREAM jedhamuun beekamu.

Ifa (Clear) – agarsiiftuu sirrii fi shakkii kan hin qabne dha.

Barbaachisaa (Relevant) -agarsiiftuu dhimma harka jiruuf kan mijatu yoo ta'u, fi/ykn agarsiiftuu fi bu'aa karoorfame gidduutti walitti dhufeenyi amansiisaa fi sirrii ta'e jira.

Baasii Kan Qusatu (Economic) -agarsiiftuun kun qabeenya pirojektichaa ilaalcha keessa galchuun baasii madaalawaadhaan ni argama.

Ga'aa (Adequate)- agarsiiftuu kophaa isaa ykn agarsiistota biroo waliin raawwii hojii madaaluuf bu'uura gahaa ta'e kennuu kan danda'u yoo ta'u, xiinxalaaf odeeffannoo gahaa kan kennu ta'uu isaati.


Hordofamuu kan danda'u (Monitorable) -agarsiiftuu of danda'ee mirkaneessuuf kan mijatuu fi salphaatti hordofamuu kan danda'u dha.

Sirrummaa – Agarsiiftuu bu'aa qorannoo gahaa ta'een ni madaalaa (fakkeenyaaf, qormaanni IQ safartuu sammuu sirriidhaa? Jijjiiramni galii safartuu sirrii ta'e humneessuu dinagdee ti?)

Amanamummaa– Safartuun yeroon kan walfakkaatu yoo ta'u, jijjiirama yeroon qabata (iskeelii ulfaatinaa).

- **Faayidaa** – Agarsiiftuu odeeffannoo murtee kennuu fi barachuuf faayidaa qabu ni maddisiisaa (yeroo baay'ee walitti qabuu daataa yeroo gabaabaa ykn booda walitti qabuu daataa sirreeffama hin hayyamne keessatti hin jijjiiramne) .
- **Afaan Giddugaleessa** – Agarsiiftuu afaan giddu galeessa ta'een ibsama; jechootni jijjiirama agarsiisan kan akka "dabala" ykn "foyya'e" fayyadamuu hin qaban.
- **Koorniyaa fi Hammatamummaa fi Umurii kan mireefate** – Agarsiiftuu kun karaalee adda addaa garee-wwan adda addaa haala sana mudachuu danda'an ilaala; sochiiwwanii fi jijjiirama ta'aa jiran.
- **Naamusa** –Agarsiiftuun kun odeeffannoo dhuunfaa olaanaa kan hin barbaannedha. Deebii kennitoota ka-miyyuu balaa miidhaa qaamaas ta'e sammuuf hin saaxilu.

4.1 Qaamolee Agarsiisaa Gaarii



Barnoota Hojii irra Olchuu

1. Walgahii guutuu irratti hirmaattonni qaamolee adda addaa agarsiiftuu tokkoo kanneen armaan gadii akka adda baasan gaafadhu:“ Dhibbentaa midhamtoota ji’oota jahan darban keessatti waldhabdee hidhannootiin tajaajila eegumsaa Kutaa Miidhaamtootaa kenneen itti quufinsa qaban[8]

   i. Yuunitii safartuu:
   ii. Yuunitii xiinxala:
   iii. Haala wanta tokkoo:
   iv. Yeroo:

2. Agarsiiftuu armaan olii irraa qaamakamtu hir’ate?

Kutaa 4.2 Akkaataa Agarsiistota Qopheessuu

- Bu’aa eegdan adda baasuu. Dhaabbanni keessan maal galmaan ga’uuf yaalaa jira? Kaayyoon isaa maali? Haala kanaan, maal akka safartu murteessii (fakkeenyaaf, galmee mana barumsaa).
- Eenyu ykn maaltu jijjiiramni akka mudatu ykn akka ilaalamu adda baasuu: namoota dhuunfaa, dhaabbilee, garee hawaasummaa [yuunitii xiinxallii/ unit of analysis]. Kana adda baasuun akkaataa daataa itti addaan baafamu (saala, umrii, qaama miidhamummaa, gosa dhaabbataa fi kkf) murteessuuf gargaara.
- Galma galmaan gahuu barbaaddu adda baafadhu. Kunis lakkoofsa, dhibbeentaa, sadarkaa, reeshiyoo fi kkf. [yunitii safartuu]. Yoo agarsiiftuu baay’inaan hiiktu ta’e fakkeenyi isaa# barattootaa ta’a. Fakkeenyi agarsiiftuu qulqullinaa “Sadarkaa hubannoo ykn deeggarsa” ta’uu danda’a.
- Yaada (haalota gama addaa bu’aa ykn bu’aa agarsiiftuu safaruuf yaadame ibsu) dabaluu (fkn. # barattoota mana barumsaa sadarkaa tokkoffaatti galmaa’an naannoo X biyya Y keessatti). Agarsiiftuu qulqullinaaf fakkeenyi “Sadarkaa hubannoo warraa barbaachisummaa barnootaa irratti” ta’uu danda’a.
- Yeroo itti dabaluu (yoo barbaachisaa ta’ee fi damee irratti hundaa’uun). (fkn # barattoota seemistara garaa garaatti mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa keessatti galmaa’an).
- Qoqqoodinsa dabaluu (fkn. # barattoota seemistara garaa garaatti mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa keessatti galmaa’an – saala, umurii fi hawaasaan addaan baafamanii).
- Afaan agarsiiftuu erga murtaa’ee booda, tokkoon tokkoon agarsiiftuu yeroo meeqa akka ilaalamu / hordofamu irratti walii galuu, i.e. torbanitti, ji’a ji’aan, kurmaana kurmaanaan, waggaatti?

Gocha 11

Garee 2-3 ta’uun namoota dhaabbata mataa keessanii waliin ijaaraa:

1. Naannoowwan dhaabbata keessanii kamtu baay’ee barbaachisaa akka ta’ee fi kanaaf agarsiistotaan yeroo hunda hordofamuu akka qabu irratti mari’adhaa.
2. Agarsiistota barbaachisoo dhaabbati keessan hordofuu qabu tarreessuun irratti mari’adhaa.
3. Himoota bu’aa shaakala duraa irraa logframe keessaniif qophaa’an fayyadamuun yoo xiqqaate agarsiistota lama sadarkaa tokkotti filadhaa.

Garee waliigalaaf dhiheessuu

Yeroo Barbaachisu

- Daqiiqa 30 waan dhiyaatu qopheessuuf
- Daqiiqaa 15 gaee waliigalaaf dhiheessuuf

Meeshaalee Barbaachisan

- Fliip Chaartii
- Markarii

8 Deebii: i. dhibbeentaa, ii. miidhamtoota waldhabdee hidhannoo tajaajila argachuu, iii. kanneen tajaajila eegumsaatiin quufan, iv. ji’oota jahan darban keessatti. Qaamni dhabamee qoqqoodinsa

Yaadannoo Mijeesitootaa

Gaaffiiwwan Ijoo Agarsiistota Filachuu Keessatti Ilaalamuu Qaban[9]

- Sanadoota imaammataa fi tarsiimoo fi karoora raawwii keessatti agarsiistonni ibsamanii jiruu – sadarkaa biyyaatti ykn naannootti?
- Agarsiistonni kun maali? Garmalee muraasaa? Garmalee baay'ee? Itti fayyadamuu ni danda'uu? Tokko tokko dursa kennuu qabaa?
- Agarsiistonni kun galtee/bu'aa/bu'aa/dhiibbaa addaa akkamii safaru?
- Agarsiistonni kun qabatamaa, safaramuu fi faayidaa qabuu? Qooda fudhattoota ijoo fi murteessitootni bu'aa hojiiwwan M&E fayyadamaniin fudhatama qabuu?
- Agarsiistota hunda hordofuuf qabeenyi namaa fi maallaqaa gahaan jiraa? Yoo hin taane, akkamitti agarsiistota tokko tokkoof dursa kennuu dandeenya?
- Daataa agarsiistota filataman irratti walitti qabame maaltu hojjetama?
- Agarsiistonni murtii kennuu akkamitti deeggaru – gurmaa'ina pirojektii/sagantaa keessatti?

Kutaa 5: Hiika/Ibsa Agarsiisaa

Hiikni agarsiisaa ykn ibsi agarsiiftuu ifaafi hubannoo waliigalaa mirkaneessuuf, akkasumas daataan haala itti fufiinsa qabuun sasssaabamuu fi xiinxalamuu isaa mirkaneessuuf agarsiiftichi maal jechuu akka ta'e sirriitti ibsa.

Yeroo ibsa bal'aa ibsitu, kanneen armaan gadii itti yaadii:

- Qaamonni murteessoo ibsa bu'aa maal fa'a, agarsiiftuu kun qaamolee murteessoo kanaaf deebii akkamii kennaa jira?
- Hubannoo walfakkaatu mirkaneessuuf agarsiiftuu keessatti jechoota/jechoota/gaaleewwan/jechoota gabaabduu maaltu ibsamuu/ibsamuu qaba?
- Akkaataa agarsiiftuu walitti qabuu fi xiinxaluu irratti maaltu ibsamuu qaba?



Agarsiiftuu armaan gadiitiif jechootni/jechoonni/gaaleewwan ibsamuu qaban maali?
Baay'ina #barsiisota leenjii Barnoota koorniyaaf deebii kennuu fi hunndahammataaxumuran saalaa fi mana barumsaatiin addaan baafame

Number #of teachers who have completed the training on gender-responsive and inclusive Learning disaggregated by sex and school

Deebii korniyaaf kan kennu shamarran fi ijoolleen dhiiraa sochii barumsaa fi daree hunda irratti walqixa akka bobba'an kan taasisu yoo ta'u, barsiisonni walqixxummaa saalaa dabalatee miidhaa seera hawaasummaa, gahee fi itti gaafatamummaa hir'isuuf tarkaanfiiwwan ni fudhatu.

Barumsi hunda hammate garaagarummaa daree keessatti mul'atu kan ilaalu yoo ta'u, malawwan fedhii barattoota dandeettii adda addaa, afaan dhalootaa, sabaa fi sadarkaa hawaas-dinagdee qabaniif deebii itti kennan of keessatti qabata.

Xumurame jechuun sagantaa guutuu keessaa leenjii xiqqaa ta'e irratti argamu jechuudha.

9 Adapted from Monitoring and Evaluation of ICT in Education Projects: A Handbook for Developing Countries (https://www.infodev.org/infodev-files/resource/InfodevDocuments_9.pdf)

Maatiriksii Agarsiistuu

Karoorri Hordoffii fi Gamaaggamaa tokko loog freemii malees maatriksii agarsiiftuu of keessaa qabaachuu qaba. Maatiriksiin bal'aan kun:(1) agarsiistonni maal akka ta'an, (2) agarsiistonni akkamitti akka shallagaman, keessumaa hiikkoo isaanii, (3) agarsiistonni akkamitti akka addaan baafaman, (4) madda daataa,(5) elementoonni deetaa maal akka ta'an ibsa agarsiiftuu shallaguuf kan barbaachisu, (6) yeroo meeqa daataa akka walitti qabamu, (7) eenyu akka daataa walitti qaba, fi(8) galma.

Maatiriksiin agarsiiftuu tokko qaamolee kana hunda ykn muraasa bifa tokkoon ykn kan biraatiin hammachuu kan danda'u yoo ta'u, qaamoleen Maatiriksii Agarsiisaa qabxii agarsiistota safaruu hunda irratti walsimsiisaa ta'uu mirkaneessuu qabu, kunis walitti qabamuu fi walbira qabamuu bu'aa akka hayyamuuf. Armaan gaditti unkaa fakkeenyaa maatiriksii agarsiisaa kan elementoota tokko tokko agarsiisudha. Maatiriksiin agarsiiftuu arjooma ykn bifa/unkaa fayyadamaa jiru irratti hundaa'uun maqaa adda addaatiin beekamuu danda'a, garuu qaamootni akkaataa addaatiin unkaalee adda addaa keessatti kan baratamoo dha. Fakkeenyaaf, Dhimmoota Addunyaa Kanaadaa (GAC) akka maatiriksii agarsiiftuutti (armaan gaditti agarsiifame) **Bu'uura Safartuu Raawwii Hojii (PMF)** fayyadama.

Tip! Yeroo kanatti, bu'aa kee loojikii intarveenshinii (Loojiikaal Freemworkii ykn Moodeela Loojikii) keessatti dursitee qopheesiteetta, kunis maatiriksii agarsiiftuu keessatti calaqqisafamuu qaba.

EXPECTED RESULTS[1]	INDICATORS[2]	BASELINE DATA	TARGETS[3]	DATA SOURCES	DATA COLLECTION METHODS	FREQUENCY	RESPONSIBILITY
ULTIMATE OUTCOME							
INTERMEDIATE OUTCOMES							
IMMEDIATE OUTCOMES							
OUTPUTS							

Global Affairs Canada, International Assistance Results Reporting Guide for Partners, Second Edition, 2018

Yaadannoo Mijeessitootaa

Agarsiiftuun erga ibsamee booda, mala shallaggii ibsuun barbaachisa. Kunis tarkaanfiiwwan addaa gatii agarsiiftuu murteessuuf barbaachisan, fi akkamitti akka sana shallaguuf deemtu ibsuu si gaafata. Adeemsi kun agarsiiftuu kee shallaguuf odeeffannoowwan hedduu maddoota adda addaa irraa akka si barbaachisu ibsuu danda'a. Agarsiiftuu dhibbeentaa safaru **waamamaa** fi **waamsisaa** ni barbaada. Bu'aan isaas 100n baay'ifamee dhibbeentaa ta'a.

Agarsiistota akkamtaaf tarkaanfiiwwan shallaggii adda ta'anii ni mul'atu. Kunis akkaataa itti galma ga'iinsa agarsiiftuu sanaa itti murteessitu ibsuu kan of keessaa qabu yoo ta'u, akkaataa idileetti gosoota, ulaagaa ykn sirna koodii dursitee ibsuu kan akkaataa agarsiiftuu sana irratti murteessuu fi gabaasuu kee qajeelchu of keessatti qabata.

Boqonnaa 4 Sassaabbii Ragaa Hordoffii fi Gamaaggamaa

Mata Duree Boqonnaa	Sassaabbii Ragaa Hordoffii fi Gamaaggamaa
Kutaalee	1. Tooftaa Hangamtaa beeksisuu 2. Faayidaa fi hanqina tooftaa Hangamtaa 3. Maloota sassaabbii ragaa hangamtaa baratamoo 4. Saamuda Fudhachuu 5. Toftaa Hangamtaa hojii irrra oolchuu 6. Tooftaaa fi maloota Akkamtaa 7. Faayidaa fi hanqina tooftaa Akkamtaa 8. Maloota sassaabbii ragaa akkamtaa baratamoo
Kaayyoo	- Xumuara wayiitii kanaatti, hirmaatootni kanneen armaan gadii gochuu danda'uu: ■ Hojiirra oolmaa tooftaa fi malooa hangamtaa garaa garaa ibsuu; ■ Survee qopheessuu fi hojiirra olchuuf waantoota ijoo itti yaadnuu adeessuuu; ■ Yaada saamuuda fudhachuu fi terminoolojii ijoo hanga saamudaa shallaguuf nu barbaachisan addeessuu; ■ Maloota akkamtaaa ijooo addeessuu.
Meeshaalee Barbaachisan	Fliip Chaartii, Maarkariiwwan, Pilaastarii (haphee), stiikarii, yaadannoo/ kaardii maxxantu, Maxxansa Moojulii, Piroojektara.
Maloota Leenjii	Hojii Garee, shaakala barnoota, hojii cimdii, maree hiriyaa waliinii

Kutaa 1: Tooftaa Hangamtaa Beeksisuu

Gocha 12

1. Hirmaattoonni garee nama 3-4 akka uuman gaafadhu.
2. Garee hundumtuu tooftaawwan hangamtaa jechuun maal akka ta'e itti haa yaadanii.
3. Sana boodas gareen hundumtuu malootni sassaabbii ragaa baratamoo tooftaa hangamtaa keessati hojiirra oolan maal fa'aa akka ta'an irratti haa mari'atan.
4. Akkasumas faayida fi hanqina tooftaa hangamtaa irratti haa mari'atanii.
5. Hubannaa agarsiistuuwwanii horatani irratti hundaa'uunis, "Amalootni agarsiistuuwwanii akka ragaa sassaabuuf hojii irra oolmaa tooftaa hangamtaatti nu geessan maal fa'ii?" gaaffi jedhuuf deebii haa kennani.
6. Namni tokko garicha keessaa miseensoota garichaa kan biroon deggeramuun deebiiwwan isaanii garichaa haa dhiheessuu.

Tooftaa Hangamtaa (jecha hanga jedhu irraa kan fudhatamee) maloota sassaabbii ragaaa firii wantoota lakka'aamanii yookan lakkoofsaan ibsamii kan nuuf kennanii dha. Tooftaan hangamtaa lakkoofsa fi staatistiksii fayyadamuun jijjiiramni akka lakkaa'amu taasisa, kunis kan ibsaman dijiitiidhaan, yunitii safarrii garaagaraaa, reeshoo, dhibbantaa, proporshinii, k.k.f. Yeroo tooftaa akkamtaa (booda dhihaatu) wajjin yeroo wal bira qabamuu, tooftaan hangamtaa caalmaatti kan caasaa qabuu fi miira irraa bilisa ta'e dha. Tooftaan hangamtaa gaaffiwwan akka "hammam" yookan "hangam" deebisuuf nu gargaara – kunneens "Namoota hagamiitu workshooppiicha hordofee? yookan namoonni hammam irra deddeebin buufata fayyaa deemu?" Tooftaan kun meeshaalee fudhannaa saamudaacarrraa irratti hundaa'ee fi meshaalee

sassaabii ragaa caaseefamuun deebii namootaa garee deebii dursanii murtaa'an keessa galchan irrratti haalaan hundaa'aa. Tasiimoon sassaabbii ragaa hangamtaa kan inni hammatuu, ragaaa barbaachisaa sirna hoggansii informeeshinii keessa sassaabuu, survee gaaffilee dhumni isaanii cufaa ta'an fayyadamuu yookaan cheek liistii fayyadamun dhimmoota qorannu taajabuu fi waan argine galmeessuu.

Malootni Hangamtaa Kan isaan irratti xiyyeefatan:
Gaafillee akka "Dhiiroota, duboortoo, ijoollee dhiiiraa fi shamarran hangamii fi dhimmota wal qabatoo kan biro (amantaa, sabummaa, qama miidhamummaa, k.k.f)?"

- Gaafillee murtaa'oof deebii deebii fi lakkoofsaan ibsamu (istaatistikaalaa) argachuu;
- Baayyina ummataa guddaa irrattti odeeffannoo sassaabuun tilmaa sirrii ta'a saala lamaan irrattti fi dhimmoota wal kan birooo [Fkn. Sadarkaa galii, gulaantaa hawwaasaa keessattiii, Dubartoota midhama qama qaban, k.k.f]
- Odeeffannoowwan lakkaa'amuu danda'an kan raaguu fi dimshaasheessuun danda'amu argachuu.
- Hamma dhimmi tokko hawwaasa keessatti irra ga'e irratti odeeffannoo kennuu.

Kutaa 2: Maloota Sassaabbii Ragaa Hangamtaa Baratamo

Caaseefamoo Dhumni isaanii cufaa ta'e: Gosti af-gaaaffii kun gaaffillee haalan qindoomanii kan deebiiwwan murtaa'oo qofa nuu eyyamaman hordofa, isaan kunis "Eeyyee/Lakki" yookaan sadarkeessuu/ kan lakkooofsoota skeeliidhaan kaa'aman itti filannuu fi akkasumas af-gaaftaan gaafilee dursanii kaa'amani qoofa itti gaafatu dha. Af-gaaffiiwwan hangamtaa akka milkaa'aniif, gaaffiin hundumtuu namoota deebii kennan bifa wal-fakkaataan galtee addaa af-gaafataan itti dabalu kamiyyuu malee gaafachuun dirqama.

Survee fi Gaafannoon yeroo deebii salphaa fi dub-deebii caaseefamaa kan salphaatti gara xiinxala istaatistiksiiti hiikamuu danda'an barbaannuu filannoo gaarrii nuu ta'u. Qorannoo hangamtaa keessatti, surveen gaafiiwwaan haalaan caseeffaman kan dhumni isaanii cufaa ta'ee fi iskeelii sadarkeessuu (rating scale) kan firii ragaa lakkoofsaa fi gareewwan dursinee murteessinee jalattti ramadamuu danda'an kan nuuf kennan dha. Kunneeniss istaatistiksii ibsituu kannen akka avereejii, miinii, miidiyaanii, k.k.f fayyadamuun xiinxaluun ni danda'ama.

Taajjabbii Caaseeffamaa: Taajjabbii fayyadamuun ragaa hangamtaa fi akkamtaa fayyadamuun danda'amuus, tajabbiin caaseefamee yeroo taajjiabbii uumamaa waliin wal bira qabamu qorataan haala hunda-galeessa fi caasefamni isaa eegame keessatti amaloota (namootaa fi kan biroo), shaakala yookaan ta'eewwan of eeggannoon akka ilaalu dandeesisa. Kunis namoonni / waantootni ilaalaman, yoom akka ilaalman fi eessatti akka ilaalaman akka istaandaardii tokko qabaatan taasisa. Taajjabbii caaseefamaa keessatti, qorataan, waan hunda ilaaluu irra, amaloota murtaa'oo barbaadmani cheeklistii murteeffamaan masakamuun daawwata. Kunis qorattichi amaloota ilaalaa jiru lakkoofsaan akka ibsu dandeessisa.

Kutaa 2.1 FaayidaawwanMaloota Hangamtaa

- **Baayina saamudaa guudaa** Toftaa hangamtaa fayyadamuun dandeettii haaypoteesisii kamifuu baayina saamudaa guddaa qorachuu akka dandeenyu nu taasia, kunis goolaba sirrrii gara garee saamudni sun irraa dhufeetti dimshaasheessuu dandeenya irra akka geenyu nu dandeesisa.
- **Saffisaa fi Salphaa** Sassaabbiin ragaa karaa mala dijitaalaa yookan survee mobaayilin awutomeetii gochuun ni danda'ama, kunis surveen baayyee al tokkootti akka raawwatu nuuf eyyama. lalaalcha ragaa giddu galeessa godhatee irraa kaanee yeroo ilaallu, survee fi af-gaaffin deebii battalaa kan yerooma sana xinxalamuun faayida-qabeessa ta'an nuuf keennu.
- **Qorannoon tooftaa Hangamtaan geggeefamuu keessatti maqaan adda hin baafamu** Qorattoonni hanga hirmaattoonni ulaagaalee garee hawaasaa qorannoon tokko gaafatu guutuu isaaniimirkaneefataniitti odeeffannoo dhuunfaa kennisiisuun barbaachisaa hin ta'u. Kunis hirmaattooni deebinsaaanii miidha kamiyyuu akka itti hin fidnee waan itti dhageesisuuf deebii haqaa akka nuuf kennan dandeesisuun sassaabbiin ragaa faayidaa qabeessa akka ta'u taasia. Odeefannoon dhunfaa sasaabaman illee hirmaatoota secca'uu irra darbee nama adda baasuuf faayida irra hin oolan.

- **Fayaida qabeessa ta'uuf Qorannoon Hangamtaa Taajjabbii Kallattii hin barbaachisu** Qorattoonni yeroo mala hangamtaa fayyadaman seeroota murtaa'oo fayyadamuu qabu, haa ta'u male hirmaataa mara kallattiin taajjabuun garuu barbaachisaa miti. Kan jechuunis gaafannoo survee gara namootaati erguun kutaa tokko keessatti duukaa argaman utuunun barbaachisiin deebii isaanii argachuu dandeenya. Kunis reetii deebii fooya'aa akka jiraatu taasisa; sababni isaas, namoonni deebii isaanii kennuuf yeroo bal'aa fi dhibbaa xiqqaa qabaatu. Cimmni gaafilee gafatamanii fi dheerinii survee yookaan af-gaaffii hirmaannaa danqaa ta'uu danda'anis, baayyinni ragaa mala hangamtaan sassaaban faayidaa guddaa nuuf kennu.
- **Loogii ('bias') Xiqqeessuu** Malli qorannoo kun yaadni dhuunfaan akka hin jiraanne ni daangeessa yookan deebii irratti loogiin akka hin jiraannee taasia. Firiin argamanis kan lakkoofsaa waan ta'aniif, yeroo baayyee loogiin ala ni ta'u.

Kutaa 2.2 Hanqina Maloota Hangamtaa

- **Maloonnni kun hiikaa ta'eewwan haawwasaa duddubaa jirran ilaalcha keessa hin galchan** Tooftaan hangamtaa deebii gaaffiwwan murtaa'aanii soquu fedha; kunis, Haypootesesii/ agarsiistuu murtaa'oon mirkaanaa'uu yookan soobeeffamuu yookaan safaramuu akka danda'aaniifi. Kunis yeroo namoonni ilaalchha isaanii yookaan murtoo isaanii nuu qoodan feedha keessoo qaban ilaalcha keeesa hin galchu. Galmi adeemsa sassaabbii ragaa kunis fakkii ammee hawwaasni filatame tokko qabu kaasuuf dha. Kana jechuunis, malli kun akkamitti akka hawwaasni jijjiiramu yookan akamitti namoonni gocha isaanii namoota kan biroof hiika akka kennan safaruu hin danda'u.
- **Qorannon Hangamtaa baayee qaalii ta'uu danda'a** Yeroo qorannoon tokko geggeefamu dhimmi baasii rakkisaa taana, tooftaa hangamtaa ilaalcha keessa galchuun daangaa nutti a'a.
- **Sirrruummaa Deebiwwanii** Taajjabbiin kalatti mala kana keessatti yeroo mara waan hin danda'amnef, karaan itti sirruummaa deebii namoonni nuuf kennan haala hiika qabeessa ta'een itti mirkaneeffannu hin jiru.
- **Amalloonni namoottaa dhunfaa yeroo mara hawwaasa walii galaaf hojjechuu dhiisuu danda'u** Qorattoonni yeroo maraa sodaa isaan qaban deebiin yookaan amalonni qorannoo hangamtaa (saamuda irratti hundaa'e) keessatti argaman bakka buutuu sirrii hawwaasa walii galaa ta'uu dhiisuu akka danda'uu dha. Kaanifs, malli kun akka hojettuuf tilmaamoonni baayyeen sirrii ta'uun waan barbaachisuuf, salphaamatti goolaba yookan hariroo dhugaa hin taanee irra ga'uu dandeenya. Filannoon saamudaa carraa irratti hundaa'ee loogii hir'isuuf hojii irra olfamuus dhibbaa dhibbatti amansiisaa hin tu'uu. Amantaan ragaa akkasii irratti qabaachun dandeenyu tokkich yoo jiraate, yoo raga ga'aa walitti qaben, gidduu galeessi xiinxallii isaa irraa argannuu gara galma bu'a qeebeessa ta'e tokkotti akka nu geessuu danda'u dha.

Amaloota Addaa Maloota Hangamtaa

- **Meeshawwan Caaseeffaman:** Meeshaawwan caaseeffaman kanneen akka survee, poolii yookan gafannooo ragaa sassaabuuf faayidaa irra ni oolu. Maloota caasefammoo akkasii fayyadamuun ragaa gadi-fagoo fi tarkaanfi itti aanuuf gargaaran hirmaattoota irraa akka sassaabnu dandeessisa.
- **Baayyina Saamudaa:** Qorannoon hangamtaa baay'ina saamudaa guddaa kan uummata xiyyeeffannoo qorannoo sanaa bakka bu'uu irratti geggeefama. Qorannoo sana sirrummaa isaa eeguuf, mala filannoo saamuudaa malu fayyadamuun barbaachisaa dha.
- **Gaaffiiwwan Dhumni isaanii cufaa ta'e:** Gaaffiiwwan dhumni isaanii cufaa ta'e akkaataa kaayyoo qoranichaatti kan qophaa'an ta'a. Gaaffiwwan kun ragaa hangamtaa akka sassaabnuuf waan dandeessisanif qorannoon hangamtaa kessatti bal'inaan hojiirra ni oolu.
- **Ragaa Hangamtaa:** Yeroo baayyee, ragaan hangamtaa gabateewwan, chaartiiwaan, graafiiwwan yookan bifa lakka'aamoo hin taane kan biroon bakka ni agarsiifamu. Kunis ragaa sassaabe salphaatti akka hubatamuu fi sirrummaa qoranichaaas mirkanaa'u taasisa.
- **Firii argamee dimshaasheessuu:** Firiin mala qorannoo akkasii gara ummata saamudni irrraa fudhatameetti dimshaasheessun foyyee fiduuf tarkaanfiin barbaachisoon akka fudhataman taasisa.

Kutaa 3: Saamuda Fudhachuu


Saamuudnicita tutaa uummata qorannoo jala jiruutii. Jecha kan biraan, saamduni cita tutaa yookaan qaama uummataa haala teeknikaawaa ta'een kaayyoo waa'ee yookaan amala uummataa sanaa raaguuf filatamu dha. Sarveen sarara bu'uuraa (baseline survey) fi qo'annoowwan kan biroon kaayyoo gamaaggamaaf fayyadan saamuda akka bakka-bu'aa uummata fedha qorannoo isaanii akkata'utti fudhachuun sarvee

geggeessu. Saamuda fudhachuun guutumaa ummataa irraa utuu hin taanee cita tutaa isaa irraa daataa sassaabuun yeroo fi baasii silaa fixnuu hir'isuuf nu gargaara.Saamuduun (fuudhannaan Saamudaa) adeemsa ittin lakkofsii miseensaa dursee murtaa'ee umata keesssaa itti fudhatamu dha. Saamduni mala carraa irratti hundaa'ee fi carraa irratti hin hundoofneen fiilatamu danda'a. Garaagarummaann isaanii inni guddaan saamuddin carraa irratti hundaa'e carraa filatamuuhundaaf banaa (randomized) taasisa, saamuddiin carrraa irratti hin hundoofnee garuu akkas miti. Kana jechuun saamuudooni carraa irratti hundaa'ee hin filatamin bakka bu'aa uummataa hin ta'u jechuu miti. Haa ta'u malee maloota istaatistiksii raaggii (inferenshiyaalaa) fayyadamuun waa'ee uummatichhaa yaada dimshaashaa kennuuf nu hin dandeessisu jechuu dha.

Adeemsa fudhannaa saamudaa murteessuuf gaafilee gargaaran:

- Kaayyoon qoranchaa maalii? (Wal bira qabuu dha, addeessuu dha, ibsuu dha …?
- Daataa gosa akkami sassaabuutu narraa eegama akkasumas agarsiistuu gosa akkamiinan safaruuf yaalaa jira?
- Sadarkaan qoqqoodii hammamiitu baraadama? Saalaan, umuuriin midhama qaaman qooduun narra jraa? (Sadarkaan qoqqooddii dabaluun hamma saamudaas dabaluu jechuu waan ta'uuf).
- **Odeffannoo akkamiin waa'ee uummata** sana qaba?
  - Uummatichi hammam guddaa dha?
  - Hammattu (freemii) saamudni keessa fudhatamu (tarreefama namoota saamudamuu danda'anii) qabaa? Yoo hin jiraannni, ofii kootii qopheessuu nan danda'aa?
- **Qabeenya** maaliin qaba? _ (Dandeettii sassaabdota ragaa, daangaa bajata, yeroo_

Kutaa 3.1: Saamuddii Carraa irratti Hundaa'ee





Saamuddiin carraa irratti hundaa'ee teeknika saamuddii kan fudhannaan saamudaa nama dhuunfaa uummata keessa jiruu hundi filatamuuf carraa wal-qixaa itti kennamuuf dha. Inni kunis mala saamuuddii caalmaatti baratamaa ta'ee fi maloota garaa garaa qabu dha. Dhaawaatni saamuuddii carraa irraattii hundaa'ee qajeeltowwan "Saamuuddii tasaa (random sampling" hordofa. Kunis kan gaafatu miseensi kamiyyuu carraa filatamuu beekamaa ta'e, kan zeroo irraa ol ta'e qaba jechuu dha. Saamuddiin carraa Tiyoorii istaatistiksii idilee irratti kan hundaa'ee, gatiin siirriii ta'e fi tilmaamni amanamu akka shallagamu kan dandeesisuu fi loogii kan hiri'isu dha.

Kutaa 3.1.1 Gosoota Saamuduu Carraa irratti Hundaa'ee




Saamuda Tasaa Salphaa

Saamuda Tasaa Salphaa (Simple random Sampling SRS) malawwan carraa irratti hunda'uaan biroo qajeltoo bu'uuraati. Akkuma islaayidii keessatti agarsiifame, saamuda tasaa salphaan bifa saamuda carraaa isa hunda caalaa bu'uuraa ta'us pirojektoota misoomaa keessatti yeroo baay'ee kan itti fayyadamnu miti. Dhugaa dubbachuuf, SRS akka mala "kophaa isaa" ta'etti yeroo muraasaaf kan itti fayyadamudha; kanaa mannaa malawwan saamuda fudhachuu biroo wajjin walqabatee fayyidaa irra oola.

Population	Sample Method	Sample
A sampling frame exists or can be created. The population of interest can be identified uniquely by number.	Selection of elements by random number.	Each element of the population has an equal and known chance of being selected from the sampling frame.
		


Saamuda Tasaa Tartiiba Qabu


Saamuda tasaa tartiiba qabu (stratified random sampling) tooftaa saamuda carraa (probability sampling) yoo ta'u, ummanni ulaagaa tokko tokko ykn amala filatamoo (fkn, umurii, haala hawaas-dinagdee, saala) irratti hundaa'uun akkaataa garee xiqqaatti ramadama. Gareen kunniin strata bakka bu'u. Tokkoon tokkoon stratum irraa saamuda tasaa filatama. Saamuda tartiiba qabuun, bu'aan qorannoo hundarra gaariin kan uumamu yeroo elementoonni tokkoon tokkoon tartiiba keessa jiran walfakkaataa ta'an (fkn, wal fakkaatu).

Population	Sample Method	Sample
The population is separated into homogenous subgroups (called strata).	Random selection of elements from each stratum.	Every element of each stratum in the population has an equal chance of being selected into the sample (proportional sampling).
		

Saamuda Siirnaawaa

Saamuda sirnaa, saamuda intarvaalaa (interval sampling) jedhamuunis kan beekamu, mala saamuda tasaa kan qorattoonni yeroo baay'ee salphaa fi yeroo yeroon kan filataman ta'uu isaati. Qaamni jalqabaa furmaata saamudaa mala tasaa filatamuu kan danda'u yoo ta'u, tokkoon tokkoon elementii itti aanu adeemsa dursee murtaa'e fayyadamuun filatama. Fakkeenyaaf, elementiin kffaan hundi hanga guddinni saamudaa barbaadamu guutamutti filatama. Faayidaa sirnaan saamuda tasaa fudhachuu saamuda tasaa salphaa irratti qabu keessaa tokko ummanni walqixa saamuda akka fudhatamu mirkaneessuu isaati (saamuda tasaa salphaan akka carraa qofaan garee ykn "kilaastara" uumuu danda'a).

Population	Sample Method	Sample
Sampling frame allows the population to be arranged according to some scheme.	Identify a random starting point. Select every *k*th unit.	Every element of the sample frame has an equal and known chance of being selected into the sample.
		



Saamuda tasaa kilaastaraa kan raawwatamu sababa baay'ina ummataatiin saamuda tasaa salphaan yeroo hin danda'amnedha. Innis tooftaa saamuda fudhachuu pirojektoota misoomaa keessatti baay'inaan itti fayyadamnu yoo ta'u, keessumaa yeroo furmaanni saamuda fudhachuu ykn tarreen ummataa hin jirre garuu tarreen gandoota, magaalota, kaampii fi kkf (i.e., kilaastaroota) yeroo jiranitti faayidaa guddaa qaba. Saamuda kilaastaraa wajjin, bu'aan qorannoo gaariin kan uumamu yeroo elementoonni tokkoon tokkoon kilaastara keessa jiran adda adda ta'anitti (fkn, walirraa adda ta'a). Saamuda kilaastarii baasii qabxii saamuda tokkoof bahu hir'isa (sababni isaas yuunitiin saamudaa naannoo teessuma lafaa keessatti "kilaastaraan" waan ta'aniif, qaqqabummaa salphaa taasisa) garuu akka waliigalaatti saamuda tasaa salphaa ykn saamuda tartiiba qabu caalaa sirrii miti. Haalli saamuda dabaluu yeroo baay'ee saamuda kilaastara irraa kan maddu yeroo baay'ee kasaaraa sirritti mul'atu kan ofirraa ittisu yoo ta'u, kunis filannoo "isa hunda caalu" isa taasisa.

- **Dizaayinii sadarkaa tokkoo keessatti** elementoonni kilaastara tokko keessa jiran hundi saamuda keessatti hammatamu. Kilaastaroonni amala nuti safarnu ilaalchisee walirraa adda yoo ta'an, saamuda keessatti loogii ykn bakka bu'ummaa dhabuu fiduu danda'a.
- **Dizaayinii sadarkaa lamaa keessatti,** saamuda kilaastarootaa sadarkaa jalqabaa irratti (yeroo baay'ee saamuda tasaa salphaadhaan) kan filatamu yoo ta'u, elementoonni tokkoon tokkoon kilaastara keessa jiran sadarkaa lammaffaa irratti filatamu. Saamuda sadarkaa lamaa kan fayyadamu yeroo guddinni kilaastarootaa guddaa ta'e yoo ta'u, kunis elementoota hunda irraa daataa walitti qabuun baay'ee qaala'aa ykn rakkisaa ta'a jechuudha.
- **Saamuda sadarkaa hedduu qabuun**, qabatamaan, kilaastaroonnis yeroo baay'ee tartiiba ni qabaatu. Qorannoon maatii, fakkeenyaaf, sadarkaa filannoo afur of keessatti qabachuu danda'a: aanaa, ganda, maatii fi deebii kennituu ulaagaa guutuu qabu.

Kutaa 3.2: Saamuda carraa irratti hin hundoofne

Saamuda carraa irratti hin hundoofnee (non-probability sampling) filannoo elementoota haalaan murtaa'an of keessatti qabata. Akkaataa idileetti yeroo furmaanni saamuda hin jirre, fi uumuun hin danda'amne malawwan carraa hin taaneetti fayyadamna.

Kutaa 3.2.1: Gosoota Saamuda Carraa Irratti Hin Hundoofnee

Saamuda mijataa fudhachuu

Akkasumas saamuda akka tasaa jedhamuun kan beekamu yoo ta'u, saamuda lakkaa'aa salphaatti dhaqqabamu fayyadama (fkn, manneen jireenyaa daandii guddaa tokkotti dhihoo ta'an, maamiltoonni 20 jalqabaa guyyaa murtaa'e tokkotti wiirtuu karoora maatii seenan, barattoota tarree jalqabaa daree murtaa'e tokko keessa jiran). Saamuda mijataa akka idileetti bakka bu'aa uummata xiyyeeffannoo kan hin qabnee fi loogii guddaa kan qabu dha. Yeroo baay'ee irraa fagaachuu qaba — keessumaa bakka bu'aan baay'inaan madaalamuu qabutti.

Saamuda kaayyoodhaan fudhachuu

Fakkeenyota elementoonni uummataa murtii qorataa irratti hundaa'uun qorannoo tokko irratti hirmaachuuf filataman agarsiisa. Qaamonni ykn dhimmoonni kun kaayyoo ykn galma murtaa'e tokko yaada keessa galchuun kan filatamanidha. Yeroo baayyee odeeffannoodhaan kan badhaadhan yoo ta'u, waa'ee uummataa hubannoo amanamaa ta'e argachuuf kan hayyamu — fakkeenyaaf, barsiisonni yoo amala daa'imman umuriin isaanii barnootaaf ga'e qorachaa jirtan filatamuu danda'u.

Saamuda kootaafudhachuu

Deebii kennitoonni dursanii hin filataman. Kanaa mannaa, tokkoon tokkoon amaloota to'annoo _ (fkn, saala, garee umurii, sadarkaa barnootaa, gosa) raabsa isaanii beekamaa ummata keessatti irratti hundaa'uun kootaan ni kaa'ama. Amaloonni to'annoo amala ilaalamuu danda'anii fi safaramuu danda'anii fi bu'aa safaramaa jiru irratti dhiibbaa akka qaban yaadamaniidha.

Saamuda Isnoow Boolii ('Snowball')

Tooftaa saamuda fudhachuu kana keessatti (kan saamuda neetworkii jedhamuunis beekama), namoonni af-gaaffii godhaman jalqaba irratti dandeettii odeeffannoo baay'ee qorannichaaf barbaachisaa ta'e kennuu isaanii irratti hundaa'uun kaayyoodhaan kan filataman yoo ta'u, sana booda maqaa namoota af-gaaffii taasifameen biroo kanneenis waliin haasa'uu danda'an akka yaada kennan gaafatamu mata duree irratti aangoo (odeeffannoo quunnamtii isaanii ibsuuf hayyamni erga barbaadamee booda, yoo mata dureen sun miira namaa kakaasu ta'e). Rifaralli sansalataa hanga maqaan haaraan hin mul'annetti itti fufa.

Gocha 13

1. Garee hirmaattota 3 hanga 4 of keessaa qabu uumuu.
2. Maqaa gosoota adda addaa saamuda carraaquu waraqaa irratti barreessanii dachaasuu.
3. Tokkoon tokkoon garee akka tasaa waraqaa tokko haa filatu. Gosti saamudaa isaan filataman gareen sun kan ittiin hojjetudha.
4. Gareen tokkoon tokkoon isaanii meeshaalee jiran kan akka flip chart, stickers, markers fi kkf fayyadamuun amala ijoo gosa sample isaanii irratti xiyyeeffannoo kennuudhaan hirmaattota leenjii akka ummata isaaniitti fayyadamuun akkamitti sample akka filatan haa agarsiisan.
5. Tokkoon tokkoon garee hojii isaanii haa dhiyeessan.

Yeroo Barbaachisu

- Daqiiqaa 15 Hojii Gareef
- Daqiiqaa 5 hojii garee dhiheessuuf

Meeshaalee Barbaachisan

- Flliip Chaartii
- Maarkarii

Yaadannoo Shallaggii Guddina Saamuda Toora Interneetii Ilaalchisee

Shallaggiin guddina saamudaa toora interneetii irratti akka karaa saffisaa fi salphaa guddina saamudaa tilmaamuuf gargaarutti fakkaachuu danda'a, meeshaaleen garmalee salphaa ta'an kun yeroo baay'ee foormulaa tokko fayyadamuun hamma saamudaa shallaguuf yeroo paarameeteroota murtaa'an foormulaa keessatti gatii murtaa'e irratti (kan akka humna %50 irratti) cufaniiru. Kunis tilmaama guddina saamudaa dogoggoraa fi saamuda gadi aanaa guddaa fiduu danda'a. (Kun hundee isaatiin guutummaa hin qabu. Yookaan fayyadamuu fi dhiisuu isaa gorsuu qaba, yookaan ammoo shallaggii ragaa amansiisaa cimaa qaban kana irraa fagaachuu qaba. Kanaaf, kun akka bahu yaada dhiyeessina.)

Kutaa 4: Sassaabbii Daataa Hangamtaa Sarveewwan fayyadamuun

Sarveen mala hangamtaa garee deebii kennitootaa dursanii ibsame irraa odeeffannoo walitti qabuun mata dureewwan fedhii adda addaa irratti odeeffannoo fi hubannoo argachuuf gargaarudha. Kaayyoo dachaa qabaachuu kan danda'u yoo ta'u, qorattoonni mala filatamee fi galma irratti hundaa'uun karaa hedduudhaan gaggeessuu danda'u.

Moodaaliitiin Sarveehaala itti daataa kee itti walitti qabdu ibsa. Haalli qorannoo ofiin bulchuu fi gaaffii fi deebii kan bulchu, dijitaalaa fi dijitaalaa hin taane, fi fageenya irraa fi fuula fuulatti gaggeeffamu jedhamuun garee ta'uu danda'a.

Gocha 14

1. Garee hirmaattota 3 hanga 4 of keessaa qabu uumuu.
2. Gareedhaan qorannoof ykn agarsiistota safaruuf qorannoo jalqabuu dura wantoota ilaaluu qabdan tokko tokko irratti mari'adhaa.
3. Sana booda muuxannoowwan gaarii yeroo qorannoo qopheessitan ilaaluu qabdan tokko tokko irratti mari'adhaa.
4. Gareen tokkoon tokkoon isaanii marii isaanii flip chaartii irratti haa galmeessan, sana booda garee waliigalaa irratti haa dhiyeessan.

Yeroo Barbaachisu

- Daqiiqaa 25 Maree Gareef
- Daqiiqaa 5 hojii garee dhiheessuuf

Meeshaalee Barbaachisan

- Flliip Chaartii
- Maarkarii

Kutaa 4.1 Sarvee Wixineessuu

Haala milkaa'aa ta'een daataa faayida qabeessa ta'e karaa sarvee walitti qabuuf, muuxannoowwan gaariin wayita sarvee keessan wixineesitan ilaalcha keessa galuu qaban muraasni ni jiru.

Ilaalchoota	Ibsa
Waan salphaa irraa jalqabii	■ Sarvee gaaffilee deebii salphaa ta'aniin jalqabuu, deebii kennitoonni iskeelii deebii kennuu fi gaafatamaa ykn meeshaa qorannoo wajjin akka walbaraniif. ■ Gara dhuma sarveetti, yeroo deebii kennitoonni gaaffii deebisuuf ofitti amanamummaa guddaa qabanitti gaaffiiwwan miira namaa tuqan gaafachuu.
Gaaffii Demoogaafii	■ Gaaffiiwwan deemograafii hammam miira namaa akka tuqan irratti hundaa'uun iddoo qabsiisuu. ■ Gaaffii dimogiraafii (fkn. saala hirmaattootaa, umrii, biyya ka'umsaa, galii waggaa) gaafachuun gaaffilee armaan gadii akkamitti akka deebisan caalaatti akka dammaqan gochuu danda'a. Kanaafuu gaaffilee dimogiraafii dhuma qorannichaa irratti kaa'uu dandeessa ykn gaaffilee dimogiraafii baay'ee barbaachisoo ta'an jalqaba irratti kaa'uu fi kanneen barbaachisoo hin taane xumuraaf qusachuu dandeessa. ■ Gaaffiiwwan dimogiraafii deebii kenname addaan baasuu fi xiinxaluu danda'uuf daataa ijoo baay'ee barbaachisaa ta'e ni dhiyeessu. Kanaafuu, gaaffilee dimogiraafii deebisuu dirqama taasisuu.
Gaaffilee Wal duukaa Ramaduu	■ Gaaffiiwwan jalqabaa sarvee kee keessatti kallattiin mata duree qorannichaa wajjin kan walqabatan ta'uu isaanii mirkaneessuu fi gaaffilee walqabatan walitti qabaa. ■ Jalqaba irratti gaaffilee mata duree qorannichaa wajjin kallattiin walqabatan qabaachuun qorannichi deebii kennitootaaf caalaatti hawwataa kan taasisu yoo ta'u, gaaffilee mata duree xiqqaa tokko waliin walqabatan hunda sirriitti wal duraa duubaan kaa'uun deebii kennitoonni akka salphatu taasisa yeroo tokkotti dhimma tokko sirriitti yaaduu waan danda'aniif.

Filannoowaan Deebii tasa taasisuu	■ Xiyyeeffannoo deebii kennituu qorannoo eeguuf yeroo danda'ametti filannoo deebii tasaa kennuu. ■ Deebii kennitoonni sarvee yeroo baay'ee tarree filannoowwan deebii keessaa deebii jalqabaa ykn isa dhumaa ni filatu sababiin isaas isaan kanneen salphaatti adda baafaman waan ta'aniif. Keessattuu deebii kennitoonni qorannoo tokkoof saffisaan deebii kennuudhaaf yeroo yaalan kun kan ta'udha. ■ Tartiiba iskeelii deebii (poozatiiva irraa gara negaatiivaatti ykn negaatiiva irraa gara pozaatiivaatti) gaaffilee gidduutti akka tasaa gochuun loogii deebii hir'isuuf karaa gaarii dha.
Gabaabaa taasisi	■ Sarvee hanga danda'ametti gabaabsuu. Gaaffiiwwan deebii kennuu qabu xiqqaa ta'uun deebii isaa irratti yaaduuf yeroo baay'ee qaba, dabaree isaatiinis daataa ati walitti qabdu qulqullina fooyya'aa qabaata. Qorannoon baay'ee dheeraa yoo ta'e, deebii kennitoonni gaaffilee gara dhuma qorannichaa kaa'amaniif deebii kennuu ni dhiisu.

Kutaa 4.2 Sarveef Qormaata Duraa fi Yaalii Taasisuu

Meeshaa tokko yaali gochuu jechuun gara addunyaa dhugaatti fudhachuu fi namoota dhugaa wajjin haala karoora daataa jalqabaa walitti qabuuf qabduun hamma danda'ametti wal fakkaatu keessatti qorachuu jechuudha. Meeshaalee qorannoo odeeffannoo idilee walitti qabuu keessatti osoo itti hin fayyadamin dura dursanii qorachuu fi yaaliin gochuun gaaffiiwwanii fi madaalli kee kaayyoof akka mijatu mirkaneessuuf murteessaadha.

Qormaata Duraa

Qormaanni duraa, yeroo baay'ee yaalii wajjin walqabatee kan raawwatamu, adeemsa deebii kennitoonni gaaffii fi qajeelfama kee akkamitti akka hubatanii fi hiikan hubachuudha. Kaayyoon qorannoo duraa gaaffiiwwan meeshaa kee keessatti hammataman deebii kennitootaaf kan mijatan ta'uu isaanii, akka yaadameetti kan hiikaman ta'uu isaanii, fi dhuma irratti odeeffannoo isin barbaachisu akka isiniif kennan mirkaneessuudha.

Yaalii Taasisuu

Yaalii gochuuf karoora qopheessinu keessatti wantoota ijoo ta'an/ ilaalcha keessa galuu qaban:

Ilaalchoota	Ibsa
Maal	Yaaliin meeshaa sarvee qofa osoo hin taane adeemsa guutuu qorachuu qaba. Haala kanaan, mala saamuda fudhachuu, hirmaattoota qacaruu, hayyama argachuu, qorannoo gaggeessuu, meeshaalee toora interneetii ykn moobaayilaa kamiyyuu, fi daataa xiinxalaaf qophaa'e galchuu/qulqulleessuu qabda.
Eenyu	eroo yaalii akka gaariitti fayyadamuuf, namoota daataa guutuu walitti qabuuf leenjifte fayyadami. Kana jechuun meeshaa sanaan of baruu, tooftaa af-gaaffii isaanii shaakaluu fi yoo barbaachise yaaddoo mataa isaanii kaasuu danda'u. Qorannoon ofiin bulfamuuf, namoonni adeemsa raabsuu ykn to'achuuf itti gaafatamummaa qaban yeroo yaalii keessatti akka hirmaatan gochuun adeemsa hubachuu akka danda'anii fi bakka barbaachisaa ta'etti akkamitti akka deeggaran beekuu danda'u.
Hammam	Lakkoofsi qormaata yaalii pirojektii irraa pirojektiitttii fi meeshaa irraa meeshaatti garaagarummaa qaba garuu yoo xiqqaate: • tokkoon tokkoon meeshaa adda addaatiif yoo xiqqaate al tokko; • yoo xiqqaate garee deebii kennitoota adda addaa tokkoon tokkoon isaanii wajjin al tokko (yoo meeshaaleen adda adda ta'an); • yoo xiqqaate al tokko walitti qabaa daataa tokkoof (yoo barbaachisaa ta'e).
Eessa	Filannoon iddoo yaalii yoo xiqqaate gartokkoon ilaalcha loojistikiitiin odeeffannoo argachuu hin oolu garuu qorannoon yaalii namoota odeeffannoo ijoo walitti qabuu irratti hin hirmaanne waliin taasifamuu qaba. Qorannoon uummata tokkoo ol irratti raawwatamuu qaba yoo sababa uummanni baay'ee adda ta'a jettee amantu qabaatte (fakkeenyaaf, magaalaa fi baadiyyaa).
Yoom	Qormaata yaalii jalqaba yeroo odeeffannoo walitti qabuutti baay'ee dhihoo ta'etti hojjechuun waanuma jiruu fi hojiirra ooluu danda'a. Haa ta'u malee, xumura yaalii fi jalqaba daataa walitti qabuu gidduutti yeroo gahaa fooyya'iinsaaf dhiisuun gauruu barbaachisaa dha.

Kutaa 4.3 Sarvee Hojii irra olchuu

<table>
<tr><th>Ilaalchoota</th><th>Ibsa</th></tr>
<tr><td>Sarveen eessatti adeemsifama</td><td>Bakki qorannoon itti gaggeeffamu adeemsa guutuu irratti dhiibbaa guddaa waan qabuuf dursanii karoorfachuun murteessaadha. Bakka sirrii filachuun deebii kennitoonni hirmaachuu isaaniitti gammaduu isaanii mirkaneessuuf gargaara, akkasumas yaadaafi ilaalcha amanamaa isaanii akka qooddatan taasisuudhaan mijataa fi nageenyi akka itti dhaga'amu taasisa.
Bakka yeroo filattu kannen armaan gadii ilaalcha keessa galchi:
<table>
<tr><td>Dhuunfummaa</td><td>Hirmaattonni namoota dhaga'uu danda'an irraa balaa haaloo ba'uu malee yaada isaanii ibsuu akka danda'an itti dhaga'amuu qabu – keessumaa haasawa tokko tokko miira namaa kakaasu ilaalcha keessa galchuun. Kanaafuu, qorannoon bakka dhuunfaatti bakka isin dhaga'amuu hin dandeenyetti gaggeeffamuu qaba. Yeroo baay'ee qorannoon tokko yoo addaan cite ykn kana booda dhuunfaan gaggeeffamuu hin dandeenye addaan cituu qaba.</td></tr>
<tr><td>Mijataa fi Dhaqqabumaa</td><td>Deebii kennitoonni bakka sanatti mijataa ta'uu qabu. Yeroo qorannoo qopheessitu, keessumaa namoota akka imalan yoo gaafatte, nyaata haaromsaa fi meeshaalee deebii kennaan caalaatti akka tasgabbaa'u gochuu danda'an qopheessuu yaadaa – kanneen akka meeshaalee taphaa ykn waraqaa fi qalama daa'immaniif (ijoollee dhiiraa fi ijoollee durbaa).
Akkasumas dhaqqabummaa iddoowwanii ilaaluu qabda, keessumaa namoota (ijoollee dhiiraa/shamarran ykn dubartoota/dhiirota) qaama miidhamtootaaf.</td></tr>
<tr><td>Mijannaa</td><td>Bakkeewwan qorannoowwan itti gaggeeffaman salphaatti kan qaqqabamanii fi nageenya kan qaban ta'uu qabu, hirmaattonni hirmaachuu irratti baay'ee akka hin jeeqamne ykn akka hin rakkanne mirkaneessuu.</td></tr>
<tr><td>Nageenya</td><td>Qorannoowwan irratti hirmaachuun deebii kennitoota balaa kamiyyuu keessa galchuu hin qabu. Keessattuu deebii kennitoonni daa'imman, namoota qaama miidhamtoota ykn ummata saaxilamoo biroo yeroo hammatan nageenyaafi tasgabbii bakka filatame haalaan ilaali.</td></tr>
</table>
</td></tr>
<tr><td>Akkaataa qajeelfama itti kenninu and support.</td><td>Deebii kennitoonni qajeelfama ifa ta'e argachuu fi yoo barbaachise deeggarsa argachuu danda'uun barbaachisaa dha. Kana jechuun,
• sarveen fuulaa fuulatti yoo gaggeeffamaa jiraate, deebii kennitoonni unka guutan namni to'atu jiraachuu.
• sarveenn fageenya irraa kan raawwatamu yoo ta'e, deebii kennitoonni yoo barbaachisaa ta'e deeggarsa akka argatan, ykn odeeffannoo dabalataa akka gaafataniif odeeffannoon ittiin nama biraa quunaman ni jiraachuu.</td></tr>
<tr><td>Deebii kennitoonni qorannoo kana yeroo hangamiitti xumuruu qabu?</td><td>Sarvee fagoo yoo ta'e, kennitoonni sarvee sana yeroo hammamii keessatti akka xumuran ifa ta'uu qabda. Walumaagalatti namoonni yeroo gahaa akka qabaataniif kun torban lamaa gadi ta'uu hin qabu. Gidduuttis yaadachiisa erguun kenninsa deebii guddisuuf gargaaruu danda'a.</td></tr>
</table>

Sarvicha eenyutu gaggeessuu qaba?

Sassaabdoota daataa yeroo qacartu, akkamitti deebii kennitootaan fudhatamuu akka danda'an ykn waliin akka walqunnaman, akkasumas dhiibbaa kun deebii ofii isaanii irratti qabaachuu danda'u ilaaluu qabda. Kun keessumaa sadarkaa hawaasaatti fi gareewwan deebii kennitoota tokko tokko (fakkeenyaaf daa'imman, miidhamtoota miidhaa fi kkf) wajjin murteessaadha. Qorannoowwan af-gaaffiidhaan geggeefamuuf walitti qabatoota daataa yeroo filattu, waantoota armaan gadii ilaaluu qabda:

Saala	Gaaffii fi deebii kan geggeessu/situu saala walfakkaataa ta'uu qaba/ qabdi, keessumaa dubartootaa fi shamarran irratti, akkasumas bakka mata dureewwan miira namaa tuqan mari'atamaa jiranitti.
Umurii	Gaaffii fi deebii kan geggeessu/situu, umrii deebii kennitootaa wajjin naannoo tokko ta'uu qaba/qabdi, keessumaa haalawwan aadaa tokko tokko keessatti umriin namoonni hammam bilisaan akka walqunnaman shoora yeroo qabaatu. Yoo kun daa'imman ykn dargaggoota irratti hin danda'amne ta'e, walitti qabaan odeeffannoo tooftaalee gosoota deebii kennitoota kana waliin ittin hojjetuuf/ttuuf leenji'uu qaba/ qabdi.
Afaan	Gaaffii fi deebii namni geggeessu/situu akka idileetti afaan deebii kennituu wajjin tokko, ykn afaan deebii kennaan itti fayyadamuuf mijataa ta'een dubbachuu danda'uu qaba/qabdi. Kunis afaan mallattoo dabalata. Bakka kun rakkisuutti gargaarsa qunnamtii (kan akka kaardii suuraa qabu) fayyadamuun barbaachisaa ta'a.
Dandeettii	Meeshaalee, pirootokoolii odeeffannoo walitti qabuu, fi yaada naamusaa fi eegumsa daa'immanii irratti sassaabdootaa daataaf leenjii gahaa kennuu. Sassaabdoota daataa beektuu fi amantu filadhu. Dhaabbileen baay'een sassaabdoota daataapuulii ykn tarree pirojektoota adda addaa keessatti fayyadaman irraa qacaratu.

Qorannoon kun yoom gaggeeffamuu qaba?

Hirmaannaa guddisuu fi rakkoo deebii kennitoota keessanii xiqqeessuuf sarveen tokko yoom akka beellamame ilaaluun barbaachisaadha. Loojistikiidhaan yoom sarveecgaggeessuu akka dandeessu adda baasuun, walitti qabatoota daataa meeqa akka si barbaachisuu fi guyyaa meeqa akka si barbaachisu karoorfachuuf si gargaara.

Sarvee geggeessuuf yeroogaafa filattu kannen armaan gadii ilaalcha keessa galchi:

Mijannaa	Tokkoon tokkoon garee xiyyeeffannoof, yeroo fi guyyaa filachuu dura sa'aatii hojii, itti gaafatamummaa manaa/ dinagdee/qonnaa, sochii, fi sochii amantii/ aadaa ilaali. Tokkoon tokkoon deebii kennitoota kee bira ga'uuf yeroon fi guyyaan gaariin yoom akka ta'e gorsa naannoo keetii fudhadhu, akkasumas haala kanaan sagantaa qabadhu.
Nageenya	irmaattotaa fi garee odeeffannoo walitti qabuuf gara iddoo qorannoottii imaluu irratti dhiibbaa nagaa ta'e ilaali.
Qindaa'insa	Garee hirmaattota murtaa'aniif, deebii kennitoota argachuuf manneen barnootaa (barattootaaf) ykn kilinika fayyaa (deessistootaa fi narsootaaf) walin sagantaa qindeessuun yaadaa. Haa ta'u malee, qorannoon dhugoomsa mirgaa irratti dhiibbaa uumuu hin qabu, fakkeenyaaf (ijoollee dhiiraa fi ijoollee durbaa) mana barumsaa ala baasuudhaan.
Ko'oomannaa	Hirmaattota qacaruufi yeroo/guyyaa mijataa adda baasuuf deebii kennituu hawaasaa ykn dhuunfaa dursanii hirmaachisuu. Kana ofuma keetii gochuu dandeessa ta'a ykn sochoositoota hawaasa naannoo haala dubbii beekan fayyadamuu dandeessa.
Dadhabbii	Odeeffannoo walitti qabuun adeemsa cimaadha. Akka kanaan gareewwan daataa walitti qabuu kee boqonnaa fi boqonnaa gahaa akka qabaatan mirkaneessuu qabda. Lakkoofsi qorannoo ati gochuu dandeessu wantoota akka yeroo imala deebii kennitoota gidduu jiru irratti hundaa'a.

Kutaa 5: Tooftaa Akkamtaa fi Maloota isaa

Gocha 15

1. Hirmaattootni yaad-rimeen "Tooftaa Akkamtaa" maal jechuu akka ta'e akka mariyatan gaafadhu akkasumas fakkeenya maloota akkamta haa kennani.
2. Faayidaa fi hanqinni tooftaa akkamtaa maal fa'aa ta'uu akka danda'an itti haa yaadanii.
3. Maloota kanneen keessa warra kam akka beekanii yookan Kanaan dura dhaabbata isaanii keessatti fayyadamanii akka beekan haa mari'atan.

Yeroo Barbaachisu

- Daqiiqaa 10 maree gareef
- Daqiiqaa 5 gareetti akka dhihesaniif

Meeshaale Barbaachisan

- Fliip Chaartii
- Maarkariiwwan

Maloota Akkamtaa Odeeffannoo haaloota irrattti murtaa'anii fi gadii fagoo ta'an waa'e ilaalchaa, taajjabii, yaada, amantaa fi amala ummata irratti xiyyeefatamee sassaabuu irratti xiyyeeffata. Karaa kallattii ta'eenii fi waliin dubbii si'aawaa hirmaattota waliin godhamuun, qorannoon akkamtaa sababootaa (factors) aadaa, hawwasummaa fi maatii adda baasuun odeefannoo haalaa kan odefannoo karaa mala hangamtaa argameef dabalamuu danda'uu nuuf kenna.

Tooftaan Akkamtaaa

- Gaaffiiwan akka "Akkamittii?" fi "Maaliif" jedhan deebisa.
- Waa'ee jireenya hawwaasaa fi ilaalcha, yaada, amantaa fi amala namootaa odeefannoo fi hubannoo gadii fagoo argamsisa.
- Hiika, adeemsaa fi sababa murteessuf gargaara.
- Dhiimoota miraa kan lakoofsaan hin galmoofne irratti hubannaa nuuf kenna.

Compared with the broadly representative information collected through quantitative methods, the detailed and contextually-specific information gained through qualitative methods is typically derived from a relatively small number of interviews, group discussions and/or interactive activities. Rather than asking questions that have discrete yes or no answers (closed-ended questions), qualitative methodsare made more robust and useful by utilizing open-ended questions which require respondents to formulate their own answers. As such, qualitative methods are particularly appropriate for measuring the outcomes of projects that aim to achieve individualized results(e.g. adoption of new practices, behavior change, and so on). Qualitative methods are also important for achieving deeper understanding of the underlying causes of vulnerability at the community, household and individual levels; (e.g. gender disparities, sources of conflict, constraints to improved health or educational status).

Kutaa 5.1 Faayidaa Maloota Akkamtaa

- Jiijiiramumma – Adeemsa sassaabbii fi xiinxala daataa yaadaa fi toora haaraa uumamanitti madaqsuun ni danda'ama. Isaan kun dursanii akka hin jijjiiramneetti kan murtaa'an miti.
- Hubannoo hiika qabeessa – Ibas gadi fagoo muxannoo, miira fi ilaalcha namoota irratti arrgamuu sirrnaa yookan piroojektii wixineessuuf yookan foyyeesuuf ni gargaaru.
- Yaada haaraa maddisiisuu – Deebiwwan dhuhmni isaanii banaa ta'ee fayyadamuun qorrattoonni rakkinoota yookaan carraa armaan dura bira hin ga'amin yookan itti yaaduuf rakkisu abuuruu akka danda'aan taasisaa.

Kutaa 5.2 Hanqina Maloota Akkamtaaa

- Amanamummaa dhabuu–Yoomeessi dhugaa addunyaa kanaa yeroo tokko tooko tooftaan akkamtaa sababota to'anno ol ta'aan irraa kan ka'e amanamaa akka hin taane taasia.
- Miiraan Masakamuu –Daataa xiinxaluu fi hiika itti kennuu keessatti mala istaatistiksii caalaa qoratichii ga'ee olaanaa waan qabuuf, qoratichhi maaltu barbaachisaa akka ta'ee fi maaltu barbaachisaa akka hin taanee xinxaala data keessatti ni murteessaa jechuu dha. Kanaafis, hiikkaan daataa wal fakkaataa baayyee gaaraa gara ta'uuf ni mala jechuu dha.
- Daangaa Dimshaasheessuu – Yeeroo baayyee saamuda xiqqoo fayyadamuu waa'ee haala murtaa'aa tokkoo odeeffannoo gadi fagoo sassaabna. Dhaawaatni xiinxala daataa baayyee gaarii ta'an jiraatanis, daataan nutti sassabne logii kan qabaachuu danda'uu fi ummata bal'aa waan bakka hhin buuneef, goolabaa dimshaashaa waa'ee ummatichaa tasisuun ulfaataa dha.
- Humna namaa irratti hundaa'a–Barrreefamoota haalan baayyee kuusuu fi galmeessuuf mosaajiiwwan nu dandeesisan jiraatanis, xiinxali data tokko tokkon taa'anii gochuun dirrqama.

Kutaa 5.3 Maloota Sassaabii Daataa Akkamtaa Baratamo

Kutaa 5.3.1 Af-Gaaffii

Af-gaaffiiwwan dubbiii nama dhunfaa waliin karooraan taasisnuu fi yeroo qorannoo, qo'annoo, gamaaggamaa yookaan hordoffii hamma agarsiistuuwwanii odefannoo odeeffanno kan walitti ittin qabnu dha. Haala baratameeenis Af-gaaffii Gadi-fagoo (In-depth interviews – IDIs) yookan Af-gaaffii Madda Oodefanno Ijoo (Key informant Interview – KIIs) ni jedhamu. Af-gaaffiin tokko keesatti af-gaafataa/ttuu, kan adeemsa dubbi sana qindeessuu/situu fi gaaffiiwwan gaafatu/ttu, akkasumas af-deebisaa/tuu kan deebii gaafilleef kennu/tu kan hammataman ta'a.



Gaafilee gosa garaa garaa– Gosti gaafilee af-gaaffiif fayyadamtan deebii argattan irrattii fi xiinxala geggeesitan irratti dhiibbaa ni qabaata. Gosti gaafillee gurguuddoon lamatu jiru – isaan gaaffiile dhumni isaanii cufaa fi dhumni isaanii banaa ta'ani dha, garuu tooftaa akkamtaa keessatti yeroo baayyee gaafilee dhumni isaanii banaa ta'an fayyadmna:

Af-gaaffiiwwan yeroo baayyee gaafilee dhumni isaanii banaa kan filannoowaniin hin hordofamiin, kan hirmaattoonni bilisaan deebii itti kennan fayyadamu. Akkaataan gaaffii dhumni isaanii banaa hedduutu jirru, isaan kunis walitti qindaa'uun qophee af-gaaffii ni qajeelchu. Toora gaaffii fi hirrmaattoota irrratti hundaa'uun gaaffin gosa adda addaa caalmaati kan nu fayyadaman ta'u:

Gaafii Kallattii: isaan kun waa'ee muxannoo, ilaalcha, amala, yaada dhunfaa hirrmaatatotaa kan gaafatan dha. Fakkeenya: 'Waalee sagantaa gorsaa maaltu sitti dhagahame?' *yookaan 'Akka ilaalcha kettii, sagantaan gorsaa kun akkamitti cimsamuun danda'ama ture?'*

Gaafile Al-kallatti: isaan kun waa'ee ilaalcha, amalaa yookan yaada namoota biro kan gaafatan dha. Gaaffiiwwan gosa kanaa yeroo mata dureewwan miira namaa tuqan gaafattu faayidaa qabaachuu danda'u; (fakkeenyaaf, jeequmsa raawwachuu ykn babal'achuu).Akkasumas yeroo amala seera hawaasummaatiin geggeeffamu ilaalchisee waan eegamuu fi ilaalcha qorachuuf yaaltu faayidaa qabaachuu danda'u.*Fakkeenya: 'Akka yaada keessaniitti, miidhaan koorniyaa irratti hundaa'e hawaasa kana keessatti hangam baay'inaan mul'ata?'*

Akkasumas yeroo gaaffii fi deebii, gaaffiiwan qophaa'an keessa jiraachuu baataanis, gosoota gaaffilee armaan gadii fayyadamuun hin oolu.

Gaaffii Itti Fuftuu: Ibsa dabalata akka argannuuf gargaara. Fakkenya: 'Maaliif akkas ta'e?' yookaan 'Itti aansuun maaltu ta'ee' yookaan 'Waa'ee kanaa dabalataan maal jechuu dandeessa'

Gaaffii Hiiktuu: kunneen waan deebisaan jedhee jecha kan biroon yookaan cuunfuun irraa deebi'uun hubannaan Kenya sirrii ta'uu isaa yookaan shakkii qabnu mirakaneessuuf gargaara. *Fakeenya: 'Waan ati jette irraa, muuxannoon gorsa irraa argatte hojii akka argattuuf addattii faayidaa akka sii hin laannetu sitti dhagahama jechuu dandeenyaa?'*

Kutaa 5.3.2: Maree Garee Xiyyeeffannoo

Mareen garee xiyyeeffannoo teeknika sassaabbii daataa akkamtaa kan garee namootaa xiqqoo 8 – 10 mijeessaa/tuun qajeelfamaa haala caaseeefama qabuun mata dureewwan murtaa'an irratti kan kessatti mari'atan dha. Mijeessaan/tuun dhimma maree adda ba'an ni dhiheessa, akkasumas ba'uuf gaafilee tutuqan

The facilitator raises issues identified in a discussion guide, and gaafilee namootni ilaalcha isaanii akka kennan kakaasan gaafata.



Ogummaa Mijeessu–Maren garee xiyyeeffannoo yoo haalan qajeelfamee madda odefannoo guddaa ta'uu danda'a, sababni isaas hirmaannaan garee yero baayyee mata dureewwanii fi dhimmooota ijoo irratti xiyyeefannoon akka jiriaatu waan taasiisuufi. Namootni garee keessa jiran yeroo mara walii galuu baatanis, mijeessaan/tuun yaadni wal fakkataa fi hirmaattoonni irratti walii galan hammamii akka jiranii fi hin jirree maadaluu qaba/qabdi.

1. Hirmaattota qooduun miseensonni jaarmiyaa tokkoo garee tokko keessa akka jiraatan taasiisii. Leenjiin kun dhaabbata tokko keessatti yoo raawwatame hirmaattota garee namoota 3-4tti qoodu.
2. Fliip chaartii irratti gareen tokkoon tokkoon isaa tarkaanfiiwwan ifa ta'anii fi qabatamaa ta'an dhaabbilee isaanii keessatti hooggansa beekmusaa jalqabuu fi hojiirra oolchuuf gargaaran akka tarreessan gaafadhu. Tarreeffama kanas gara dhaabbilee isaaniitti fudhatanii qooduun hooggansa beekumsaa irratti marii keessoo jalqabuu akka danda'an godha.
3. Gareen tokkoon tokkoon isaanii tarreefama tarkaanfiiwwanii isaanii haa dhiyeessan.
4. Tarkaanfiiwwan yaadaman kanneen armaan gaditti yaadannoo haala mijeessitootaa keessatti tarreeffaman tokko tokko isaaniif qoodaa.

Yeroo Barbaachisuu

- Daqiiqaa 30 Marii gareef
- Daqiiqa 5 gareen tokko dhiyeessuuf

Meeshaalee Barbaachisan

- Fliip Chaartii
- Maarkarii

Yaadannoo Mijeessitootaa– Tarkaanfiiwwan Qabatamaa Dhaabbata Dubartootaa keessatti Hooggansa Beekumsaa Jalqabuuf dandeessisan

1. Leenjii kana irraa barumsa argattan qooduu.
2. Faayidaa bulchiinsa beekumsaa miseensota dhaabbatichaa biroof beeksisuu.
3. Teeknooloojii fi meeshaalee jiran fayyadamuun sirna bulchiinsa beekumsaa hojiirra oolchuuf salphaa ta'e ni jajjabeessuu.
4. Hariiroo fuulaa fuulatti hojjettoota gidduutti wal amantaa uumuu danda'u ni jajjabeessuu.
5. Onnachiiftuuwwan namoota waliin hojjetan gidduutti beekumsa waliif qooduun guddisan uumuu.
6. Hoggansa beekumsaa Adeemsa human namaa, kan akka ibsa hojii fi madaallii keessatti akka hammatamuu taasisuu.
7. Sadarkaa tarsiimootti hoggansa olaanoo irraa deeggarsa argachuu.
8. Hundaa kan hammate ta'uu fi daddabarsa beekumsaa daangaa dhaabbatichaa alatti babal'isuu.
9. Dandeettii barumsaa fi beekumsa-bulchiinsa hoggantoota olaanoo fi hojjettoota gitoota hojii ijoo irra jiran ni guddisa.
10. Caasaa jaarmiyaa caalaatti akka jijjiiramu gochuu fi hoggansa waliinii fi banaa ta'e guddisuu.

Miiltoo A – UlaagaaleeOECD DAC

Pirrograamii fi pirojektoota yeroo gamaaggamnuu ulaagaalee armaan gadii ilaaluun faayidaa qaba. Ulaagaaleen jalqaba dudhaalee gamaaggama Gargaarsa Misoomaa DAC keessatti kan kaa'aman yoo ta'u, boodarra Galmee Jechoota Ijoo gammaggamaa fi hooggansa bu'aa irratti hundaa'e keessatti ibsamaniiru. Tarreefmani armaan gadii ulaagaalee kan caalaatti kan ibsu yoo ta'u, akkaataa qabatamaan itti fayyadamuu danda'an agarsiisuuf gaaffilee fakkeenyaa tokko tokko kan kennudha.

Barbaachisummaa (Relevance)

Giddu-galli kun hangam dursa kennuu fi imaammata garee xiyyeeffannoo, fudhataa fi arjoomaaf kan mijatu ta'uu isaa. Barbaachisummaa sagantaa ykn pirojektii tokkoo madaaluu keessatti gaaffilee armaan gadii ilaaluun faayidaa qaba.

- Kaayyoon sagantichaa ammallee hangam rogummaa qaba?
- Hojiileen fi bu'aan sagantichaa galma waliigalaa fi galma ga'iinsa kaayyoo isaa waliin kan walsimuu?
- Hojiileen fi bu'aan sagantichaa dhiibbaa fi bu'aa yaadame waliin kan walsimuu?

Walitti hidhamiinsa (Coherence)

Hamma gidduu-galummaan biroo (keessattuu imaammattoonni) gidduu-galummaa sana deeggaran ykn xiqqeessan, fi faallaa kanaatiin. Walitti hidhamiinsa keessoo fi walitti dhufeenya alaa of keessatti qabata. Walitti dhufeenyi keessoo walitti dhufeenyaa fi walitti hidhamiinsa gidduu-galummaa fi gidduu-galummaawwan biroo dhaabbata/mootummaa tokkoon raawwataman gidduu jiru, akkasumas walsimannaa gidduu-galeessi sun seera fi ulaagaalee idil-addunyaa barbaachisoo dhaabbati/mootummaan sun itti hordofu waliin ta'uu isaa ni ilaala. Walitti dhufeenyi alaa walsimannaa gidduu seenichi gidduu seensaa qooda fudhattoota biroo wajjin haala walfakkaatu keessatti ilaala. Kunis kanneen biroo waliin waldabalachuu, walsimsiisuu fi qindoomina qabaachuu, akkasumas hammam gidduu seenichi gatii dabalaa jiruu fi carraaqqii dachaa ta'uu irraa of qusachuu kan dabalatudha.

Bu'a qabeessummaa

Safartuu hammam gidduu seenuun tokko kaayyoo isaa akka galmaan ga'u. Bu'a qabeessummaa sagantaa ykn pirojektii tokkoo madaaluu keessatti gaaffilee armaan gadii ilaaluun faayidaa qaba.

- Kaayyoowwan hangam galma ga'aniiru / galma ga'uu hin oolan?
- Wantoonni gurguddoon galma ga'iinsa ykn galma ga'uu dhabuu kaayyoowwanii irratti dhiibbaa geessisan maali turan?

Qisaasama malee hojjechuu (Efficiency)

Gahumsi oomishaalee qulqullinaa fi baay'inaan galteewwan waliin walqabatee madaala. Jecha dinagdee yoo ta'u, hojiin misoomaa tokko bu'aa barbaadamu galmaan ga'uuf qabeenya baasii xiqqaa ta'e fayyadamuu isaa kan agarsiisudha. Kunis akka waliigalaatti bu'aa walfakkaataa galmaan ga'uuf malawwan filannoo walbira qabuun, adeemsi hunda caalaa bu'a qabeessa ta'e fudhatamuu fi dhiisuu isaa ilaaluu gaafata. Gahumsa sagantaa ykn pirojektii tokkoo yeroo madaallu gaaffilee armaan gadii ilaaluun faayidaa qaba.

- Hojiileen raawwataman baasii kan hin qabne turan?
- Kaayyoowwan yeroon galma ga'aniiru?
- Sagantaan ykn pirojektichi filannoowwan biroo wajjin wal bira qabamee yoo ilaalamu karaa hunda caalaa bu'a qabeessa ta'een hojiirra ooleeraa?

Dhiibbaa (Impact)

Dhiibbaa jechuun jijjiirama gaarii fi gadhee hojiiwwan misoomaatiin kallattiinis ta'e al-kallattiin akkasumas yaadame yookiin osoo hin yaadamneeuumamu jechuudha. Kunis dhiibbaa fi bu'aa ijoo hojii misomaa irraa maddu agarsiistota hawaasummaa, dinagdee, naannoo ('environment') fi kanneen biroo irratti mul'atan kan hammatudha. Qormaanni bu'aa yaadamee fi hin yaadamne kan ilaallatu yoo ta'u, dhiibbaa gaarii fi hamaa wantoota alaa kanneen akka jijjiirama gama daldalaa fi haala faayinaansiitiin dhufus of keessatti hammachuu qaba.

Dhiibbaa piroograamii ykn pirojektii tokkoo yeroo gamaaggamnu gaaffilee armaan gadii ilaaluun faayidaa qaba.

- Bu'aa sagantaa ykn pirojektichaan maaltu mudate?
- Giddu-galli kun fayyadamtoota irratti garaagarummaa dhugaa akkamii fide?
- Namoota meeqatu miidhameera?

Itti Fufiinsa (Sustainability)

Itti fufiinsi kan ilaallatu erga maallaqni arjoomtootaa baafamee booda faayidaan hojii misoomaa tokkoo itti fufuu danda'uu fi dhiisuu isaa madaaluudha. Pirojektoonni naannoo wal qabatee akkasumas maallaqaan itti fufiinsa kan qaban ta'uu qabu. Itti fufiinsa sagantaa ykn pirojektii tokkoo yeroo madaallu gaaffilee armaan gadii ilaaluun faayidaa qaba.

- Faayidaan pirograamii ykn pirojektii tokkoo erga maallaqni arjoomtootaa dhaabatee booda hangam itti fufuu mala?
- Faayidaan pirograamii ykn pirojektii tokkoo erga maallaqni arjoomtootaa dhaabatee booda hangam itti fufe?
- Qabxiileen gurguddoon galma ga'iinsa ykn galma ga'iinsa itti fufiinsa piroograamichaa irratti dhiibbaa geessisan/ammallee dhiibbaa uumuu danda'an maali turan?

Qabxii Waliigalaa

Miiltoo B – Sarvee Leenjii Duraa/Bodaa Ijaarsa Dandeetti Hordooffii fi Gamaaggamaa - Hirmaattootaaf

Deebii sirrii dha jettanii yaadanitti marsaa		
Qormaata Duraa	**Qormaata Duraa**	**Post-Test**
Dhalaa	**Dhalaa**	**Male**

Filannoo sirrii ta'e filachun gaafilee armaan gadiif deebii kennaa

G1. Himoota armaan gadii keessaa kaayyoo ijoo Hoggansa bu'aa irratti Hundaa'ee kan ta'e kami?*(Deebii hedduu waan qabuuf kan deebii ta'uu hunda itti marsaa)*

a) kaayyoo ifa ta'e bocuu fi pirojektootaa fi pirogaamootaaf galma kaa'uu
b) bu'aa barbaadamu irratti xiyyeeffachuu
c) hojiiwwan xumuramuu fi dhiisuu isaanii hordofuu
d) agarsiistota fayyadamuun adeemsa galmootaan madaaluu fi bu'aan eegamu galma ga'uu isaa mirkaneessuu
e) bu'aa irratti ragaa walitti qabuun murtii ragaa irratti hundaa'e, sagantaa baasuu fi dhiibbaa uumuuf odeeffannoo kennuu
f) maallaqa ba'e gabaasuu

G2. Hikkoolee armaan gadii kessaa kamtuu Firii sirriitti ibsa? *(Deebii tokko qofa)*

a) bu'aa battalaa xumura hojiiwwanii
b) qabeenya maallaqaa, namaa fi meeshaa, hojiiwwan raawwachuuf barbaachisan
c) jijjiirama hariiroo, amala, gocha, raawwii fi imaammata namoota dhuunfaa, garee, jaarmiyaa ykn dhaabbilee gidduu jiru
d) tarkaanfiiwwan fudhataman ykn hojiiwwan raawwataman

G3. Hikkoolee armaan gadii kessaa kamtuu bu'aa sirriitti ibsa? *(Deebii tokko qofa)*

a) bu'aa battalaa xumura hojiiwwanii
b) qabeenya maallaqaa, namaa fi meeshaa, hojiiwwan raawwachuuf barbaachisan
c) jijjiirama hariiroo, amala, gocha, raawwii fi imaammata namoota dhuunfaa, garee, jaarmiyaa ykn dhaabbilee gidduu jiru
d) tarkaanfiiwwan fudhataman ykn hojiiwwan raawwataman

G4. Hima kana xumurii. "Bu'aaf hordoffii taasisuu jechuun ...." *(Deebii tokko qofa)*

a) ...ragaa jijjiiramaa fi adeemsa galma keenyaaf akka ta'uuf daataa bu'aa yeroo yeroon walitti qabuu
b) ...hordoffii xumura hojii keenyaaf dursa kennuu.
c) ...bu'aa fi bu'aa irratti ragaa qofa walitti qabuu.
d) ...daataa dhiibbaa hordofuu

G5. Hima agarsiiftuu armaan gadii dubbisiitii kutaa barbaachisaa cancala bu'aa wajjin walsimsiisi.

Pirooppoorshinii daa'imman umuriin isaanii waggaa 5 gadi ta'e kanneen guddinaan fayyaa fi xiinsammuu/hawwaasummaa irratti karaa irra jiran, saalaan addaan baafamanii *(Deebii tokko qofa)*

a) Galtee
b) Hojiilee
c) Firii
d) Bu'aa
e) Dhiibbaa

G6. Hiikni Ibsa Bu'aa SMART maali? *(Deebii tokko qofa)*

a) Simple, Measurable, Attainable, Realistic, True
b) Specific, Measurable, Achievable, Relevant, Timebound
c) Specific, Measurable, Achievable, Risk-Free, Timebound
d) Simple, Materialistic, Attainable, Relevant, Timebound

G7.Hiika armaan gadii dubbisuun tooftaa loojikii hojiilee miisoomaa ibsame adda baasaa.

"Tooftaa dizaayinii pirojektii yoo ta'u, maatiriksii 4 x 4 fayyadamuun haala sirnaa fi caaseffama qabu keennuun piroojektoota yaad-rimee isaanii ibsuu, galmeessuu, karoora baasuu fi hoogganuuf kan dandeessisu dha" (Deebii tokko qofa)

a) Tiwoorii Jijjiiramaa
b) Cancala bu'aa
c) Fireemworkii Loojikii
d) Hammattii safari hojii (performance measurement framework)
e) Deebiin hin kennamne

G8. Dhugaa ykn dhara: "'confidence interval'fi'standard deviation'safartuuwwan amala giddugaleessaati"

a) Dhugaa
b) Dhara

G9. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu agarsiistuu haalaan ibsa? (Deebii tokko qofa)

a) Jijjiirama addaa gareewwan xiyyeeffannoo, qooda fudhattootaa fi dhaabbilee gidduutti mul'atu
b) Safartuu ykn jijjiiramaa addaa kan bu'aa karoorfame waliin walqabatee adeemsa agarsiisu
c) Gatii lakkoofsaa kan pirojektichi maal galmaan gahuu akka barbaadu agarsiisu
d) Istaandardii qulqullinaa pirojektichi guutuu qabu

G10. Qaamooleen agarsiistuu gaarii kam? (Deebii hedduu waan qabuuf kan deebii ta'uu hunda itti marsaa)

a) Yuunitii safartuu
b) Mala odeeffannoo walitti qabuu
c) Yuunitii xiinxala
d) Haala dubbii
e) Qoqqoodinsa

G11. Bu'aa armaan gadii kanaaf agarsiiftuu tokko yoo filachaa jiraatte, isa kam filachuu qabda?

Dargaggoonni keessattuu shamarran carraa hojii gaarii kan filannoo saanii ta'ee, mindaadhaan hojjechuus ta'e ofiin hojechuu. (Deebii tokko qofa)

a) Baay'ina dargaggoota ogummaa vokeshiniitiin leenji'anii
b) % hojjechiistota dargaggoota qacaruuf fedhii qaban ibsan
c) % dargaggoota leenjii booda ji'a 6 keessatti hojii mindaa argatanii, saalaan addaan baafamanii
d) Sadarkaa kaarikulamii fi meeshaaleen leenjii koorniyaaf deebii kan kennan ta'uu
e) Deebiin hin kennamne

G12. Himoota kana keessaa LAMA kamtu waa'ee agarsiistota kompoozitii dhugaa dha? (Deebii hedduu waan qabuuf kan deebii ta'uu hunda itti marsaa)

a) Shallaggii agarsiistota kompoozitii, shallaggii qaamolee dhuunfaa ibsuu qabda
b) Agarsiistonni kompoozitii daataa sadarkaa dhuunfaa malee shallaguun ni danda'ama
c) Agarsiistonni kompoozitii yaad-rimeewwan walxaxaa, kallattiiwwan hedduu qaban safaruuf faayidaa qabu
d) Agarsiistonni kompoozitii ulaagaa agarsiiftuu gaarii waan hin guunneef yeroo muraasaaf itti fayyadamu

G13. Meeshaalee armaan gadii keessaa kamtu agarsiiftuu hangamtaa safaruuf baay'ee mijataa dha? (Deebii hedduu waan qabuuf kan deebii ta'uu hunda itti marsaa)

a) Sarvee Af-gaafataan durfamu
b) Seenaa himuu
c) Cheekliistii caaseeffamaa
d) Maree garee xiyyeeffannoo
e) Qormaata duraa fi boodaa
f) Af-gaaffii gariin caaseeffamaa

G14. Himni arrmaan gadii dhugaa moo dhara? "Hordoffii, Gamaaggama, itti gaafatamuummaa fi Barnoota Feministii(HGIB)/ (Feminist MEAL)'n tuta maloota fi meshaawwan kan jijjiirama ceesis-koorniyaa ta'an safaruuf haalaan fayyadu dha.

a) Dhugaa
b) Dhara

G15. Himoota armaan gadii keessaa kamtu qajeeltoowwan Hordoffii, Gamaaggama, itti gaafatamuummaa fi Barnoota Feministii (HGIB)/ (Feminist MEAL) calaqisiisaa.

a) Aangoo dabarsuu fi hirmaattoota pirograamii fi michootaaf bakka ga'aa kennuu, akkuma dhaabbilee dubartootaa ti, hojiiwwan H fi G ibsuu fi hojiirra oolchuu irratti dursumaa qaba.
b) Qaamni Hordoffii fi gamaaggama geggeessuu caalaatti gahee haala mijeessituu kan hariiroo aangoo hubatu taphata.
c) Nageenya hirmaattotaaf jecha, daataa kan qaama gamaaggama geggeessee ykn dhaabbata dubartootaa HGIB feminiistii gaggeesseeti.
d) Muuxannoon dhuunfaa, ilaalchi, fi amala namoota adeemsa kana keessatti hirmaatan kan mataa isaanii waan ta'eef bu'uura ragaa irratti gatii hin dabalu
e) Hunduu Deebii dha

Miiltoo C – Ijaarsa Dandeettii Hordoffii fi Gamaaggamaa Qorannoo Leenjii Duraa/Boodaa – Qajeelfama Mijeessitootaa fi Furtuu Deebii

KaayyoonQormaata Duraa/Boodaa Ijaarsa Dandeettii Hordoffii fi Gamaaggamaa sadarkaa beekumsa duraan miseensotnidhaabbata dubarootaa mata dureewwan ijoo hordooffii fi gamaaggamaa moojuuliin ijaarsa dandeettiitiin uwwifaman irratti qaban madaaluu, fi sadarkaa leenjii boodaa mirkaneessuudha akkasumas jijjiirama beekumsaa hirmaattotani argatanii fi gara dhaabbata isaaniitti deebi'anii hojiii irra oolchuu danda'an mirkaneessuuf gargaara.

Qajeelfama Garee Ijoo Leenjii fi Gorsaatiif (CTC)

Leenjiin Dura

- CTCn akka qaama leenjii leenjistootaa (TOT) isaaniitti akkaataa meeshaa qormaata duraa fi boodaa itti bulchuu fi haala mijeessuu irratti qajeelfama Plaan Intarnaashinaal irraa ni argatu.
- CTCn leenjii jalqabuun dura kooppii meeshaa sanaa (fuula 3 armaan gadii hunda) maxxansaa gahaa qabaachuu isaanii mirkaneessuu qabu.

Yeroo Leenjii

- Meeshaan kun hirmaattoota leenjii maraaf yeroo garaa garaa lamatti kan hojiii irra oolu ta'a.
- Al tokko jalqaba wayitii leenjii duraattii, fi
- Irra deebiin wayitii leenjii dhumaaatti ta'a.
- Tokkoon tokkoon hirmaattota leenjichaaf koppii barreeffamaa qormaataa kennaa.
- Tokkoon tokkoon hirmaattotaa tokkoon tokkoon gaaffii deebii sirrii ta'e filachuun waraqaa madaallii mataa isaanii irratti dhuunfaan deebii kennuu qabu.
- Yoo barbaachisaa ta'e, CTCn tokkoon tokkoon gaaffii tokko tokkoon hirmaattotaaf dubbisuu danda'a, akkasumas filannoo deebii tokkoon tokkoon isaanii sana booda hirmaattonni gaaffii sana hubachuu fi deebii akka kennan yeroo gahaa kennuu danda'a.
- Hirmaattoonni leenjii hundi qormaata jalqabaa (qormaata duraa) fi xumura leenjii (qormaata boodaa) lamaanuu fudhachuu qabu.
- CTCn yeroo qormaataaf haala mijeessuu hirmaattonni hundi deebii isaanii waraqaa madaallii isaanii irratti fiallnnoo kaa'uudhaan gaaffilee qormaata hunda akka deebisan carraaquu fi mirkaneessuu qaba.

Qabxii Qormaataa kennuu

- CTCn leenjii gaggeessaniif Qormaata Duraa fi Boodaaf qabxii madaallii kaa'uuf itti gaafatamummaa qabu.
- Qajeelfamni qabxii kennuu Furtuu Deebii armaan gadii keessatti kan kenname yoo ta'u, kunis bakka qabxii guddaa gaaffii tokkoof, fi baay'ina qabxii deebii sirrii tokkoon tokkoon isaaniif kennamu dabalateetu.
- Gaaffii deebii hedduu qabuuf qabxiin guutuun kan kennamu yoo deebii sirrii HUNDI filatame QOFA. Yoo kana hin taane qabxiin sun lakkoofsa waliigalaa deebii sirrii ta'e waliin walmadaaluu qaba.
- Qormaata irratti qabxii erga kennitee booda, tokkoon tokkoon hirmaattotaaf, qabxii hunda walitti ida'uun qabxii waliigalaa murteessuu fi qabxii sana gubbaa waraqaa qormaataa irratti saanduqa Qabxii Waliigalaa keessatti barreessi.
- Waraqaawwan qormaataa guutaman bakka bu'aa WVL Plaan Intarnaashinaalii'f dhiyeessu.
- CTCn gaaffii yoo qabaate ykn leenjii ykn itti fayyadama meeshaa kanaa irratti danqaan yoo mudate, deeggarsa barbaachisu argachuuf bakka bu'aa WVL Plan International qunnamuu qaba.

Deebii sirrii dha jettanii yaadanitti marsaa		
Qormaata Duraa	**Qormaata Duraa**	**Post-Test**
Dhalaa	**Dhalaa**	**Male**
Filannoo sirrii ta'e filachun gaafilee armaan gadiif deebii kennaa		
G1. Himoota armaan gadii keessaa kaayyoo ijoo Hoggansa bu'aarratti Hundaa'ee (HBH) kan ta'e kami? (QABXII 1 DEEBII YOO DEEBIIWWAN SIRRII 4'N FILATANIIF.Yoo 4 gadi ta'e deebiin sirrii filannoowwan sirrii 4'f hiruun kaa'aa) g) kaayyoo ifa ta'e bocuu fi pirojektootaa fi pirogaamootaaf galma kaa'uu h) bu'aa barbaadamu irratti xiyyeeffachuu i) hojiiwwan xumuramuu fi dhiisuu isaanii hordofuu j) agarsiistota fayyadamuun adeemsa galmootaan madaaluu fi bu'aan eegamu galma ga'uu isaa mirkaneessuu e) bu'aa irratti ragaa walitti qabuun murtii ragaa irratti hundaa'e, sagantaa baasuu fi dhiibbaa uumuuf odeeffannoo kennuu f) maallaqa ba'e gabaasuu		
G2. Hikkoolee armaan gadii kessaa kamtuu Firii sirriitti ibsa? (Qabxii 1) a) bu'aa battalaa xumura hojiiwwanii b) qabeenya maallaqaa, namaa fi meeshaa, hojiiwwan raawwachuuf barbaachisan c) jijjiirama hariiroo, amala, gocha, raawwii fi imaammata namoota dhuunfaa, garee, jaarmiyaa ykn dhaabbilee gidduu jiru e) tarkaanfiiwwan fudhataman ykn hojiiwwan raawwataman		
G3. Hikkoolee armaan gadii kessaa kamtuu bu'aa sirriitti ibsa? (Qabxii 1) e) bu'aa battalaa xumura hojiiwwanii f) qabeenya maallaqaa, namaa fi meeshaa, hojiiwwan raawwachuuf barbaachisan g) jijjiirama hariiroo, amala, gocha, raawwii fi imaammata namoota dhuunfaa, garee, jaarmiyaa ykn dhaabbilee gidduu jiru h) tarkaanfiiwwan fudhataman ykn hojiiwwan raawwataman		
G4. Hima kana xumurii. "Bu'aaf hordoffii taasisuu jechuun ...." (Qabxii 1) e) ...ragaa jijjiiramaa fi adeemsa galma keenyaaf akka ta'uuf daataa bu'aa yeroo yeroon walitti qabuu. f) ...hordoffii xumura hojii keenyaaf dursa kennuu. g) ...bu'aa fi bu'aa irratti ragaa qofa walitti qabuu. h) ...daataa dhiibbaa hordofuu		
G5. Hima agarsiiftuu armaan gadii dubbisiitii kutaa barbaachisaa cancala bu'aa wajjin walsimsiisi. Pirooppoorshinii daa'imman umuriin isaanii waggaa 5 gadi ta'e kanneen guddinaan fayyaa fi xiinsammuu/hawwaasummaa irratti karaa irra jiran, saalaan addaan baafamanii.(Qabxii 1) f) Galtee g) Hojiilee h) Firii i) Bu'aa j) Dhiibbaa		

G6. Hiikni Ibsa Bu'aa SMART maali? (Qabxii 1)

e) Simple, Measurable, Attainable, Realistic, True
f) Specific, Measurable, Achievable, Relevant, Time bound
g) Specific, Measurable, Achievable, Risk-Free, Timebound
h) Simple, Materialistic, Attainable, Relevant, Timebound

G7.Hiika armaan gadii dubbisuun tooftaa loojikii hojiilee miisoomaa ibsame adda baasaa.

"Tooftaa dizaayinii pirojektii yoo ta'u, maatiriksii 4 x 4 fayyadamuun haala sirnaa fi caaseffama qabu keennuun piroojektoota yaad-rimee isaanii ibsuu, galmeessuu, karoora baasuu fi hoogganuuf kan dandeessisu dha"(Qabxii 1)

f) Tiwoorii Jijjiiramaa
g) Cancala bu'aa
i) Fireemworkii Loojikii
h) Hammattii safari hojii (performance measurement framework)
i) Deebiin hin kennamne

G8. Dhugaa ykn dhara: "'confidence interval' fi 'standard deviation' safartuuwwan amala giddugaleessaati"

c) Dhugaa
j) Dhara

G9. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu agarsiistuu haalaan ibsa? (Qabxii 1)

e) Jijjiirama addaa gareewwan xiyyeeffannoo, qooda fudhattootaa fi dhaabbilee gidduutti mul'atu
f) Safartuu ykn jijjiiramaa addaa kan bu'aa karoorfame waliin walqabatee adeemsa agarsiisu
g) Gatii lakkoofsaa kan pirojektichi maal galmaan gahuu akka barbaadu agarsiisu
h) Istaandardii qulqullinaa pirojektichi guutuu qabu

G10. Qaamooleen agarsiistuu gaarii kam?

(QABXII 1 DEEBII YOO DEEBIIWWAN SIRRII 2'n FILATANIIF.Deebiin tokko qofti sirrii yoo ta'e, walakkaa qabxii)

f) Yuunitii safartuu
g) Mala daataa sassaabuutii
h) Yuunitii xiinxala
i) Haala dubbii
j) Qoqqoodinsa

G11. Bu'aa armaan gadii kanaaf agarsiiftuu tokko yoo filachaa jiraatte, isa kam filachuu qabda?

Dargaggoonni keessattuu shamarran carraa hojii gaarii kan filannoo saanii ta'ee, mindaadhaan hojjechuus ta'e ofiin hojechuu. (Qabxii 1)

f) Baay'ina dargaggoota ogummaa vokeshiniitiin leenji'anii
g) % hojjechiistota dargaggoota qacaruuf fedhii qaban ibsan
h) % dargaggoota leenjii booda ji'a 6 keessatti hojii mindaa argatanii, saalaan addaan baafamanii
i) Sadarkaa kaarikulamii fi meeshaaleen leenjii koorniyaaf deebii kan kennan ta'uu
j) Deebiin hin kennamne

G12. Himoota kana keessaa LAMA kamtu waa'ee agarsiistota kompoozitii dhugaa dha? (1 POINT)

e) Shallaggii agarsiistota kompoozitii, shallaggii qaamolee dhuunfaa ibsuu qabda
f) Agarsiistonni kompoozitii daataa sadarkaa dhuunfaa malee shallaguun ni danda'ama
g) Agarsiistonni kompoozitii yaad-rimeewwan walxaxaa, kallattiiwwan hedduu qaban safaruuf faayidaa qabu
h) Agarsiistonni kompoozitii ulaagaa agarsiiftuu gaarii waan hin guunneef yeroo muraasaaf itti fayyadamu

G13. Meeshaalee armaan gadii keessaa kamtu agarsiiftuu hangamtaa safaruuf baay'ee mijataa dha?
(QABXII 1 DEEBII YOO DEEBIIWWAN SIRRII 3'n FILATANIIF.Yoo 3 gadi ta'e deebiin sirrii filannoowwan sirrii 3'f hiruun kaa'aa)

g) Sarvee Af-gaafataan durfamu
h) Seenaa himuu
i) Cheekliistii caaseeffamaa
j) Maree garee xiyyeeffannoo
k) Qormaata duraa fi boodaa
l) Af-gaaffii gariin caaseeffamaa

G14. Himni arrmaan gadii dhugaa moo dhara? "Hordoffii, Gamaaggama, itti gaafatamuummaa fi Barnoota Feministii (HGIB)/ (Feminist MEAL)'n tuta maloota fi meshaawwan kan jijjiirama ceesis-koorniyaa ta'an safaruuf haalaan fayyadu dha.

a) Dhugaa
b) Dhara

G15. Himoota armaan gadii keessaa kamtu qajeeltoowwan Hordoffii, Gamaaggama, itti gaafatamuummaa fi Barnoota Feministii (HGIB)/ (Feminist MEAL) calaqisiisaa.
(QABXII 1 DEEBII YOO DEEBIIWWAN SIRRII 2'n FILATANIIF.Deebiin tokko qofti sirrii yoo ta'e, walakkaa qabxii)

a) Aangoo dabarsuu fi hirmaattoota pirograamii fi michootaaf bakka ga'aa kennuu, akkuma dhaabbilee dubartootaa ti, hojiiwwan H fi G ibsuu fi hojiirra oolchuu irratti dursumaa qaba.
b) Qaamni Hordoffii fi gamaaggama geggeessuu caalaatti gahee haala mijeessituu kan hariiroo aangoo hubatu taphata.
c) Nageenya hirmaattotaaf jecha, daataa kan qaama gamaaggama geggeessee ykn dhaabbata dubartootaa HGIB feminiistii gaggeesseeti.
d) Muuxannoon dhuunfaa, ilaalchi, fi amala namoota adeemsa kana keessatti hirmaatan kan mataa isaanii waan ta'eef bu'uura ragaa irratti gatii hin dabalu
e) Hunduu Deebii dha

Miiltoo D: Uunka Dubdeebii Leenjii

Mata Duree Leenjii: _____ Guyyaa: _____

Maqaa Mijjeessaa/siuu/tootaa(s): _____ Saala: ☐ Dhalaa ☐ Dhiira

Qajeelfama Waliigalaa: Maaloo tokkoon tokkoon gaaffii irratti saanduqa walsimsiisaa filatte keessatti mallattoo filannoo kaa'i. Gaaffii yaada barbaaduuf deebii keessan gaaffilee cinatti barreessaa.

Qabiyyee fi Turtii Leenjii	Haalan Walii hin galuu	Itti walii hin galuu	Giddu Galeessa	Ittin Walii galaa	Haalaan Waliigalaa
1. Kaayyoon leenjichaa guutamaniiru.					
2. Madaalliin shaakala dhiheessi fi shaakala qabatamaa gidduu jiru sirrii ture.					
* Yoo walii hin galle ta'e, maal filatta ture?	Shaaakala baayyee ☐ shaakala xiqqoo				
3. Meeshaaleen leenjii ifa ta'anii fi qabiyyee moojuulichaa hubachuuf kan gargaaran turan.					
4. Dheerinni yeroo leenjichi itti kenname mi-jaawaa ture.					
* Yoo walii hin galle ta'e, maal filatta ture?	☐ leenjii dheerate ☐ leenjii gabaabbate				
5. Qabiyyee moojuulii kanaa hojii koo irratti hojiirra oolchuu nan danda'a.					
6. Wanti silaa yeroo **dabalataa** itti dabarsuu qabnu jira turee? Mee yaada keessan armaan gaditti nuuf kennaa.					
7. Wanti silaa yeroo **xiqqaa** itti dabarsuu qabnu jiraa? Mee yaada keessan armaan gaditti nuuf kennaa.					

Miijeessa Leenjii	Haalan Walii hin galuu	Itti walii hin galuu	Giddu Galeessa	Ittin Walii galaa	Haalaan Wali-igalaa
8. Mijeessitoonni mata duree kana irratti beekumsa gahaa qabu turan.					
9. Mijeessitoonnihojii isaanii kan qindeeffatanii fi qopha'an turan					
10. Mijeessitoonniqodiinsa yaada fi barnoota koorniyaaf deebii kennuu fi hunda hammateef haala mijataa uumaniiru.					
11. Mijeessitoonni odeeffannoo haala ifa ta'een dhiyeessan.					
Madaallii Waliigalaa	**Haalan Walii hin galuu**	**Itti walii hin galuu**	**Giddu Galeessa**	**Ittin Walii galaa**	**Haalaan Wali-igalaa**
12. Walumaagalatti, mata dureewwan leenjii kanaa irratti beekumsa, ilaalchaa fi dandeettii koo akkan dabale natti dhagahama, barumsawwan kanas hojii koo guyyaa guyyaa irratti hojiirra oolchuu akkan danda'u natti dhaga'ama					

13. Mata dureewwan leenjii kanaa wajjin walqabatee deggersi dabalataa si barbaachisu jiraa? Maaloo deebii kee armaan gaditti barreessi

14. Yaadni dabalataa yoo jiraate:

Miiltoo E: Maaykroosoft Ekseelii (MS-Excel) Hordooffii fi Gamaaggamaaf

1. Galtee Deetaatif Shiitii‘Excel’Uumuu

Yeroo kuusdeetaa ‘Excel” keessatti deetaa unka waraqaa irraa galchuuf uumnuu, tokkoon tokkoon man’ee Excel keessatti tarjaa mataa isaa qabaachuu qaba.

Gorsa 1: Gaaffiiwwan filannoo baayyeef, tokkoon tokkoon deebii ykn filannoo xiinxallii daataa sadarkaa gara boodaatti godhamu salphisuuf tarjaa mataa isaa qabaachuu qaba.


Fakkeenya

Gaaffii baay’ee salphaa qonnaan bultootaaf dhiyaate armaan gadii keessatti, kudura kam akka oomishan beekuuf odeeffannoo armaan gadii walitti qabaa jirra haa jennu.

1. Maqaa (Name): _____
2. Umurii (Age): _____
3. Saala (Sex): □Dhalaa (Female) □Dhiira (Male)
4. Magaalaa (City): _____
5. Naannoo (Region): _____
6. Fuduraalee armaan gadii keessaa isa kam oomishta? (Kannen oomishan hunda filadhaa).

- □Apilii (Apple)
- □Muuzii (Banana)
- □ Maangoo (Mangoes)
- □Burtukaana (Orangee)

Kunis Excel keessatti akka armaan gadiitti dhiyaachuu danda’a.




1. Tarreen filannoowwanii (fuduraalee oomishaman) tarjaa hedduutti akka qoodaman hubadhaa, man’eewwan biroo kanneen gatii tokko qofa fudhatan tokkoon tokkoon isaanii tarjaa tokko qabu.
2. Yeroo daataa galchitu, yoo deebii kennitootni filannoo tokkoo ol filatan tokkoon tokkoon filannoo filatame jalatti 1 galchita. Kunis yeroo daataa kee xiinxaltu tokkoon tokkoon filannoo deebii kennitootni meeqa akka filatan lakkaa’uuf Excel fayyadamuuf si dandeessisa.

Gorsa 2: Gatiiwwan murtaa'an qofti Excel keessatti akka galfaman taasisuuf Mirkaneessitoota Daataa (Data Validation) dabaluu dandeessa.

Fakkeenya

Fiildii Umuriitiif, lakkoofsota qofa akka galfaman barbaanna. Mirkaneessa Daaaa (Data Validation) galchuuf:

1. Man'eewwan mirkaneessi deetaa irratti hojii irra oolu filadhu. Fakkeenya kana keessatti, man'eewwan kanneen mataduree tarjaa Umurii jala jiran ta'u.
2. Garee 'Data Tools' kan Taabii 'Data'jala jiru keessaa Data Validation irratti cuqaasii.
3. Saanduqa Diyaalogii 'Data Validaion keessaa tarrii drop down 'Allow' jedhu jalaa 'Whole Number' kan jedhu filadhu.
4. 'Gatii xiqqaa (Minimum) fi guddaa (Maximum) akka jiraatuuf barbaaddu gashuun. 'OK' irratti cuqaasi.
5. 'Data Validation' fayyadamuun tarree filannoo (dropdown list) gashuu dandeessa. Saanduqa Diyaaloogii (Dialuge Box) 'Data Validaion' keessattigatiiwwan galuu danda'uun (Qoodduudhaan adda baasuun) bakka 'Source Field' jedhuutti galchaa.



Shaakala

Gaaffii armaan olii irratti hundaa'uun kuusdeetaa Excel uumuu. Fiildii Saalaaf (Sex), 'Dropdown list' gatiiwwan armaan gadii qabu galchi: Dubartii, Dhiira.

Gorsa 3: Daataa tarjaa tokko irraa gara tarjaa hedduutti qooduuf ajaja Text to Columns(Barruu gara Tarjaa)jedhu fayyadami.


Fakkeenya


1. Fakkeenya armaan olii irraa fiildii 'Name'(maqaa) keessatti, maqaa guutuu tarjaa tokko keessatti galchine haa jennu garuu amma maqaa jalqabaa fi dhumaa tarjaa adda addaa lamatti qooduun barbaanna.
2. Tarjaa gara bitaa tarjaa A ('Name') galchuu qabna. Kana gochuuf, matadure tarjaa B irratti mirga

cuqaasiitii filannoo ‘Insert’ jedhu filadhu.

3. Itti aansuudhaan man’eelee (cells) tarjaa A keessa jiran kan qoqqooduu barbaaddu fili. Faankishiniin kun akka hojjetuuf daataan tokko tokko galfamuu qaba.
4. ‘Text to Columns’ irratti cuqaasii kunis taabii ‘Data’ jalaa Garee ‘Data Tools’ keessa jira.
5. ‘Delimited’ kan jedhu filadhuu, sana booda ‘Next’ irratti cuqaasi.


Fakkeenya kana keessatti, ‘Delimiters’ kan jedhu keessaa ‘Space’ filadhu, sana ‘Next’ irratti cuqaasuun, gare ‘Finish’tti deemi.





Gorsa 4: Yeroo kuusdeetaa Excel kee uumtu ‘Filter’ (Calaltuu) daataa dabali, kunis kutaalee daataa murtaa’oo kuusaa daataa guddaa keessatti baasuuf ykn ilaaluuf fayyada.

‘Filter’ gashuuf, tarjaawwan keessan mata duree qabaachuu qabu. Matadure irratti cuqaasuun ajaja ‘Filter’ jedhu taabii ‘Data’ jalaa kan garee ‘sort & filter’ keessatti argamu irrati cuqaasii.



Gorsa 5: ‘Freeze Panes’ mata dureewwan gabatee keetii yeroo gara gadiitti deemtu agarsiisuuf gargaara. Ajajni kun yoo gara mirgaatti deemtu tarjaawwan murtaa’an yeroo mara akka mul’atu yoo barbaaddes ni fayyada. Keessattuu yeroo kuusaa daataa guddaa qabaatu‘windows’ ykn man’eewwan tursiisuuf gargaara. Ajajni Qaaqa Qabduu garee Foddaa keessatti caancala Mul’ata jalatti argama. Ajajni ‘Freeze Panes’taabii ‘View’ jalaa garee ‘Window’keessatti argama.

Adeemsa wal fakkaataa hordofuun ‘unfreeze panes’ yookan tarjaawwan yookan toora hidhaman gadhisisuuf ni gargaara.

Shaakala


Ajaja ‘Freeze Panes’ fayyadamuun toora gararraa (mata dureewwan) fi tarjaa duraa kusdaataa excel keessatti akka mul’ataa turu taasisuu.


2. Daataa Qulqulleessuu

Yeroo daataan walfakkaataan yeroo tokkoo ol galfame tarreewwan irra deebi'aman kuusdaataa keessaa baasuuf, ajajoota lama kunni gargaaruu

Gorsa 6: Jalqaba gatiiwwan irra deebi'amanmul'isuu dandeessa, kunis daataa osoo hin balleessin dura ilaaluu fi sakatta'uu akka dandeessuuf gargaara. Kun yoo deebii qorannoo tokkoon tokkoo isaaniif ID ykn koodii addaa qabaatte faayidaa qabaata. Ajaja 'Conditional Formatting' kan taabii 'Home' jalaa garee 'Styles' keessattiirrati cuqaasaa.


Fakkeenya





Yoo gatiiwwan irra deebi'aman jiraate, 'Excel' haalluu adda dibuun nu agarsisaa.


Ajaja 'Filter' fayyadamuun tarreewwan gatii irra deddeebi'aman qabuu 'Filter by Colour' ykn haalluu dhaan calaluu kan jedhuun adda baasuun ni danda'ama, keesumaa kuusdaataan kun daran guddaa yoo ta'e.




Gorsa 7: Erga daataa irra deebi'ame ilaaltee fi mirkaneessitee booda ajaja 'Remove Duplicates' fayyadamuun tarreewwan haquu dandeessa. Daataa kee erga filattee boodataabii 'Data' jalaatii garee 'Data Tools' keessaa 'Remove Duplicates' irratti cuqaasi. Kunis tarree guutuu daataa irra deebi'amee keessaa ni haqa.

Gorsa 8: Faankshinii TRIM fayyadamuun iddoowwan banaa irraa hafaa jiran balleessuu. Iddoowwan banaa jiran (jalqaba gatii tokkootti, walakkaa isaa irrattis ta'e dhuma isaa irrattis) akkaataa Excel deetaa itti argu irratti dhiibbaa uumuu fi xiinxala deetaa kee irratti dhiibbaa ni qabaata. Excel keessatti gatiiwwan "Plan International", " Plan International", "Plan International" fi "Plan International " hundi isaanii adda adda. Kun keessumaa yeroo daataa kee calaluu barbaaddu rakkisaadha.

Fakkeenya



Gorsa 9: Haala tokko tokko keessatti, man'eelee duwwaa kuusaa daataa kee keessatti dhiisuu hin barbaaddu ta'a. Keessattuu yoo kuusaa daataa guddaa qabaattee fi tokko tokkoon hojjechuu hin dandeenye ajaja 'Go To Special' fayyadamuun man'ee duwwaa barbaaduu fi guutuu dandeessa.



Ajajni 'Go To Special' 'Editing group' jalaa garee 'Find and Select' jalatti argama.

Man'eewwan duwwaa argachuuf, saanduqa diyaaloogii'Go to Special' jedhu keessa 'Blanks' kan jedhu

filanna. Excel'nis man'eewwan duwwaa jiran haalluu addaa dibuun nu agarsiisaa jechu dha.Gatii barbaadde man'ee duwwaa jalqabaa keessatti galchi sana booda man'ee duwwaa hafe gatii walfakkaataan guutuuf Ctrl + Enter irratti cuqaasi.


Akkasumas ajaja 'Go To Special' fayyadamuun salphaati dogoggoora formulaa keessa jiran argachuu dandeessa. Saanduqa diyaaloogii armaan dura agarsiifamee keessaa, 'Formula' kan jedhu irratti cuqaasuun, sana booda 'Errors' cinatti sanduqa xiqqaa jirtuu flachuu gaafata (kunis saanduqaawwan xixiqqoo kan biroo irraa mallattoo sororsuu cuqaasun kaasuu gaafata).

3. Xiinxala Daataa

Gorsa10: Daataa kee gabatee Excel keessatti erga qabattee, qulqullaa'ee fi xiinxaluuf qophaa'ee booda, 'Pivot Table' Excel keessaatii fayyadamuun xiinxala daataa salphaa fi wal xaxaa ta'e uumuun daataa dheedhii jiran keessaati paatarnii argachuu dandeessa. Gabateewwan piivootii gabatee qaxxaamuraa daataa uumuuf si dandeessisu; jechuunis, daataa (irra deddeebii, giddugaleessa fi kkf) jijjiiramoota ykn gosoota baay'inaan cuunfuun nuu kaa'uu.


'Pivot Table' uumuuf

Daataa xiinxaluu barbaaduu shiitii excel keessaa filachuun, taabii 'insert' jalaa, 'Pivot Table' kan jedhu irratti cuqaasi. Sana boodas 'Ok' yeroo filatamu shiitiin excel haaraan kan 'Pivot Table' qabu ni mul'ata.





	ID	Type of HH	Peak Income	Lean Income	Savings	Livelihood Activity	Income Y1	Income Y2
2	KS110	FHH	12000		2000	Agriculture	2,306	3,999
3	KS1100	MHH	28000	12000	16000	Agriculture	3,123	4,247
4	KS1101	FHH	6000	3200	5600	Agriculture	2,338	4,460
5	KS1102	FHH	2000		2400	Agriculture	3,256	3,653
6	KS1103	MHH	44000	32000	12800	Agriculture	3,124	4,811
7	KS1104	MHH	12000	8000	10000	Agriculture	2,281	3,322
8	KS1105	FHH	16000	8000	2800	Agriculture	2,393	5,208
9	KS1106	MHH	4800	4000	2000	Agriculture	2,848	4,937
10	KS1107	FHH	26000	10000	8400	Agriculture	3,613	4,089
11	KS1108	MHH	9600	8000	2400	Agriculture	2,994	3,887
12	KS1109	FHH	14400	9600	2400	Agriculture	3,243	4,241
13	KS111	MHH	23680	15600	2400	Agriculture	3,513	4,338
14	KS1110	FHH	4000		1200	Agriculture	2,633	4,013
15	KS1111	FHH	8000	2000	8000	Agriculture	2,660	5,131
16	KS1112	MHH	12000	8000	2800	Agriculture	2,990	4,181
17	KS1113	MHH	12000	5600	6400	Agriculture	3,753	3,689
18	KS1114	FHH	32000	16000	8000	Agriculture	2,744	4,259
19	KS1115	MHH	56000	44000	5600	Agriculture	3,022	4,168
20	KS1116	FHH	2400	1600	40000	Agriculture	2,908	4,947
21	KS1117	MHH	4800	3200	2800	Agriculture	2,701	4,974
22	KS1118	FHH	9000	6800	4000	Agriculture	2,322	3,961
23	KS1119	FHH	8000	2000	2800	Agriculture	3,406	5,183
24	KS112	MHH	15600		1600	Agriculture	2,570	4,527
25	KS1120	FHH	12000	800	2400	Agriculture	2,960	3,304
26	KS1121	MHH	18000	12000	2800	Agriculture	3,139	4,774
27	KS1122	MHH	4000	2000		Agriculture	3,636	4,476
28	KS1123	MHH	2000	800	2800	Agriculture	2,557	4,742
29	KS1124	FHH	2000	400	1400	Agriculture	3,770	4,830
30	KS1125	FHH	14400	9600	2600	Agriculture	2,624	3,840

Qaree (karsarii) kee gabatee piivootii irra kaa'iitii mirga cuqaasi. Filannoowwan Gabatee Piivootii fili.Qaree (karsarii) kee gabatee piivootii irra kaa'iitii mirga cuqaasi. Filannoowwan Gabatee Piivootii fili.



Taabii ‘Display’ filachuun, sanaan booda ‘Classic PivotTable layout’ filachuun sana booda ‘Ok’ irratti cuqaasaa.








Select Display tab, then ‘Classic PivotTable layout’ and then click OK.

‘Pivot Table’ hojjechuu kee dura, jalqaba odeeffannoo maaltu akka barbaachisu fi akkamitti akka agarsiifamu adda baasuu qabda. Gosa gabatee oomishuuf barbaaddu mul’isuun cimsee gorfama. Gabatee kee akkam akka fakkaatu erga beektee booda, jijjiiramoota Tarree fiildii ‘Pivott Tablee’ (golee gubbaa mirgaa) keessatti argaman gara ‘Pivot Table’ tti harkisuu dandeessa.

Akkasumas jijjiiramoota gara kutaalee ‘Filter’ Calaltuu, Tarjaa, Tarreewwanii fi Gatii kutaa tarree Filldiiwwan jala jiranitti harkisuu fi gadi dhiisuu akka dandeessu hubadhu. Jijjiiramoota harkisuu fi gadi dhiisuudhaan, ‘Pivot Table’ ofumaan gabaasawwan gabaabduu uuma. Yoo gabatee kee adda ta’ee akka mul’atu barbaadde jijjiiramaawwan (vairables) sosochoosuu dandeessa.


Drop Report Filter Fields Here
Drop Column Fields Here
Drop Value Fields Here
Type of HH
FHH
MHH
Grand Total
PivotTable Fields
Choose fields to add to report:
Search
ID
Name
Type of HH
Peak Income
Lean Income
Savings
Livelihood Activity
Income Y1
Income Y2
More Tables...
Drag fields between areas below:
Filters
Columns



Drop Report Filter Fields Here
Values
Type of HH
Sum of Peak Income
Sum of Lean Income
FHH
1220080
515320
MHH
3714920
1774760
Grand Total
4935000
2290080
PivotTable Fields
Choose fields to add to report:
Search
ID
Name
Type of HH
Peak Income
Lean Income
Savings
Income Y1
Income Y2
More Tables...
Filters
Columns
Rows
Values
Type of HH




Fakkeenya

Kuusaa daataa armaan olitti agarsiifameef, tarkaanfiiwwan armaan olii hordofuun gabatee piivootii erga uumnee booda galii giddugaleessaa fi guddaa (‘peak income’ fi ‘lean income’) gosa maatiitiin (Houshold – HH) tiin shallaguu barbaanna haa jennu.


Akaakuu HH’tiin gara fiildii Tarree gabatee piivootii keessatti harkisi.




1. Peak Income fi Lean Income gara ‘Value Box’(Sanduuqa Gatii) Armaan Gadiitti harkisi.



2. Hubadhu uumamaan, ‘pivot table’ kan inni agarsiisu ‘Sum of values’ Ida’ama Gatiiwwan) dha. Avereejii agarsiisuuf, tokkoon tokkoo fildii Gatii xiyya tarree (drop down) cuqaasiitii fiildiigatii cuqaasi, kana booda tarree kessaa ‘Average’ fili. Fiildii gatii lamaan kanaaf kanuma ham irra deebi’i.






Gabatachis kana fakkaata:

	Values	
Type of HH	**Average of Peak Income**	**Average of Lean Income**
FHH	10339.66102	5205.252525
MHH	18574.6	9291.937173
Grand Total	**15518.86792**	**7896.827586**

Gatii olaanaa ‘Maximum value’ gara fiildii kanaatti dabluuf, ammas ‘Peak Income’ and ‘Lean Income’ gara ‘Values’ fiildiitti harkisaa, dropdown arrow irratti cuqaasuun, Value Field Setting filadhaa, sana booda‘Max’ kan jedhuu tarreefama kessa filadhaa.Yeroo kanas gabatichi kan armaan gadii fakkaata.


	Values			
Type of HH	**Average of Peak Income**	**Average of Lean Income**	**Max of Peak Income**	**Max of Lean Income**
FHH	10339.66102	5205.252525	48000	18000
MHH	18574.6	9291.937173	175200	90000
Grand Total	**15518.86792**	**7896.827586**	**175200**	**90000**

Gorsa 11: Akkaataa gatiiwwan itti mul’atan lakkoofsa iddoowwan desimaalii hir’isuun foormaatii gochuu dandeenya, fakkeenyaaf, avireejiwwan gabatee armaan olii keessatti agarsiifamaniif. Daataa foormaatii gochuu barbaaddu filachuun, kana booda Taabii ‘Home’ irratti, garee Lakkoofsa jalatti, ajaja ‘Decrease Decimal’desimaalii hir’isi irra deddeebi’ii cuqaasi hanga iddoowwan desimaalii barbaadde qabaattutti.



Gorsa 12: yoo daataa gama pirooppoorshinii (dhibbeentaa) xiinxaluu barbaadde, gabateewwan piivootii baay'ee faayidaa qabu.

Gatii dhaabbataa (absoluutii) gara dhibbeentaatti jijjiiruuf, qaree (karsarii) gabatee piivootii (Pivot Table) irratti kaa'ii mirga cuqaasi, kana booda 'Show Value As' (gatii akkasitti agarsiisii)kan jedhu fili, isaan boodas akkaataa dhibbeentaawwan akka agarsiifaman barbaaddu fili fakkeenyaaf akka % of Parent Row Total(%Waliigala Tarree haadhoottii).



PILAAN INTARNAASHINAAL

Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaaan dhaabbata mirga shamarranii ti. Kaayyoon keenyas jireenya shamarran miliyoona 100 gutummaa adunyaatti argaman jijjiiruun kanaanis nageenyii isaanii kan eegame, kan baratan fi dinagdeen anga'an gochuun addunyaa caalmaatit wal qixummaan keessatti mirkanaa'ee uumuu dha. Kanaafis danqaawwan shamarran fi dubartootni dargaggeeyyiin dandeetti isaanii gutummaatti akka hin fayyadamne taasisan qulqulleessaa jirra.

Bara 1995 A.L.A irraa eegalee Pilaan Intarnaashinaal shamarran, dubartootni dargaggeeyyi, fi michootni isaanii mirga fi egeree isaaniif akka dhaadheessan gargaaruuf Itiyoophiyaa keessatti hojjechaa turera. Dhimmootni dhaabbatichi dursa keennuufis loogii shamarran irratti raawwatamuf sababoota hundee ta'an akka furamaniif daa'imman fi dargaggoota deggeruu, fi sadarkaa bulchiinsa gad aanaa irraa hanga biyyaattis jijjiirama imaammataa fi hojmaata adeemsisuu dha. Hojiin pirograamoota keenyaas, danqaawwanii fi hariroo angoo wal qixa hin taanee kan saxilamummaa dargaggootaaf sababa hundee ta'an kan furani dha. Hojii keenyaafis maloota adda aaddaa fayyadamna. Kunneenis, hirmaannaa hawwaasaa; dhiiroota dargaggeeyyi fi ijoollee wajjin hojjechuu; gahee hirmaannaa dargaggootaa guddisuu; dandeettii qooda fudhattootaa ijaaruu; akkasumas sadarkaa dhaabbileetti jijjiirama imaammataa dhaadheessuu dha.

Pilaan Intarnaashinaaliin Itiyoophiyaa keessatti hojii bal'aa kan qabu yoo ta'u, naannoowwan Oromiyaa, Amaaraa, Kibba Itiyoophiyaa, Gaambeellaa, Beenishaangul Gumuz, Affaar, fi Magaalaa Finfinnee dabalatee naannolee 11 keessatti hojjeta. Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaan Rakkoo Kaaba Itiyoophiyaatti mudateef deebii kennuuf waajjira isaa Tigraayitti hundeessees hojetaa jira.

Pilaan Intarnaashinaal Itiyoophiyaa
Teessoon Waajjira Muummee
Kutaa Bulchiinsa Magaalaa Qiirqoos; Kompleksii
Ziquwaalaa dudduuba Riil Isteetii Adaamaa irra
L.S.P 5696 Finfinnee, Itiyoophiyaa
L.B. 251-115571916

/planinternationalethiopia
/planethiopia
@planethiopia